# XIINXALA QABIYYEEFI ITTI FAYYADAMA QORICHA AADAA AANAA JIBAAT

**ASHANNAAFII XILAAHUN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**
**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**ADDIS ABABAA**

# XIINXALA QABIYYEE FI ITTI FAYYADAMA QORICHA AADAA AANAA JIBAAT

**ASHANNAAFII XILAAHUN**

**GORSAAN: DR. DASTAA DASSAALANY**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA(MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIHAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA, 2011/2019**

**ADDIS ABABAA**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Ashannaafii Xilaahuniin, Mata-Duree: Xiinxala Qabiyyeefi Itti Fayyadama Qoricha Aadaa Aanaa Jibaat Irratti Qophaa’e, Sadarkaa Yuunivarsiitiin Kaa’e Guuteera.

Koree Qormaataa

| | | |
|---|---|---|
| ______________________ | ______________ | ______________ |
| Qoraa Alaa | Mallattoo | Guyyaa |
| ______________________ | ______________ | ______________ |
| Qoraa Keessaa | Mallaattoo | Guyyaa |
| ______________________ | ______________ | ______________ |
| Gorsaa | Mallattoo | Guyyaa |

---

Itti Gaafatamaa Muummee Ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'u isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hin dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee,wabii keessattis kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ___________________________________________________________

Mallattoo ___________________________

Guyyaa ____________________________

# Axareera

*Qorannoon kun, qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa haala qabatamaa aanaa Jibaat keessatti mul'atu xiinxaluurratti xiyyeeffata.Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa,qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa aanaa jibaat xiinxaluudha.Ka'umsi qorannichaas:dhimma qoricha aadaa ilaalchisee gochaafi jechaan dhalootatti darba malee,barreeffamee hin teenye;waanti afaaniin darbu ammoo,ni dagatama.Kan biroon, akka amman sakatta'ee argetti aanichaatti qorannoon kan hin gaggeeffamneefi namoonni baay'een durii kaasanii qoricha kennaafi fudhataa yeroo turan ani waanan argaa guddadheef qorachuuf fedha godhate. Yaaxxinni qorannoon kun bu'ureeffates: yaaxxina aadaa hawaasaa fi yaaxxina faayidaati. Malli qorannoo kaanaas mala qorannoo akkamtaa/qulqullinaati. Kunis jiruufi jireenyi hawaasaa maal jechuu akka ta'e,kan ittiin xiinxalamu waan ta'eef,ani mala kana fayyadamuudhaan mala qorannoo addeessaa hojiirra oolche.Xiyyeeffannoon qorannoo kanaas,aadaa hawaasaarratti.Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti qabiyyeefi faayidaa qorichi aadaa qabu, waantota qorichi aadaa irraa qophaa'u,akkamitti akka qophaa'u , guyyaafi sa'aatii itti qophaa'u, eenyutu akka qopheessu, babal'achuun manneen yaalaa qabiyyeefi itti faayyadama qoricha aadaa irratti akkamitti akka waldeeggaruu qaban, ofeeggannoo yeroo qorichi aadaa kennamu taasifamuufi safara qorichi aadaa ittiin kennamu xiinxaluu irratti xiyyeeffatee dhiyaate. Odeefkennitoonni qorannichaaf ta'anus mala iddattoo itti yaadee/purposive sampling/ fi mala iddattoo darbaadabarsaa/snow bolling/tiin filatamaniiru. Odeeffannoon kunis namoota qoricha aadaa beekanirraa afgaaffii, daawwannaafi marii gareetiin kan funaaname yoo ta'u, warra qoricha kanatti fayyadamanii ittiin fayyan ammoo, marii gareefi afgaaffiidhaan funaanameera. Haaluma kanaan, qabiyyee fi itti faayyadama qorichi aadaa qabutti dabalee waantota qorichoonni aadaa irraa qophaa'an, akkaataa ittiin qophaa'anii dhukkubsataaf kennamaniif irratti hundaa'uun bakka garagaraatti qoodamanii taa'aniiru. Qophii qoricha aadaarratti waantonni ogeessi qoricha aadaa hojjetuufi dhukkubsattoonni qoricha aadaa fudhatan irraa ofeeguu qaban ibsameera. Kanaafuu, faayidaa qorichi aadaa gama dinagdeetiin, siyaasaafi hawaasummaatiin qabu bakka torbatti qoodamee dhiyaateera. Qorichi aadaa guyyoota torbanii keessaa irra caalaa guyyaa: Wiixataa, Roobiifi Jimaataa qophaa'a. Sababni isaas, waraqaa kana keessatti dhiyaateera. Qabiyyeen qoricha aadaa ykn waantonni qorichi aadaa irraa hojjetaman waantota gurguddoo shan ta'uusaa argannoo keessatti ibsamee jira.Karaa biraatiinis, waantonni adeemsa qophii qoricha aadaa keessatti keessa darbaman sababa isaa wajjin waan ibsamaniif qoricha aadaa dhukkuba fayyisuun alatti falaasama hawaasichaa ta'uu isaa agarsiisa. Qoricha aadaa kana akka gara fuula duraatti sirriitti tajaajilu taasisuuf namoonni qoricha aadaa qopheessanis ta'e,qaamni mootummaa dhimma kanarratti akka qorannoon gadifageenyaan geggeeffamuufi qorichi ammayyaa irraa oomishamu sochii cimaa taasisuu qabu.Walumaagalatti waantonni QA irraa hojjetaman ykn qabiyyeen isaa waantota gurguddoo shanirraa hojjetama;faayidaan QA bakka gurguddaa torbatti qoodama;yoomessi QA fi namoonni QA qopheessan eenyu akka ta'an argannoo keessatti ibsameera. Akkaataadhuma kanaan,namoonni QA beekanu akka hin banne kunuunsuu qabu;namoonni QA qopheessan sa'aatii qorichi kun itti qophaa'uufi itti kennamu akkasumas,safara isaa adda baasanii akka baran ykn ijoollee isaanii barsiisan;karaa mootummaa namoota QA beekanii leenjiin jajjabinaa osoo kennameefii;akkuma qoricha ammayyaa QA hangi(dosage) osoo sirriitti baramee kan jedhu yaboo keessatti dhiyaateera.*

## Galata

Adeemsa qorannoo kootii jalqabaa kaasee hanga xumuraatti bilbilaan, iimeeliidhaan,qaamaan dhufee yoon gaafadhe yeroo saanii haarsaa gochuun gorsa karaa milkaa'ina qorannoo kanaatti nafidan nuffii tokko malee gorsa hayyummaafi sabboonummaa natti gadidhiisuun na cina dhaabbatan akkasumas, gorsa qorannootiin alattillee amala gaarii, obsaafi hojii gaarii kanan irraa baradhe gorsaa koo Dr.Dastaa Dassaalanyiif galannin ani qabu olaanaadha;umurii dheeradhaan jedhaan.

Akkasumas, abbaa koo utuu ofiif hinbaratiin qotaa, qoonfaraa, haala rakkisaa keessa taa'anii anaaf haala mijataa uumuun kanaan naga'an obbo Xilaahun Tasfaa baga gammadde jedhaan. Haadha koo aaddee Buzunesh Geetaahun yeroon ani baradhu warqee gurrashiitii baastee gurgurtee, hojii humnaa hojjettee kan ittiin nabarsiifte umuriinkee naaf haadheeratu, galanni kee dachaadhan jedhaan.

Dabalataanis, firiin qorannoo kanaa akka milkaa'u haalduree barbaachisan guutuudhaan, humna kan naaf ta'an: ijoollee koo Bilisummaafi Dureettii Ashannaafii, mucaa obboleettii kootii Tigistee Biraanuu ijoollee haati irra hinjirre kanneen akka haadhaatti naaf qabdee kan na hojjechiifte galata guddaan qabaaf. Itti aansuun meeshaalee waraabbii /kaameeraa naaf ergisuun kan nagargaarte itti gaafatamtuu waajjira dhimma dubartootaafi daa'immanii aanaa Jibaat aaddee Masarat Mogos baay'een galateeffadha. Obboo Waaqgaarii Raggaasaa, obbo Hindabuu Dhaabasaa, obbo Lammeessaa Nagaasaa, Obboo Indaalee Guuttataa , Aaddee Xurunesh Mihiretuufi namoota odeeffannoo naaf kennitan hunda deeggarsa isaan naaf taasisaniif galanni koo daangaa hin qabu.

Dhumarrattis, namoonni kallattii adda addaan qorannoo kana keessatti deeggarsa taasistan hundi,namoonni yeroo keessaan haarsaa gochuun raagaa barbaachisaa naaf kennitan; hoggansiifi ogeeyyiin sona aadaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaa jibaat odeeffannoo naa kennuudhaan amma haala mijeessuutti tumsi milkaa'ina qorannichaaf taasiftan olaanaa waan ta'eef galannin isiniif qabu guddaadha.

# Hiika Jechootaa, Gabaajeefi kottoonfii

## Hiika Jechoota Afaan Oromoo Gara Afaan Ingiliiziitti

Jechoonniifi gaaleewwan asii gaditti tarreeffamanii jiran qorannoo kana keessatti bakka garagaraa galanii jiru. Isaanis qorannicha keessatti Afaan Ingiliizii irraa gara Afaan Oromootti waan jijjiiramaniif akka nama waraqaa kana dubbisu hin rakkisneef, hiikni isaanii Afaan Ingiliiziitiin kennamee jira.

| **Afaan Oromoo** | **Afaan Ingiliizii** |
|---|---|
| Af-gaaffii | Interview |
| Akkamtaa | Qualitative method |
| Aloola | Field work |
| Axareeraa | Abstract |
| Deeb kennitoota | Respondents |
| Duudhaa | Custom |
| Falasama | philosophy |
| Iddattoo | Sample |
| Iddattoo darbaadabarsaa /eerummaa | Snowball sampling technique |
| Iddattoo itti yaadee | Purposive sampling |
| Marii garee | Group discussion |
| Odeef kennitoota | Informants |
| Qorannoo aadaa hawaasaa | Ethnographic research |
| Qorannoo addeessaa | Descriptive research |
| Qorannoo qulqullinaa/akkamtaa | Qualitative research |
| Qoricha aadaa | Traditional medicine/folk medicine |
| Qoricha ammayyaa | Modern medicine |
| Xiinxala | Analysise |
| Yaad-rimee | Concept |

## Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Afaanichumaan

Jechoonniifi gaaleewwan asii gaditti tarreeffamanii jiran qorannoo kana keessatti bakka garagaraa galanii jiru. Isaanis qorannicha keessatti Afaan Oromoo Afaanichumaan waan hiikamaniif akka nama waraqaa kana dubbisu hin rakkisneef, hiikni isaanii Afaanichumaan kennamee jira.

| | |
|---|---|
| Af-gaaffii | Gaaffii afaanii |
| Akkamtaa | Qulqullina |
| Aloola | Hojii dirree |
| Beekumtaa/beek-namoota | Fookloorii |
| Boojitoo | Muka marqaan sochoosan |
| Dawaa | Qoricha |
| Eerummaa | Darbaadabarsa |
| Finna | Ilmoo/dhaloota |
| Guyyuu | Guyyaa guyyaa |
| Haayyuu | Beekaa |
| Hambaalee | Haftee/waantota durii |
| Hariiroo | Walitti dhufeenyaa |
| Irraawwatamtoota | Kan gochi irratti raawwatamu |
| Itti fayyadama | Faayidaa isaa akkamitti akka itti gargaaraman/itti gargaarama |
| Jaaloo | Caabii/okkotee marqaa kan supheerraa hojjetamu |
| Killa | Gabatee mukaa xiqqoo bunaqalaa itti nyaatan |
| Mooyyee | Kab bunaafi QA itti tuman |
| Odeef-kennitoota | Namoota odeeffannoon irraa funaanamu/raag-kennitoota |
| Qabiyyee QA | Waantota qorichi aadaa irraa hojjetaman/qophiin QA maalirraa akka ta’e, maal of keessatti qabataa kan jedhudha/maalummaa QA |
| Qorannoo qulqullinaa | Lakkoofsaan osoo hin taane kan ibsamu |
| Yoomessa | Yoomiifi eessa |

**Ibsa Gabaajeewwaniifi kottoonfiiwwanii**

Gabaajeewwaniifi kottoonfii asiin gaditti tarreeffaman qorannoo kana keessatti bakka adda addaatti waan argamaniif qaama waraqaa kana dubbisu akka hin rakkisne jechootaafi gaaleewwan isaan bakka bu'an wajjin tarreeffamanii dhiyaataniiru.

| | |
|---|---|
| A.L.I. | Akka Lakkoofsa Itoophiyaatti |
| Dha | Dhalaa |
| Dhi | Dhiira |
| Fkn | Fakkeenyaaf |
| H/motummaa | Hojjetaa mootummaa |
| Kkf . | Kan kanaafi kana fakkaatan |
| Q/bulaa | Qonnaan bulaa |
| QA | Qoricha aadaa |
| T/L | Tartiiba lakkoofsaa |
| TCM | Traditional Chines medicine |
| WHO | World Health Organization |
| Wkf | Waan kana fakkaatan |
| Ykn | Yookiin |

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axareera....................i
Galata....................ii
Hiikaa Jechootaa, Gabaajeefi kottoonfii....................iii
Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Gara Afaan Ingiiziitti....................iii
Hiika Jechootaa Afaan Oromoo Afaanichumaan....................iv
Ibsa Gabaajeewwaniifi kottoonfiiwwanii....................v
Baafata....................vi
BOQONNAA TOKKO....................1
1. Seensa....................1
1.1 Seenduuba....................1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa....................5
1.3. Kaayyoo Qorannichaa....................6
1.3.1. Kaayyoo Gooroo....................6
1.3.2. Kaayyoo Gooree....................6
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa....................7
1.5 Daangaa Qorannichaa/ Mata Duree Fi Bakka Qorannichaa Daangessuu....................7
1.6 Hanqina Qorannichaa....................8
1.7 Odeeffannoo Waliigalaa Bakka Qorannoon Itti Adeemsifamee....................8
1.7.1 Haala Teessuma Lafaa fi Qilleensaa Aanaa Jibaat....................9
1.7.2. Haala Diinagdee Aanichaa....................9
1.7.3. Baay'ina Uummata Aanichaa....................10
1.7.4 Akaakuuwwan Aadaa Aanaa Jibaat....................10
1.7.4.1 Sirna Gadaa....................10
1.7.4.2 Ateetee....................10
1.7.4.3 Sirna Irreechaa....................11
1.7.4.4 Gumaa Baasuu....................12
1.7.4.5 Walgargaarsa....................13
1.7.4.6 Fuudhaaf Heerumaa....................13

1.7.4.7 Aadaa nyaataa fi dhugaatii ....................................................................................14
1.7.4.8 Meeshaalee Aadaa ...........................................................................................14
1.7.5 Seenaa aanaa Jibaat ..........................................................................................15
BOQONNAA LAMA ...................................................................................................21
2. Sakatta'a Barruu........................................................................................................21
Seensa..........................................................................................................................21
2.1 Yaadrimee Dhimmoota Qorannoo Kanaan Hidhata Qabanii ..................................21
2.1.1 Akaakuu Fookloorii ..........................................................................................22
2.1.2 Qoricha Aadaa ...................................................................................................24
2.1.2.1 Wantoota Qorichi Aadaa Irraa Hojjetamu .....................................................29
2.1.2.2 Guyyaa Ykn Sa'aatii Qorichi Aadaa Itti Qopheeffamu ...................................29
2.1.2.3 Namoota Qoricha Aadaa Hojjechuu Danda'an................................................30
2.1.2. 4 Akkaataa Qorichi Aadaa Itti Kennamu .........................................................31
2.1.2.5 Qoricha aadaa Itti Fufsiisuuf Waantota Hojjetamuu Qaban ............................31
2.1.3 Seenaa Qoricha Aadaa ......................................................................................32
2.1.3.1 Qoricha aadaa Ameerikaa .............................................................................33
2.1.3.2 Qorichaa Aadaa Biyya Chaayinaa .................................................................35
2.1.3.3 Qorica Aadaa Afrikaa ....................................................................................36
2.1.3.4 Qoricha Aadaa Biyya Aawurooppaa ..............................................................37
2.1.3.5 Qoricha Aadaa Biyya Itoophiyaa ..................................................................38
2.1.4 Faayidaa Qoricha Aadaa ....................................................................................40
2.2 Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate .........................................................44
2.2.1 Yaaxxina Aadaa Hawaasaa ...............................................................................45
2.2.2 Yaaxxina Faayidaa .............................................................................................45
2.3 Sakatta'a Qorannoowwan Walfakkii .....................................................................46
BOQONNAA SADII……………………………………………………………… ....................48
3. Mala Qorannoo .........................................................................................................48
3.1 Irraawwatamtoota....................................................................................................49
3.2 Filannaa Iddoo Qorannichaa ..................................................................................49
3.3 Mala Filannaa Iddattoofi Hirmaattota Qorannichaa...............................................49

3.3.1 Mala Iddattoo Itti Yaadee/Akkayyoo....49
3.3.2 Mala Eerummaa / Darbaa Dabarsaa/ .... 50
3.4 Maloota Odeeffannoon Ittiin Sassaabaman....50
3.4.1 Af-gaaffii.... 51
3.4.2 Marii Garee .... 52
3.4.3 Daawwannaa .... 52
3.5 Meeshaalee Funaansa Raagaalee ....53
3.6 Muuxannoo Hojii Aloolaarraa Argame ....53
3.7 Naamusa Qorannoo....53
3.8 Mala Xiinxala Ragaawwanii....54
BOQONNAA AFUR....55
4. Xiinxala Odeeffannoo....55
Seensa....55
4.1 Haala Waliigala Qoricha Aadaa....55
4.1.1 Qorichoonni Aadaa Aanaa Jibaat Waan Irraa Qophaa'an....56
4.1.2 Gosoota Qoricha Aadaa....62
4.1.2.1 Qoricha Aadaa Biqilootarraa Hojjetaman....63
4.1.2.2 Qorichoota Aadaa Bineensotarraa Qophaa'an....67
4.1.2.3 Qorichoota Aadaa Dammarraa Qophaa'an....70
4.1.2.4 Qoricha Aadaa Biyyoorraa Qophaa'u....70
4.1.2.5 Qoricha Aadaa Bishaanirraa Qophaa'u ....70
4.1.3 Namoota Dhukkubsatanii Qoricha Aadaa Fudhatanii Faayyan ....71
4.1.4 Faayidaa Qorichi Aadaa Hawaasa Aanaa Jibaatiif Qabu ....72
4.1.5 Guyyaa, Sa'aatiifi Waktii Qorichi Aadaa Itti Qophaa'u ....76
4.1.6 Hanga Qorichi Aadaa ittiin Kennamu ....79
4.1.7 Ofeegganoo Yeroo Qorichi Aadaa Kennamu Taasifamu....82
4.1.8 Namoota Qoricha Aadaa Qopheessan ....85
4.1.9 Babal'achuu Manneen Yaalaafi itti Fayyadama Qoricha Aadaa....87

4.1.10 Qoricha Aadaa Kunuunsuuf Waan Ta’uu Qabu ....................................................88
4.1.11 Amantiifi Qoricha Aadaa-....................................................................................90
4.1.12 Meeshaalee Qorichi Aadaa Itti Qophaa’u.............................................................92
BOQONNAA SHAN… ...........................................................................................93
5. Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.......................................................................................93
5.1 Cuunfaa ...................................................................................................................93
5.2 Argannoo..................................................................................................................93
5.3 Yaboo .......................................................................................................................97
Wabiilee.........................................................................................................................99
DABALEE ...................................................................................................................102

## Ibsa Suuraalee

**Fuula**

Suura 1 : Yeroo Irreechi Arfaasaa Aanaa Jibaat abbootii gadaafi maanguddootaan Tulluu Jibaat irratti gaggeeffamu qorataadhaan Ebla 27/2011 waraabame agarsiisu. ....12
Suuraa 2: Sirna Gumaa muruu (Ganda Ichaa Dikaa) Aadaafi Turizimii Aanaa Jibaatirraa kan fudhatame. ....13
Suuraa 3: Nyaatafi dhugaatii aadaa aanaa jibaat aadaafi turizimii aanichaatii fudhatame. 14
Suuraa 4: Meeshaaa adaa aanaa jibaat aadaafi turizimii aanichaatii fudhatame. ....15
Suuraa 5 : Laaftoo Liiban bakka jaarsummaan gumaa itti dubbatamu Aadaa fi Tuurizimii aanaa jibaatii fudhatame. ....18
Suuraa 6 : Kaartaa Aanaa Jibaat waajjira aadaafi tuurizimii aanichaatii fudhatame…… 19
Suuraa 7: Bakkeewwan hawwatoofi mana qaalluu aadaafi Turizimii aanichaatii fudhatamani. ....20
Suuraa 8: toora interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine irraa qorataan fudhatame. ....34
Suuraa 9 :toora interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine irraa qorataan fudhatame. ....35
Suuraa 10: Qoricha aadaa biyya Chaayina gabaatti baasanii gurguratаa jiranu toora interneetii https://nccih.nih.gov/health/whatiscam/chinesemed.htm#hed2 kanarraa qorataan fudhatame. ....36
Suuraa 11 :Toora intarneetii https://www.afro.who.int/sites/default/files/2017-06/ahm-special-issue-14.Irraa qorataadhaan fudhatame. ....37
Suuraa 12: Tooraintarneetii https://www.ncbi.nlm.nih.gov/pmc/articles/PMC2206239/ Irraa qorataadhaan kanfudhatame. ....38
Suuraa 13 : Toora interneetii https://ethnomed.org/clinical/pharmacy/ethiopian-herb-drug-interactions irraa qoricha aadaa biyya Itoophiyaa qorataadhaan fudhatame. ....39
Suuraa 14: bofa summii qabu.Toora interneetiihttps://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-44249361 irraa qorataankan fudhatame. ....44

Suuraa 15: Gaafa guyyaa (18/08/2011) Obbo Biraanuu Maammoo waliin af-gaaffiifi daawwannaan yoo taasifamu biqiloota qorichummaaf oolan kanneen akka: bakkanniisaa, andoodeefi qomonyoo yeroo na agarsiisan. ........................... 59

Suuraa 16: Gaafa guyyaa, (25/08/2011) Obbo Hayiluu Tuujjessaa waliin af-gaaffiin yoo taasifamu. ..........................................................................................60

Suuraa 17 :Af-gaaffii, marii gareefi daawwannaan gaafa guyyaa, (03/09/2011 A.L.I.) aaddee Taliilee Sirnaa fi Obbo Shoogoo Sirnaatiif qorataan taasifameefi boombii gammoojjii fi qola bakkanniisaa qoricha saree maraattee yeroo natty agarsiisan. ..........................................................................................61

Suuraa 18 :Af-gaaffiifi daawwnnaa gaafa guyyaa, (17/09/2011 A.L.I.) Obbo Shallamaa Gobbuu Teessisaa waliin qorataadhaan taasifame qoricha bofaa,mar'ataafi buutii akkasumas kan hooqxoo/sibijjii yeroon daawwadhu. ...........................63

Suuraa 19: Af-gaaffiifi daawwannaan gaafa guyyaa (08/09/2011 A.L.I. Obbo Xilaahun Tasfaa waliin taasifame. Biqiloota qorichummaaf oolan kan akka: sariitii, kalaalaa, hiddii waraabessaa, hundee abashurreefi qullubbii waraabessaa yeroon daawwadhu. ..........................................................................65

Suuraa 20: Af-gaaffiifi daawwannaadhaan qorichoota gosa adda addaa biqilootarraa dalagaman Obbo Goshuu Iddoo fiMokannin Iddoorraa gaafa guyyaa 10/09/2011 qorataadhaan fudhatame. Qorichoota akka: harmaguusaa, eebbaamaaracaa, baaltumee, dil'uu lafaafi ludata yeroon daawwadhu. ..........66

Suuraa 21: Obboo Shallamaa Gobbuu Teessoo,Aaddee Gaaddisee Raggaasaa, Aaddee Alamii Araarsoo Faaree, Obboo Katamaa Geetaahuun Asanaa,(17/09/2011) gareen ta'anii waa'ee qoricha bofaa fi raammoo loonii yeroo qorataatti qabatamaan agarsiisan. ......................................................................69

Suuraa 22 : Obboo Dheeressaa Mirkanaa gaafa guyyaa 07/09/2011 A.L.I yeroo af-gaaffiifi daawwannaa qorataan taasisuuf.Qoricha hadhaa yeroo natti agarsiisan. ..........................................................................................77

Suuraa 23: Obboo Lammeessaa Nagaasaa Kabaashee 14/09/2011 A.L.I. af-gaaffiifi daawwannaan yeroo taasifamuuf. Qoricha simbiraa yeroon daawwadhu. ..79

# BOQONNAA TOKKO

# 1. SEENSA

## 1.1 Seenduuba

Xiinxal Qabiyyeefi Itti Fayyadama Qoricha Aadaa Aanaa Jibaat ilaalchisee

Ummanni Oromoo hambaalee adda addaa fookiloorii Oromoo jalatti ibsamaniifi eenyummaa, amantii, beekumsa, qaroominaafi falaasama isaa ibsan, kanneen dhalootaa dhalootatti gochaafi jechaan dabarsaa tureefi dabarsaa jiru hedduu qaba. Hambaalee adda addaa fookiloorii Oromoo ibsan kanniin keessaa ammoo kanneen akka sirna gadaa, fuudhaafi heeruma, dhahaa, qoricha aadaafi kkf walitti dhufeenya cimaa qabaniifi tokko kaan malee qofaatti beekumsa, amantii, falaasamaafi qaroomina ummata Oromoo ibsuun rakkisu eeruun nidanda’ama.Hariiroo qabaachuu hambaalee Oromoo fookloorii Oromoon beekumsi, amantiin, qaroominniifi falaasamni Oromoo ibsaman qaban keessaa tokko qoricha aadaati.

Fooklooriin jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan calaqqisiisudha. Innis, afaaniin ykn barreeffamaan dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Kana ilaalchisee Fileen, (2016:30) yaada armaan gadii barreesse:

> *Fookloorii/ beekumtaan beekumsa uummanni/hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa moo’achuuf, too’achuuf, fala itti barbaaduudhaaf,waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaa fi falaasama isaa itti fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa ,meeshaa aadaatiifi afoolaan karaa ittiin waliif dabarsuu ykn hawaasa biroof ittiin beeksisuuf itti fayyadamudha.*

Akka yaada armaan oliitti fooklooriin beekumsa hawaasni ofiisaatii uummatee gareedhaan jiruufi jireenya isaa ittiin gaggeeffachuuf adeemsa keessa nafeeffatee, karaalee adda addaatiin dhaloota fuuldurasaa jiruuf dabarsaa deemudha.

ሰለሞን ተሾመ ፤ (2007:57) Rechard Dorsen (1972) wabeeffachuun gooroowwan fookloorii afuritti qoodeera:" ስነቃል (oral literature) ፤ቁሳዊ (material culture) ፤ማህበረሰባዊ ልማድ (social folk custom) ፤ ማህበረሰባዊ ጥበብ (social folk art*)"*jechuun qoodeera.

Gooroowwan fookloorii keessaa kan qorannoon kun irratti xiyyeeffatu duudhaa hawaasaa (social folk custom*)* ti. Sababni isaas qorichi aadaa duudhaa hawaasaa jalatti kan argamu waan ta'eefidha. Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baay'ee walitti dhiyaata. Dorson (1972:3) akka jedhetti: "Social folk custom is the emphasis on group inter action rather than on individual skills and performances." jedha. Akka yaada armaan oliitti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaa irra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareerratti.

Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Duudhaa hawaasaa kana keessatti kanneen ramadaman: kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa, waaqeffannaa fi guddina sadarkaa (kabaja) namaati. Qorannoo kana keessatti kan qoratame qoricha aadaa (folk medicine) dha.

Qorichi aadaa (folk medicine) hiddaa mukkeenii, baala mukkeenii, qola mukkeenii, ija mukkeenii, damma adda addaa, lafee, foon bineensotaa, fiincaan bineensotaafi kkf irraa ogeessonni qopheessan hawaasa keessa nijiru. Kunis mala aadaatiin ogeessota qoricha aadaan rakkoolee fayyaa namaa miidhaniif kan furmaanni itti kennamudha. Qorichi aadaa adda addaa dhibee fayyisuu danda'anis adda baasanii beekuu danda'u. Qorannoo kana keessatti kan xiyyeeffannoon itti kenname qoricha aadaa hiddaa mukkeenii, baala mukkeenii, qola mukkeenii, ija mukkeenii, damma adda addaa, lafee, foon bineensotaa, fiincaan bineensotaafi kkf irraa dalagamaniidha. Qorichoonni aadaa biqilootarraa fi bineensota adda addaarraa dalagaman ogeessota qoricha aadaatiin ija, hidda, dhangala'oo, qolaafi baala mukkeenii fi bineensota adda addaarraa dalagamuun rakkoo fayyaa namaa ykn bineensota mudatuuf kan furmaata ta'uu danda'udha.

Dhalli namaas ta'e beelladoonni fayyaa qabaachuun isaanii baay'ee murteessaadha. Namni tokko bara jireenya isaa keessatti fayyaa yoo qabaate akka barbaadetti socho'ee jiruufi jireenya isaa gaggeeffata. Sochii guyyuu taasisu kana keessatti yoo dhibeen isaa fi beellada isaa mudate

ofiif fayyuufi beellada isaa fayyifachuuf fala barbaada. Haalli kun immoo garaagarummaa yeroo baay'ee jireenya dhala namaa keessatti mul'atu kan uumu keessaa isa tokko ta'uu nidanda'a. Garaagarummaan kunis kan ibsamu bifa garaagaraatiin ta'uun isaa beekamaadha. Isaanis, carraaqqii jiruufi jireenya isaa guyyuu mo'achuuf taasisu keessatti bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee seenaa, duudhaa, falaasamaafi ogummaa mataa isaatii uummata. Haaluma kanaan, adeemsa yeroo dheeraa kana keessa darbuun kan hawaasni bira ga'u keessaa tokko ammoo qoricha aadaa hawaasni tokko ofii fi beellada isaatiif qopheeffatee itti dhimma ba'u ta'uu nidanda'a. Addunyaa kana irratti dhalli namaas ta'ee, beelladni yoo dhukkubaan qabaman dhukkuba ittiin qabaman sanarraa fayyuuf ykn otoo dhukkubaan hin qabamiin dhukkuba ofirraa fi beelladoota irraa ittisuuf qoricha aadaa garagaraa fayyadama Pankhurst, (1965:102) Fkn. Sareen maraatuun yoo nama ykn beellada ciniinte akka namni ykn horiin sun dhukkubichaan hin qabamne ykn hin duune qorichatu kennamaaf. Qorichoota kennaman kanneen keessaas qorichi aadaa (folk medicine) isa tokkoofi kan dhalli namaa qarshii baay'ee otoo itti hin baasiin naannoodhuma jireenya isaatti qopheeffachuun ofii fi beellada isaa fayyisuuf itti fayyadamudha.

Akka aadaa ummattoota Afrikaa hedduutti namni tokko yoo fayyaa qabaate, namichi sun akka Waaqa isa uume waliin hariiroo gaarii qabaatetti ilaalama; yoo dhukkubsataa ykn dhibamaa ta'e garuu, Waaqa isaa waliin akka hariiroo cimaa hinqabneetti lakkaawwama. Watson, (1984:78) Akka yaada haayyuu kanaatti dhibeewwan iddoo gurguddoo sadiitti qoodamuu danda'u. Isaanis: dhibee qaama keenya alaa miidhan, dhibee qaama keessaa fi dhibee sababii cubbuu hojjechuun dhala namaatiin dhufan akka ta'an ibsa. Dhugaan naannoo keenyattis ta'e addunyaa keessa jiraannu kana keessatti mul'atus dhugaa kanarraa kan fagaatu miti. Dhukkuboota karaa garagaraa dhala namaa qaban kana ammoo mana yaalaa deemee qoricha ammayyaa fudhachuu qofa osoo hintaane qoricha aadaa garagaraa dhalli namaa muuxannoo yeroo dheeraa keessa bira ga'een ofirraa ittisuun nidanda'ama. Qorichi kunis kan argame adeemsa dhalli namaa jiruufi jireenya isaa mo'achuuf yeroo dheeraaf taasisaa ture keessumattuu dhukkubarraa fayyuuf carraaqaa tureen kan argamedha. Ahmed, (1983:20). Kanaafuu, qorichi aadaa dhukkubarraa nama ykn beellada fayyisu tokko akka tasaa kan argamu otoo hintaane yaalii keessa kan argamudha. Itoophiyaa keessattis qorichi aadaa yoomirraa eegalee tajaajiluu akka

jalqabe ragaaleen barreeffamaa yoo dhabaman iyyuu naannoo jaarraa 15ffaa ta'uun isaa hin hafu. Fekadu, (2001:19).

Haaluma kanaan, ilmi namaa jireenya isaa keessatti rakkoon yoo isa mudate gara uumaa isaa ilaala. Adeemsa kana keessa yaalii yeroo dheeraatiin booda biqiloota dhukkubarraa nama fayyisaniifi miidhan addaan baafatee bara kam akka dhufe hayyuun kun itti dabalee ibseera.

Dabalataanis Abraraw, (1998: 20) fi Teshome, (2005:32) waa'ee fayyisuu qoricha aadaa yoo ibsan: qorichi aadaa hawaasa biyyoota guddataa jiran keessa jiraatu, dhala namaa dhibee adda addaa irraa fayyisa jedhu. Akka yaada beektota kanaatti hawaasni waantota akka geejjibaa, qoricha ammayyaa bituuf qarshii dhabuu, qoricha ammayyaatti gargaaramuuf hubannoo dhabuufi kkf irraa kan ka'e qoricha aadaatti akka fayyadaman ibsaniiru. Inni biraan aadaa hawaasa tokkoo keessaa qoricha aadaa qofaatti baasuudhaan qorannoon qoricha kanarratti geggeeffamu dhimmoota inni ofjalatti hammachuu qabu maal maalfaa akka ta'*an* addaan baafachuun gaarii ta'a. Qorannoon qoricha aadaa qorichoota uumamaa, qorichoota toshaafi yeroo ta'e tokkotti akka qorichoota saayinsawaatti lakkaawwamaa turanii sababa qorannoon saayinsawaa cimaadhufeef gara qoricha aadaatti dabalamaa kan dhufeefi kanneen biroollee niqorata jechuun nidanda'ama. Fekade, (1991:35). Kanaafuu, qorannoon qoricha aadaa irratti geggeeffamu dhimmoota kana ilaaluu danda'a jechuun ni danda'ama.

Qorichi aadaa saba tokko keessatti beekamu eenyummaa saba sanaa waliin waan walqabatuuf itti fayyadamni isaa dagatamus saba qoricha sana aadeffatee itti gargaaramutti waamamuun isaa hinoolu. James, (2000:97). Kana jechuun waa'een qorichichaa yemmuu ka'utti maqaan saba qorichichatti fayyadamuu wajjin waan ka'uuf mallattoo eenyummaa saba sanaa ta'uunsaa waan hinoolle. Kanaafuu, tokko tokkoon qoricha aadaa saba kana keessatti faayidaa kennu yoo tarreessuun ulfaateyyuu, qabiyyee isaa irraatti hundaa'uun bakka addaddaatti qoqqoodanii agarsiisuun gaarii ta'a. Qorannoon kun kanarraa ka'uun bakka qorannoon irratti hin geggeeffamiin kanarratti fuulleffatee akka waliigalaatti qorichi aadaa maal maalirraa akka hojjetamuufi faayidaa maalii akka qabu, guyyaafi sa'aatii akkamii akka qophaa'u, kennamu,

eenyuun akka qophaa'u, kennamu, bifa kamiin dhukkubsataaf akka kennamu, of eeggannoo taasifamuu addaan baasuu irratti xiyyeeffatamee qorannoon kun gaggeeffame.

Hiikaan, (2010:59) maalummaa qoricha aadaa biqilootarraa dalagamanii haala kanaan ibsa: "Qorichi aadaa hiddaa fi baala adda addaarraa ogeessota hawaasa keessa jiraniin kan qophaa'udha. Qorichi adda addaa kunniin dhibee fayyisuu danda'an waliin ogeessichaan adda bahamanii beekamu. Kan namni tokko hin beekne kan biraatu beeka. Yeroo baay'ee kan tokko beeku nama biraatti hin himu." Akka yaada kanaatti, qorichi aadaa biqiloota adda addaarraa ogeessuma hawaasa keessatti argamuun qophaa'ee uummataaf kennama. Dhibee qorichichi fayyisus ogeessichi adda baasee beeka . Haata'u malee, ogeessonni sun qorichoota kanniin walitti hin himanu; hundi isaaniis waan walfakkaataa hin beekanu.

Qorichi aadaa biqilootaa fi bineensota akkasumas, albuudota adda addaarraa dalagaman uummata aanaa Jibaat biratti kan beekamanidha.Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti Godina Shawaa Lixaa Aanaa Jibaatitti haalli qabiyyee fi itti fayyadama qoricha aadaa biqilootaa fi bineensota akkasumas, damma adda addaa, bishaaniifi biyyoo irraa dalagamanii bal'inaan ibsameera.

### 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Qo'annoo fi qorannoon tokko sababa gaggeeffamuuf qaba. Kunis qorannicha gaggeessuuf maaltu gaaffii akka ta`eefi kana deebisuufis galma wixineeffachuun adeemsifama. Dhimma qorannichaatti bal'inaan seenuuf dursa mataduree sana ilaalchisee gaaffii of gaafachuudha. Sanaan booda wixinee qorannoo kallattii hojii, ragaalee mata duree qorannichaatiin walqabataniifi maloota qorannichi ittiin gaggeeffamu adda baasuudha.

Qorannoon kun **"**Qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa Aanaa Jibaat," irratti xiyyeeffata. Qorichi aadaa beektota Oromootiifi beektota biyya alaatiin qoratamaa tureera.Haata'u malee, biyya keessatti baay'inaan hin gaggeeffamne. Aadaafi ogummaan hawaasa naannoo qorannoon kun itti gaggeeffamee dhimma qoricha aadaarratti barreeffamaan osoo hin taane gochaa fi jechaan dhalootaa dhalootatti kan daddarbudha. Waanti afaan qofaan beekamummoo carraan dagatamuusaa bal'aa waan ta'eef aadaa fi barsiifanni gaariin hawaasichi qabu akka hin dagatamneef barreeffamaan kaa'uun murteessaadha.

Kan biroon, aanaa jibaatitti qoricha aadaa kanarratti qorannoon ga'aan hin gaggeeffamne. Kanaafuu, ani mata duree kanarratti qorannoo akkan gaggeessu dhimmoonni na kakaasan keessaa warreen ijoon:

A. Amman ani sakatta'etti qorannoo gahaan qoricha aadaarratti hin gaggeeffamne.
B. Ani yeroo ijoollummaatii kaasee yemmuu namoonni qoricha aadaa kennaniifi fudhatan dhagahaa waanan guddadheef itti siqee qorachuuf fedhii horadhe.
C. Aanaan jibaat biqiltoota qoricha aadaatiif oolaniin kan badhaate akka taate maanguddootarraa dhagahuun ka'umsa biro naaf ta'e.

Ka'umsi qorannoo kanaas qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa akkasumas, akkamitti akka qophaa'u qorachuudhaan gaaffilee armaan gadiitiif deebii barbaaduudha.

1. Qabiyyeen qorichi aadaa aanaa jibaat maal fa'aarraa hojjetamaa?
2. Yoomessi Qoricha aadaa aanaa jibaat maal fakkaataa?
3. Hawaasni aanaa jibaat qoricha aadaa akkamitti fayyadamaa? Qorichichoo maaliif fayyadaa?
4. Namoonni qoricha aadaa kana funaananii kennan eenyuu? (Dhiira, dubartii, gaheessota, maanguddoota, ijoollee)?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa qabiyyee fi itti fayyadama qoricha aadaa aanaa jibaat xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

**Kayyoon qorannoo kanaa inni murtaa'aan:**

1. Qabiyyeen qoricha aadaa aanaa jibaat maal fa'aarraa akka hojjetamu adda baasuu,
2. Yoomessi Qoricha aadaa aanaa jibaat maal akka fakkaatu agarsiisuu,
3. Hawaasni aanaa jibaat qoricha aadaa akkamitti akka fayyadamuufi qorichichi maaliif akka fayyadu adda baasanii ibsuu,
4. Namoonni qoricha aadaa kana funaananii kennan eenyuu? (dhiira, dubartii, gaheessota, maanguddoota, ijoollee) akka ta'an adda baasanii ibsuu,

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan waraqaa qorannoo kanaa inni guddaan ilaalchaafi amantaa uummanni aanaa Jibaat qoricha aadaa ofiif qabu adda baasuun hubachiisuudha. Haala qabatamaa addunyaa wajjin walbira qabuun bu’a qabeessumma qoricha aadaa maal akka ta’e ragaadhaan deggeruun dhiyeessudhaan, bu’aa qabeessummaan qoricha aadaa akka hubatamu gochuudha. Muuxannoowwan akka addunyaatti jiru ragaadhaan deggeramee waan dhiyaateef ogeeyyiin fayyaa tajaajila wal’aansa yeroo ammaa kana kennaa jiran bu’a qabeessummaa qorichi aadaa qabu hubachuun yaalii qoricha ammayyaa biratti qoricha aadaaf iddoo akka Kennan godha. Qaamni imaammataafi poolisii dhimma fayyaarratti baasan faayidaa qorichi aadaa qabu hubatanii qoricha aadaa imaammata fayyaa keessa akka galchaniif gargaara. Dabalataanis qorattoonni damee kanaa qorannoo gad fagoo akka geggeessaniif karaa saquudha.Hawaasni faayidaa qoricha aadaa hubatee itti fayyadamuun dhibee isa mudate tokko haala salphaan akka furatu taasisa. Ogeessonni qoricha aadaa ogummaan isaanii kun hawaasa keessatti beekamee ogummaa kanaan galii akka argatan ni taasisa.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa /Mata Duree Fi Bakka Qorannichaa Daangessuu

Qorannoon kun mata duree “Xiinxala Qabiyyeefi itti fayyadama Qoricha Aadaa Aanaa Jibaat” jedhu irratti gaggeeffame. Qorannoo kana godinaaleefi aanaalee naannoo Oromiyaa keessa jiran hunda keessatti geggeessuun humna namaa, yeroofi maallaqa humnaa olii waan gaafatuuf ulfaataa ta’uu danda’a. Kanaafuu, Aanolee Godina Shawaa Lixaa keessa jiran keessaa Aanaa Jibaat gandoota (7) torba (ganda Maaruu Jibaat, Maaruu Kombolchoo,Shanan 01, muunyoo Abbayyii, Maaruu Gomboo, Tuuttuu Jibaat, maaruu Gajjaa,) keessatti yoo ta’u gandi 8<sup>ffaan</sup> aanaa ollaa kan taate aanaa Noonnoo keessaa ganda Taltalleefi Beerreetti geggeeffame. Gandoonni torban kunis kan filatamaniif, sababan hawaasa sana keessatti dhaladhee guddadheef; safuu, aadaa, duudhaa, sirnaafi namoota odeeffannoo naa kennuu danda’an sirriitti kanan beekuufi adeemsa odeeffannoo argachuufi suuraa kaasuuf carraa guddaa waanan qabuufan filadhe. Ganda Taltalleefi Beerree kanan filadheef ammoo, namoonni qoricha aadaa beekan gandichatti akka argaman odeeffannoo waanan argadheefidha. Mata duree kana jalattis aanaa sana keessatti qorichi aadaa faayidaa akkamii akka qabu, maalirraa akka qophaa’u, eenyuun akka qophaa’u,

namoonni qoricha kana kennan akkamitti akka kennan, qorichoota kana yeroo akkamii akka qopheessaniifi kennan qabiyyeefi itti fayyadama isaa tokko tokkoon kaasuun ni ibsameera. Haaluma kanaan daangaan qorannichaa qoricha bu'uurri isaanii beekumsa hawaasaa ta'an kanneen dhala namaafi bineelladoota fayyisuuf oolan keessaa: qoricha biqilootaafi bineensotarraa akkasuma, albuudotarraa argaman dhukkuboota adda addaa fayyisuu waan danda'aniif isaan kana irratti daangeffame.

### 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon yeroo geggeeffamu adeemsa keessatti hanqinoota mataa isaa qabachuu danda'a. Qorannoon kunis yeroo geggeeffamu hanqinni na mudataniiru. Yeroon barbaadetti odeef-kennitoota argadhee odeeffannoo irraa argachuurratti waanan rakkadheef, deddeebiin na dhamaaseera. Haata'u malee, obsaan yeroo baay'ee deddeebi'ee odeeffannoo gahaa argadheera.

Kan biroon, yeroon qorannoo kanaaf naa kenname hojii faana lama waan natt i ta'eef dhamaatii hedduu keessa darbee xumureera. Haaluma kanaan, bajenni qorannoo kanaaf ramadame gahaa miti. Sababiin isaas, bakkin ani jiraadhu raagaaleen gahaafi maddi odeeffannoo waan hin jirreef, bakka odeeffannoon jiru deemee odeeffannoo gahaa argachuuf, hanqinni bajetaa na mudateera. Ta'uyyuu, kana salphisuuf, maallaqa qorannoo kanaaf ramadamerratti waanan qabu daguugee itti dabaluun akkasumas hiriyoota koo deeggarsa gaafachuun, waajjira aadaafi turizimii deemee mariisisuun raagaa gahaa argachuun qorannookoo milkeesseera; kan biroon mana hojiikoo keessatti nama bakka buufachuun eeyyama gaafadhee bakkan raagaa gahaa argachuu danda'u deemee raagaa gahaa argadhee qorannookoo milkeesseera.

Namootni qoricha aadaarratti ogeessa ta'anis odeeffannoo akka barbaadametti hin kennanu; raagaa dhoksuu barbaadu.Yoo kun mudates, kaayyoo qorannoo kanaa jaarsolii, gaheessotaafi haadholiitti ibsuun amansiisee raagaan barbaade akkan barbaadetti irraa fudhadheera.

### 1.7 Odeeffannoo Waliigalaa Bakka Qorannoon Itti Adeemsifamee

Qorannoon kun Godina Shawaa lixaa Aanaa Jibaat keessatti ademsifame. Akka odeeffannoon barruu kitaaba 'Gumbii Aadaafi Seenaa' waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jibaat (2005:3)

ibsutti, Aanaan Jibaat magaalaa Amboorraa km 70, Finfinneerraa ammoo, km186 kan fagaatuufi aanota godina kana keessatti argaman keessaa aanaa shaniin daangeffamee argama. Isaanis: Bahaan Aanaa Dirree incinnii, Lixaan Aanaa Daannoo, Kaabaan Aanaa Liibaan Jaawwiifi kibbaan Aanaa Noonnoofi Aanaa Ammayyaati. Aanaan kun gandoota baadiyyaa 18fi bulchiinsa magaalaa sadii, walumatti gandoota 21 **(**diigdamii tokko) qaba. Gandoota kanniin keessaa qorannoon kun kan gageeffame ganda 7 (torba) irratti isaanis: ganda Maaruu Jibaat, Maaruu Kombolchoo, Shanan 01, muunyoo Abbayyii, Maaruu Gomboo, Tuuttuu Jibaat, Maaruu Gajjaadha.Gandi 8ffaan aanaa Noonnoo keessaa ganda Taltalleefi Beerreeti Odeeffannoon biroos aanaa Jibaat keessaa waajira Aadaafi Tuurizimiitii fudhatameera.

### 1.7.1 Haala Teessuma Lafaafi Qilleensaa Aanaa Jibaat

Akka barruun waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jibaat (2005:6) ibsetti haalli teessuma lafaa Aanaa Jibaat dhibbentaan lafti diriiraan% 9, bu'aa ba'iin %60, gaarri %19 yoo ta'u, qileen ammoo%12 ta'a. Haalli qilleensaa ammoo, baddaafi badda daree yoo ta'u, ol ka'iinsi lafaa galaana irraa m 1500 – m 2800 fagaata. Hoo'insi isaa digirii18 – digirii 24 ta'ee, waggaatti rooba mm 750– mm 1500 al-tokko kan argatuudha. Haalma kanaan akka maanguddoonni dubbatanitti haalli qilleensa aanichaafi teessuma lafichaa biqiltoota QAtiif oolaniif mijataa akka ta'e himu.

### 1.7.2 Haala Diinagdee Aanichaa

Akka odeeffannoon barruu waajira Bulchiinsa Aanaa Jibaat (2001:7) irratti eerameen, dinagdeen Aanaan Jibaat irra caalaatti qonnarratti hundaa'a. Baddaafi badda dareetti midhaan nyaataa kanneen akka: warqee, Qamadii, Garbuu, Xaafii, Baaqilaa, Boqqoolloo, Missira; akkasumas, midhaan zayitaa kan akka: ija raafuufi Talbaatu oomishama. Kuduraafi fuduraan adda addaas lafa bishaanii baddaas ta'ee badda dareetti haalaan oomishamu. Haala horsiisa horii ilaalchisee baay'inaan kan argamu horii gaanfaa yoo ta'u, Hoolaafi Re'eenis ni horsiifamu. Kotteduudaan kan akka Fardaafi Harrees bal'inaan argamu. Haaluma kanaan gosti midhaanii qorichummaaf oolu, kan akka warqee biduu, biqila garbuu, missira duudaa, raafuu qoqosseefi kkf. fakkeenya fudhachuu dandeenya. Beelladoota keessaammoo, qorichummaaf kan oolan kan akka lafee fardaa, re'eenis qorichummaaf oolti.

### 1.7.3 Baay'ina Uummata Aanichaa

Akka odeeffannoon barreeffama waajjira Bulchiinsa Aanaa Jibaat (2009:4) ibsutti, lakkoofsi uummata baadiyyaa dhiirri 37,730; dhalaan 37,100 kan magaalaa dhiirri 2,570; dhalaan 2,936; walumaagalatti dhiirri 40,300; dhalaan 40,036 yemmuu ta'an ida'amni 80,336dha.

### 1.7.4 Akaakuuwwan Aadaa Aanaa Jibaat

Raagaan barruu waajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Jibaat (2005:79-88) irratti akka ibsutti, Aanaan Jibaat aadaawwan hedduutu argama. Qoratichis aadaalee kanneen keessaa Aadaa Sirna Gadaa, Aadaa Ateetee, Aadaa Sirna Irreechaa, Aadaa Gumaa Baasuu, Aadaa Walgargaarsaafi Aadaa Fuudhaaf Heerumaa akka fakkeenyaatti fudhachuun ibseera.

#### 1.7.4.1 Sirna Gadaa

Raagaan barruu waajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Jibaat (2005:90) irratti akka ibsutti, Sirni Gadaa sirna Oromoonni jaarraa hedduuf ittiin walbulchaa turaniifi ammas ittiin walbulchaa jiraniidha. Oromoonni aanaa kanaas sirna kanaan akka duriitti walbulchuu baataniyyuu Sirni Gadaa waggaa saddeet saddeetiin tartiiba eeguun kan hordofamuufi buttaa qaluun kan kabajamuudha. Sirnichis miseensota Gadaa shan Itti Makoo 0–8, Dabballee 8-16, Foollee 16-24, Dooroma 24-32, Luba 32-40 kan of keessaa qabuudha.

#### 1.7.4.2 Ateetee

Raagaan barruu waajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Jibaat (2005:98) irratti akka ibsutti, Ateeteen ayyaana haadholiiti. Haadholiitu dhangaa nyaataafi dhugaatii qopheeffachuun uffata adii gurraacha makate, dibbiqqoofi callee mormatti kaawwachuun kabajatu. Kan kabajamus, birraafi arfaasaadha. Sirna kanaafis, nyaata akka marqaafi dhugaatii buqqurii jedhamu qopheessuun kan kabajataniidha. Meeshaaleen ateetee baay'eensaanii QAtiin walitti dhufeenya qabu; fakkeenyaaf, killa, mooyyee, fal'aana, siinii, boojitoofi jaaloo kkf.meeshaa QA itti qophaa'ee dhiyaatudha. Fakkeenyaaf, qorichi horii kan affeelamu, jaaloo keessatti, kan ittiin sochoofamu boojitoodhaani.

#### 1.7.4.3 Sirna Irreechaa

*S*irna waaqeffannaa waggaatti al lama malkaafi tulluutti birraafi arfaasaa kabajamu. Birraa ganna bacaqiifi dukkana limixii keessaa gara ifaatti ba‘uu ibsaa yookaan xomboora/daamotii qabsiifachuun akkasumas, daraaraa / ilillii birraafi marga jiidhaa qabachuun gara malkaa deemuun kan waaqa galateeffataniidha. Arfaasaammoo, waaqa bona qaaqqee keessaa gara jiidhaafi qabbanaatti baase galateeffachuun rooba qulqulluu, kan midhaan akka gaarii magarsu akka roobuuf tulluutti ba‘anii kadhatu. Kana malees irreechi Arfaasaa Tulluurraatti gaggeeffamu akka Gadaa Maccaatti godinaalee Oromiyaa kudhan matakkal dabalatee bara darbee eegaleeakka Godina shawaa lixaa  aanaa Jibaat tulluu  Jibaat  irraatti  wagga waggaadhaan akka kabajamu murta‘ee bara kanas Eebla 27/2011 karaa hoo‘aa ta‘een kan kabajameefi fuldurattis waggaa waggaadhaan akka Gadaa maccaatti tulluu Jibaat kanarraatti akka  kabajamuuf  abbootii Gadaa Maccaatiin murtaahuun isaa fulduraattis sirni irreecha arfaasaa  kun gosoota aadaa  aanichaa bira  darbuun kan guutuu  oromiyaafi  giddugala qorannoo aadaa kan biroollee ni ta‘a jedhameet eegama.Sirna irreechaa keessatti meeshaaleen/waantonni aadaa/ sirna sana irratti fayyadamnu muraasni isaanii QAtiin walitti dhufu;  fakkeenyaaf, alangeen, coqorsi, bokkuun mataansaa qorichummaaf akka oolu abbootiin ni dubbatu.



Suura 1: Yeroo Irreechi Arfaasaa Aanaa Jibaat abbootii gadaafi maanguddootaan   Tulluu Jibaat irratti gaggeeffamu qorataadhaan Ebla 27/2011 waraabame agarsiisu.

### 1.7.4.4 Gumaa Baasuu

Raagaan barruu waajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Jibaat (2005:55) akka ibsutti, Gumaan sirna namoonni dhuunfaanis ta'ee gosaan yoo wal ajjeesan ittiin walitti araaramanidha. Akka aadaa ummata aanichaatti, gumaan jireenya hawaasummaa keessatti gochaa hamaa yookaan suukkanneessaa kanneen akka hubama qaamaa, qaama hir'isuufi ajjeechaa lubbuu namoonni walirraan ga'an araarsuuti. Kunis bakka miseensonni bakka bu'oota abbootii gadaa argamanitti waraannifi bookkuun bahuun kan raawwatudha. Gurmuun hawaasaafi muuxannoon ykn beekumsi hawaasni waliin qabu fooklooriidha. Asumaan QA walbarsiisuu danda'u; ykn

muuxannoon QA asii argamuu danda'a.Fakkeenyaaf, bokkuun akka qoricha ta'u dubbannee turre; haaluma kanaan, waraanni araaraaf ooluu bira darbee, horii bokoktellee ni fayyisa.



Suuraa2: Sirna Gumaa muruu (Ganda Ichaa Dikaa) 20/08/2011 Aadaafi Turizimii Aanaa Jibaatirraa kan fudhatame.

### 1.7.4.5 Walgargaarsa

Odeeffannoo waajjira hawaasummaa aanaa jibaat akka ibsutti**,** Miseensi hawaasaa deeggarsa adda addaa kan waliif taasisaniidha. Aadaan walgargaarsaa kun durii kaasee hanga ammaatti hawaasa keessatti barsiifata ta'ee akkuma aadaa biroo dhalootarraa dhalootatti darbaatii kan dhufeedha. Aadaa walgargaarsaa kanneen jedhamanis kan akka daboo, qaboo, jigii/waamii, afoosha yeroo gaddaafi kkf dha.

### 1.7.4.6 Fuudhaafi Heeruma

Raagaan barruu waajjira Aaadaafi Turiiziimii Aanaa Jibaat (2005:60) akka ibsutti, Hawaasichi aadaa fuudhaafi heerumaa gara garaa qaba. Isaanis: Kaadhimmannaa/kadhaa, Fedhiifi Aseennaadha. Kaadhimannaan sirnafuudhaaf heerumaa keessatti kan warri mucaa warra intalaa waliin walbeellamanii mariidhan cidha godhataniidha.

Fedhiin sirna gurbaafi intalli umrii 18 olii osoo warri gama lachuu hinbeekiin waliigaltee erga raawwatanii booda warra intalattii ergachuun fuudhaafi heeruma raawwatudha. Aseennan immoo

adeemsa mucayyoon/intalli fedhii mucaa/gurbaa malee manasaa dhaqxee itti galuun booda adeemsa keessa cidha godhachuun warroomaniidha.

### 1.7.4.7 Aadaa Nyaataa Fi Dhugaatii

Aadaan nyaataafidhugaatii aanaa jibaat hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasni: caccabsaa, cuukkoo, marqaa garbuu, amxiixa, hoollataa warqee, faffatoo, hurgufoo, unkuroo warqee, qummusii warqee, ammichoo warqee, buna qalaa, dhodhoobboo, qincee qamadiifi kkf. Dhugaatiin ammoo: araqee, buqurii, farsoo geeshoo, booka fa’aati. Nyaanni aadaa kun QAtiif nioola. Fakkeenyaaf, araqeen ciniinnaa/dhukkuba garaa keessaatiif oola; warqeen biduu dhukkuba allaatiitiif oola; buna qalaa gara kaasaa akka ittisu hawaasni ni kaasa.



Suuraa 3: Nyaatafi dhugaatii aadaa aanaa jibaat 20/08/2011 aadaafi turizimii aanichaatii fudhatame.

### 1.7.4.8 Meeshaalee Aadaa

Meeshaalee aadaa aanaa jibaat: eeboo, gaachana, goraadee, bokkuu, kallacha, Caaccuu, barcuma/teessoo abbaa Oromoo, meeshaalee ulfoo mana qaalluu, uffata aadaa gosa adda addaa, mi’a fardaafi kkf dha.Walitti dhufeenyi meeshaalee aadaafi QA gidduu nijira. Fakkeenyaaf, qarri eeboo horii bokokeen si’a sadii yoo tuqan ni fayyisa jechuun maanguddoonni ni dubbatu.

.



Suuraa4: Meeshaa aadaa aanaa jibaat 20/08/2011 aadaafi turizimii aanichaatii fudhatame.

### 1.7.5 Seenaa Aanaa Jibaat

Aanaan jibaat aanaalee godina shawaa lixaa keessatti argaman keessaa ishii tokkoofi giddugaleessa Oromiyaatti kan argamtuufi rooba gahaafi qilleensa gaarii jireenya lubbu qabeeyyiif mijaa'aa ta'e kan qabdudha. Daangaan ishii: Bahaan, Dirree Incinnii; Kaaba Bahaan, Liiban Jaawwii; Kibba Bahaan, Ammayyaa; Kibbaan Aanaa Noonnoo; Dhihaan, Aanaa Daannootiin kan daangeffamtu taatee, gandoota baadiyyaa 18 fi bulchiinsa magaalaa 3 (sadii) qabdi.

**A. Moggaafama Maqaa Aanichaa**

Akka Gumbiin seenaa fi aadaa waajjira aadaafi tuurizimii aanaa jibaat, (2005) ibsutti, raagaan barreeffamaan taa'e jiraachuu baatus, hawaasaafi maanguddoota Oromoo aanichaatii odeeffannoon akka argametti moggaafama jibaatiif sababa kan ta'e, jaarraa 14$^{ffaa}$ keessa mootiin tokko maqaan isaa aatsee zaraayiqoob naannoo sana ture; gaaf tokko osoo dirree incinniitti walgahii adeemsisuu fardisaa jalaa bade ture. Sana booda "Jibbaataaf" tulluu sana keessa naaf barbaadaa jedhe; fardichis achii argame jedhama. Kanarraa ka'uudhaan maqaan "Jibaat" jedhamu baheef jedhama. Akka odeeffannoon jaarsolii biyyaarraa argametti kanaan dura maqaan tulluchaa "Otongor" jedhamaa ture.


Jibaat biyya gootota bebbeekamoo kan akka: Fiitawuraarii Bantii Gooroofi Shaalaqaa Shifarraa Goorooti.

**B. Hortee Uummata Aanaa Jibaat**

Akka Gumbiin seenaa fi aadaa waajjira aadaafi tuurizimii aanaa Jibaat ibsutti, horteen uummata aanichaa seenaa Liiban ilma Maccaa wajjin wal qabata. Liiban ilmi Maccaa giddugaleessa hawaas dinagdee ilmaan maccaa kan ture, Odaa Bisil (aanaa iluu galaan) irraa kallachaafi bokkuu qabatee osoo deemuu aanaa jibaat lafa laaftoo liiban jedhamu qubate. Achittis, seera duudhaa Oromoo ganamaa tume. Laaftoon liiban seenaa Oromoota Maccaa keessatti Odaa bisilitti aanee seenaa guddaa qaba. Ilmaan sadiis horate. Isaanis: Ammayya, Kuttaayeefi Walisoodha.

Qorattoonni QA biroon /warri si'achi/ nacaala gadi fageenyaan qoratan haalaafi amala hawaasichaa, akkasumas seenduubee aanichaa beekuu qabu.

**C. Hidda Latiinsa Uummata Oromoo Aanaa Jibaat**




Madda- Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jibaat 20/08/2011 kan fudhatamedha.

**D. Laaftoo Liiban**

Akka Gumbiin seenaa fi aadaa waajjira aadaafi tuurizimii aanaa jibaat (2005) ibsutti, Laaftoon Liiban ganda Muunyoo Abbayyiitti kan argamu yoo ta’e, magaalaa aanaarraa fageenya km10 irratti kan argamuufi teessoo gadaafi duudhaa jalqabaa Liibaniifi ilmaan isaa kan ta’edha.


Bakki kun bakka namoonni wal ajjeesan itti gumaa walii baasanidha.Walitti dhufeenyi/gamtaan hawaasaafi beekumsi hawaasaa fooklooriidha; kun ammo hawaasni kunniin ammuma walitti dhufe, duudhaasaa wal barsiisa. Kanaafuu, muuxannoo QA llee asumaan walirraa baree itti fayyadamuu danda'a. Harki hawaasa kunneenii mataansaa QAti; fkn yoo namni cabe, buqqa'e, meelateefi kkf. Sukkuummaafi dhidhiibbaadhaan wal fayyisu; kun mataansaa QAti.



Suuraa 5:Ganda Muunyoo Abbayyiitti Laaftoo Liiban bakka jaarsummaan gumaa itti dubbatamu 20/08/2011 Aadaa fi Tuurizimii aanaa jibaatii fudhatame.

**E.Kaartaa Aanaa Jibaat**

Kaartaan kun Waajjira Aadaafi Turiizimii aanichaatii fudhatame.Faayidaan kaartaa kanaa bakki xiyyaan agarsiifamee jiru kun bakka qorannoon kun irratti gaggeeffame ykn gandoota iddattoof filatamanii odeef kennitoonni achi keessaa filataman waan ta'eef,dubbistoonni qorannoo kanaa akka adda baafataniifi.Kan biroon namoonni QAirratti qorannoo gaggeessuu barbaadan gondoonni kun akka bu'uraatti waan issan gargaaranuuf, xiyyeeffannoon itti kenname.




Suuraa 6. Kaartaa Aanaa Jibaat 20/08/2011 waajjira aadaafi tuurizimii aanichaatii fudhatame.

### F. Hawwattoota Tuurizimii

Hawwattoota tuurizimii aanaa jibaatitti argaman muraasni isaanii armaan gaditti suuraadhaan ni argamu: Bosona jibaat, fincaa’aa faallee, fincaa’aa leemmaniifi dhagaa uumamaa fincaa’aa ichaa, sulula saqa allaattii, dhagaa tuullaa kataar, manneen amantaa adda addaa fa’aatu argama.Bishaan ficaa’aa QAti;namni dhukkubni qorraa qabe bishaan ficaa’aa kanaan yoo dhiqate akka fayyisu hawaasni nikaasa; dhukkuba biichee fardaallee nifayyisa jedhama.Dhagaan kataars akka qorichummaaf oolu abbootiin ni kaasu.

**Fincaa'aa Leemmaniifi Dhagaa Uumamaa Fincaa'ichaa Ganda Kuttaayee Muunyoo Keessatti Argamu.**



Suuraalee7: Bakkeewwan hawwatoofi mana qaalluu 20/08/2011 aadaafi Turizimii aanichaatii fudhatamani.

# BOQONNAA LAMA

## 2. Sakatta'a Barruu

### Seensa

Boqonnaan kun kutaalee sadii of jalaa qaba. Isaanis: yaadrimee fookloorii kanneen akka, qoricha aadaa, seenaafi faayidaa qoricha aadaa; yaaxxinoota qorannichi bu'uura godhate kanneen akka: yaaxxina aadaa hawaasaa, yaaxxina faayidaafi sakatta'a qorannoolee hojii kanaan hariiroo qaban boqonnaa kanajalatti dhiyaataniiru.

### 2.1 Yaadrimee Dhimmoota Qorannoo kanaan Hidhata Qabanii

**Fookloorii**

Fookilooriin yaadrimee, beekumsa ummanni yookiin hawaasni waliin jiraatuufi bakka jirutti waan waliin qooddatu qabu tokko jiruufi jireenya isaa moo'achuudhaaf, too'achuuf yookiin fala itti barbaaduudhaaf waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falaasamasaatti fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa, meeshaa aadaatiifi afoolaan ittiin waliif dabarsu yookiin hawaasa biroof itti of beeksisuuf fayyadamu kan qabu akka ta'e Filee,(2016:30)ni'ibsa. Bu'uura kanaan, fookilooriin calaqqee eenyummaa, beekumsaa, falaasamaa, qaroominaafi jiruufi jireenya hawaasa tokkooti. Kanaaf, wantoonni hawaasni tokko eenyummaasaa, beekumsasaa, qaroominasaa, falaasamasaa, duudhaasaafi jiruuf jireenyasaa ittiin ibsatu hundi qabeenyasaati. Kunimmoo, qabeenyi hawaasni waliin jiraatu tokko walitti qabuufi qixa qooddatee jiruufi jireenya gamtaasaa ittiin gaggeeffatuufi cimsatu waan ta'eef hawaasichaan adda ba'ee kan hin ilaalamneefi tokko kaan malee ibsamuun kan rakkisu ta'uu Melakne, (2006:8), Filee, (2016:30-31) ni'addeessu.

Fookilooriin jecha Afaan Ingiliziitiin 'folklore' jedhuun bara 1846tti moggafamee kan ibsamu ta'ee, 'folk' namoota lamaafi lamaa ol kan ta'anidha. 'Lore'iin, ammoo, beekumsa namoonni lamaafi lamaa olii kun waliin qaban ta'uu Oring (1986:135) fi Fileen, (2016:31) Grenie, (1998) fi Dorson, (1972) wabeeffachuun ibseera. Haala kanaan, ummanni oromoos eenyummaa isaa, beekumsasaa, qaroomina isaa, falaasama isaa, duudhaa isaafi jiruufi jireenya isaa kan waliin

ittiin calaqqisiifatuufi hawaasummaa isaa ittiin ibsatu fookloorii mataa isaa akka qabu eeruun murteessaadha.

Georges fi Jones, (1995:314) kallattii bu'aa fooklooriin tokko hawaasaaf qabuun yoo Ibsan:

> *Through folklore people can educate or aculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform othersabout the basis for or nature of their culture; reveal or display theiridentity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or beentertained, jedhu.*

Akka yaada kanaatti fooklooriin, hawaasa tokko keessatti kallattii hedduudhaan akka waa gumaachu mirkaneessa. Fookloorii gargaaramee hawaasni waa barsiisa, dudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, walbashannansiisa. Hawaasni bifa 'ammayyoomeen' har'a seerawwan, amantiifi siyaasaan walbulchu dhakaa bu'uuraa kan tahe, bekumsa fookloorii irra dhaabbateeti. Har'as duukaa jira; borus biraa hin hafu.

Bifuma walfakkaatuun hayyoonni kunneen (fuula: 170), irratti itti dabaluudhaan faayidaa fookloorii akka armaan gadiitti dhiyeessu: "…it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit."Kunis, afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadani otoo homaa hin dhoksiin akka ifa baasu agarsiisa.Kana jechuun afoolli daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka tahe agarsiisa.

### 2.1.1 Akaakuu Fookloorii

Fookilooriin waa hunda garee hawaasaafi, sadarkaa kam irrattiyyuu waliin jiraachuu akka ta'e ibsameera.Waa hunda hawaasichaa ammoo bakka tokkotti ibsuufi qorachuun waan rakkisuuf akkaataa walitti dhufeenya isaan qabanirratti hundaa'uun akaakuu akaakuun qoqqooduun murteessaadha. Bu'uura kanaan, Filee,(2016),Richard Dorson, (1972:3) Afoola (Oral Literature), Duudhaa Hawaasaa (Social Folk Custom), Aadaa Meeshaa (Material Culture) fi Aartii Duudhaa Hawaasaa (Performing Folk Art) jechuun qoodaniiru.Kanaafuu, qorannoon kun ammoo kan inni irratti xiyyeeffatu Duudhaa Hawaasaa (Social Folk Custome) irrattidha.

Duudhaan hawaasaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa isa tokko ta'ee amaleeffannaa ykn gocha baramaa hawaasni yeroo adda addaatti sirna walfakkaataa ta'e irratti haala wal fakkaataan

raawwatu kan agarsiisu yoo ta'u, duudhaa, gocha, safuufi k.k.f kan ittiin dabarfataniidha. Damee barsiifata hawaasummaa jedhamuun kanneen beekkamanis: jila, taphoota, dirree bashannanaa, qoricha aadaafi amantii duudhaa namoonni gareen hirmatanii akka ta'e Melakneh, (2006:9) ibsee jira.

Faayidaan fookilooriin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu heddu akka ta'e beektonni adda addaa ni ibsu.Akka Dundes, (1965: 279-298) ibsutti fookilooriin faayidaa gurguddaa afur qaba.Tokko, namoota himaniifi himansa dhageeffatan gammachiisa. Fookilooriin irra caalaatti hojjataa oolanii yeroo boqonnaatti wolbohaarsuun dadhabbii itti ba'u. Lama fookilooriin duudhawaadha. Duudhaaleen hawaasaa yeroo adda addaatiifi sirnoota adda addaa irratti raawwataman akkaataa itti raawwataniin caasaa hawaasaa eegan.Sadi, fookilooriin dhaloonni haaraan duudhaa, amantiifi safuu hawaasaa baratаa akka guddatan taasisa.Kuni immoo, ga'ee durduriifi hibboon Oromoo dhaloota itti ijaaraa deemaniin ibsamuu danda'a. Afur, Fookilooriin duudhaan hawaasaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti akka darbuufi itti fufiinsa akka qabaatu taasisa. Kanaaf fookilooriin of-eeggaannoofi xiyyeeffannaa guddaan kennamnaan hawaasa faanaa kan itti fufu ta'uu agarsiisa. Haaluma wolfakkaatuun Dastaa, (2011:21-22) fi Hinseenee, (2010:3) fookilooriin faayidaa hedduu kan qabu ta'ee, gurguddoon bashannansiisuu, barsiisuu, haaromsuufi jabeessuudha. Haala kanaan fookilooriin ni bashannansiisaa barsiisa jechuuf malee kan waan irra baran hinqabneefi bashannansiisu qofas akka hintaanetu ibsame. Haaromsuun hamileefi anniisaa dhimmoota adda addaan jiruuf jireenya hawaasaa keessatti caban sissi'eessufi haamilee itti horuun jabeessuudha.

Faayidaan fookiloorii kan biroo hidhata afaan woliin qabuun ibsama. Fookilooriin afaan, afaanis fookiloorii malee kanneen hin yaadamne. Afaaniifi aadaanis akkasuma.

Dundes (1965: 258) walitti dhufeenya aadaafi afaanii ilaalchisee yaada armaan gadii dhiyeessa:

> *The relationship between language and culture can be discussed in terms of how culture makes use of language. Language is used to provide information about processes and the values of a culture, to direct the activity of a culture, to establish and maintain a positive emotional state for the participants within a culture, to perform rituals in a culture, to establish and maintain interpersonal relations, to carry out the cognitive activity (that is thinking), to perform cultural recreate activities and to express the aesthetics of a culture. Therefore, Language is indispensable for the functioning and perpetuation of the culture, jedha.*

Yaada kana irraa kan hubatamus, haala fayyadama afaanii aadaan calaqqisiifamu. Afaanis kan fayyadu odeeffannoo haala raawwii aadaa, qajeelcha aadaa, riqicha wolitti dhufeenya namoota aadaa jilatanii ta'uu, yaadaafi ilaalcha isaanii aadaan wolqabate afaaniin kan woliif ibsaniifi dhugummaa/qabatamummaa aadichaa ittiin calaqqisiisan akka ta'etti ilaalamuudha. Kanaaf, aadaan damee fookilorii duudhaa hawaasaa keessatti hammatamuufi ibsamu afaaniin gargar ba'amanii kan hinilaalamne ta'uun fookilooriifi afaan bu'aa woliinii ta'uu addeessa.

### 2.1.2 Qoricha Aadaa

Qorichi aadaa duudhaa hawaasaa keessaa tokko ta'ee, mala aadaatiin hiddaa fi baala biqilootaa adda addaarraa akkasumas, bineeldota, bineensotaafi kkf. qoricha aadaa hojjechuuf oolanirraa ogeessota qoricha aadaa hawaasa keessa jiraniin hojjetamuun dhibee jiruufi jireenya keessatti nama mudatuuf furmaata kan kennudha.Maalummaa qoricha aadaa ilaalchisee Hiikaan (2010:59) yaada armaan gadii dhiyeessa:

"Qorichi aadaa hiddaa fi baala adda addaa irraa ogeessonni qopheessan hawaasa keessa nijiru.Qorichi adda addaa kunniin dhibee fayyisuu danda'anis addabaasaniiti beeku. Kan namni tokko hin beekne kan biraatituu beeka. Yeroo baay'ee kan tokko beeku nama biraatti hinhimu."

Akka yaada armaan oliitti, ogeessonni muuxannoodhaan hiddaafi baala biqilootaarraa qoricha qopheessanii hawaasa ittiin fayyisan ni jiru.Qorichoonni kunis dhibee isaan fayyisan ogeessonni kun adda baasanii beeku. Garuu walitti hin himanu. Qorichoota kanammoo namni hundi hin beeku.Warri qoricha kana beekanu yeroo funaananuyyuu dhoksaniitu funaanu.Garuu, kan namni tokko beeku inni biro beekuu waan danda'uuf osoo walitti hin agarsiisiin dhoksanii walitti qabanii walii kennu.

Encarta dictionary, (2009) "Traditional medicine: medicine based on traditional customs and belief, often using herbal remedies."

Akka yaada diikshinarii kanaatti qorichi aadaa qoricha duudhaafi barsiifata hawaasaarratti hundaa'ufi hawaasni itti amanee, qoricha biqilootarraa hojjetamee rakkoof fala ta'udha.

Toorri interneetii,http://en.Wikipedia maalummaa qoricha aadaa akka armaan gadiitti ibsa:

> *Folk medicine refers to healing practices and ideas of body physiology and healing preservation known to a limited segment of population in aculture, transmitted informally as ageneral knowledge and practiced or applied by any one in the culture having prior experience the culture and societies have knowledge describes as folk medicine often co-exist with formalized, education based,and institutionalized systems of tradition based,and institutionalized systems of traditional medicine,but it is distinguishable form formalize or institutionalized healing systems.*

Akka yaanni armaan olitti ka'eibsutti: qorichi aadaa beekumsa hawaasa waliigalaa hawaasni tokko aadaasaa keessatti barsiifata hedduu keessaa xiqqaa ta'eefi rakkoo fayyaa ofiif namoota ogeessota aadaa hawaasa sana keessa jiraniin kan dalagamudha. Kana malees, barsiifata hawaasaa haala alidileen ykn afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu akka ta'e dha.

Qoricha aadaa ilaalchisee Misgaanuun, (2011:20) yaada itti aanee jiru dhiyeesse: "Uummanni kamiyyuu osoo qorichi ammayyaa kun hin dhufiin dawaa aadaa mataasaatii qaba. Kunis qo'annoofi qorannoo ammayyaatiin kan hin argamneefi dhalootaa gara dhalootaatti raawwiifi dubbiin darbaa namootaafi qabeenya namootaa kan fayyisaa turee fi jiru duudhaa hawaasaati."

Akka yaada kanaatti, bara durii uummanni kamiyyuu osoo qorichi ammayyaa amma itti fayyadamaa jirru kun saayinsiin qoratamee hin dhufiin qoricha/dawaa aadaan kennamu mataasaa uummatee ittiin walfayyisaa ture. Innis karaa saayinsawaa qoratamee kan argame osoo hin taane, hawaasumti walirraa baree dhalootaa dhalootatti gochaafi jechaan daddabarsaa kan dhufeedha. Kunis hawaasichuumaafi qabeenya isaa fayyisaa kan dhufeefi ammallee fayyisaa kan jiru, duudhaa hawaasichaati.

Qoricha aadaa ilaalchisee Filee, (2016:38) akka armaan gadiitti kaa'a:

> *Beekumtaa qorachuun fayyaa qorachuudha. Yaadni kun yommuu balballoomu, beekumtaa qorachuun qorichoota aadaa kanneen fayyaa namaafi bineelladootaaf oolan adda baasuun beekuudha. Qorichoonni aadaa uummata tokkoo dhukkuboota dura (protective), dhukkuba irratti (preventive) akkasumas dhukkuba booda dandamachuudhaaf (recovery) fayyaa namaafi bineelladootaa eeguudhaaf shoora olaanaa waan qabaniif, gadifageenyaan qorachuun barbaachisaadha.*

Akka yaada armaan oliitti, fookloorii/beekumtaa qorachuun duudhaa hawaasaa keessaa qoricha aadaa kanneen fayyaa namaafi bineelladootaaf oolan qorachuu akka ta'edha yookiin adda

baasanii beekuudha. Qorichoonni kunis achii as dhufaa kan tajaajila kennaa turan osoo namnis ta'ee bineeldonni hin dhukkubsatiin of eeggannoof kan kennaman, erga dhukkubsatanii fayyisuuf kan kennamaniifi dhukkuba booda qaama ijaaruuf yookiin dandamachiisuuf kan kennaman ni jiru. Kanaafuu, waa'ee qoricha aadaa kana gadi fageenyaan qorachuun baay'ee barbaachisaadha. Qorichoonni aadaa hawaasa keessatti argamanii hawaasaan dalagaman dhala namaa qofa osoo hin taane beelladootallee ni fayyisu. Kana qofa osoo hin taane, otoo hin dhukkubsatiinillee dursanii fudhatanii dhukkuba ofirraa ittisuun nidanda'ama. Kanas kan dura kan namaafi kan beelladootaa adda baasanii erga bariiyyu. Kanaafuu yeroo ammaas ballinaan itti yaadamee qorannoon gadi fageenyaa akka taasifamu gochuun barbaachisaadha. Fileen toora interneetii (www//http://en.wkipedia.org/wiki/omen) wabeeffachuun waa'ee qorcha aadaa yoo kaasu:

> *Traditional medicine is the sum-total of knowledge,skills and practices based on the theories, beliefs and experiences indigenous to different cultures,whether explicable or not, used in the maintenance of health as well as in the prevention, diagnosis, improvement or treatment of physical and mental illness* jedha.

Akka yaada armaan oliitti, qorichi aadaa beekumsaafi dandeettii akkasumas, shaakala hawaasaa; amantaa hawaasaa, aadaa hawaasaa keessa jiru dhukkubsataa fayyisuuf ykn irraa ittisuuf hawaasni kan gargaaramudha. Filee, (2016:39) maal maalirraa akka hojjetamanu yeroo ibsu akkas jedha:

> *Qorichi aadaa bu'aa beekumsaa, muuxannoo, shaakalaa, amantii fi amantaa kan ta'e jiruufi jireenya hawaasichaa eeguuf, sammuu dhala namaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba Qorichoota bu'uurri isaanii beekumsa Oromoo tahan kanneen dhala namaafi beelladootaaf oolan keessaa:ija mukkeenii,baala mukkeenii, aannan mukkeenii,quncee biqilootaa, damma kanniisaa, damma daamuu, damma bookee, akkasumas fincaan gadamsaa, lafeefi moora jawwee, foon bineensotaa kanneen akka foon xaddee, karkarroo, booyyee, osoleefikkf dhukkuboota adda addaa fayyisuu waan danda'aniif qorachuun gadifageenyaan barbaachisaadha*.

Akka yaada kanaatti, qorichi aadaa kan argame rakkoo isa quunnamaa tureerraa ka'uun hawaasichi beekumsaa fi muuxannoo dhuunfaan qabu walii dabarsuun shaakalasaa cimsachaa dhufeera. Jiruufi jireenyasaa keessatti rakkoo fayyaa isa mudate eeggachuuf beekumsa dawaa qabu walii dabarsee ittiin wal eegaa tureera. Qorichoota bebbeekamoo ta'an kanneen Oromoon beeku, kan namaafi bineeldota fayyisanu: biqilootarraa kan hojjetamanu, dammaafi

bineensotarraa kanqophaa'anii dhala namaafi bineeldota fayyisuuf waan gargaaraniif, gadifageenyaan qorachuun murteessaadha.

Merriam, (1976:882) qoricha aadaatiif yoo hiika kennitu "Folk medicine is traditional medicine as practiced nonprofessionally by people isolated from modern medical services and involving especially the use of vegetable remedies on an empirical basis and the retention of outmoded theories" jetti. Akka yaada kanaatti qorichi aadaa namoota qoricha aadaa qopheessuurratti leenjii ogummaa hinqabneefi namoota qoricha ammayyaatti gargaaramuuf carraa hinargannetu biqilootaafi waantota biroorraa hojjetee itti gargaarama. Garuu, qorichoonni aadaa tokko tokko dhukkuboota qorichi ammayyaa fayyisuu hindandeenye kanneen akka dhukkuba simbiraa, sibijjii, budaa, risaa/ashabala kkf waan fayyisaniif biyyoonni qoricha ammayyaa baa'inaan argataniifi manneen yaalaa baay'inaan argataniyyuu itti fayyadamu.

Qorichi aadaa biyyoota addaddaa keessatti maqaa garagaraa kanneen akka: dawaa aadaa, dawaa biyya keessaa, dawaa baalaafi bineensotaa kkf jedhamuun waamamanus tajaajila walfakkaatu kennuudhaan bekamu. Kanarraa ka'uun, akkaataa yeroo jalqabaatiif qoricha aadaa itti argame kana Fekadu (2001:7) yoo ibsu:

> *Throughout history, humans had been looking to nature to provide them with remedies for their various maladies/desease/. In so doing, they had been using a trial and error approach to sort out which plants are therapeutic and which are not, and further which are toxic to use. From archeological findings, there is a speculation that as early as some 60,000 years ago the Neanderthal man had a rudimentary pharmacopeia.*

Akka yaada kanaatti, seenaa keessatti dhalli namaa rakkoo fayyaa addaddaa isa mudatuuf fala argachuuf gara uumaa isaa ilaala ture. Adeemsa kana keessa qorichoota aadaa qorichummaaf oolaniifi qorichummaaf hinoolle akkasumas kan fayyaa dhala namaa miidhaniifi hinmiine addaan baafachuuf yaalii hedduu taasisaa turaniiru. Akka qorannoon arki'ooloojii mul'isuttis, waggoota kuma jaatama dura Niyaandertaalonni qoricha aadaa kana jalqaba akka argachuu danda'anidha.Yaadni waa'ee argama qoricha aadaa irratti ibsame kunis waannama amansiisu fakkaata. Sababiin isaas, waantonni addunyaa har'a keessa jiraannu kana keessatti dhalti namaa itti fayyadamu marti yaalii yeroo dheeraa keessa waan argameef qorichi aadaa yeroo ammaa hawaasni itti fayyadamu kunis adeemsuma akkasii keessa darbee argamuu danda'a.

Qorichi aadaa yaalii dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo dheeraaf taasisaa turerraa akka argame ragaaleen addaddaa nimul'isu. Fakkeenyaaf, Ahmed, (1983:12) yaada kana yoo ibsu akkas jedha:

> *It seems probable that traditional medicinal practices could be developed through trial and error as people seek solutions to their problems of sickness. So it could be argued that traditional medicine is the product of man's struggle to adopt himself to his environment. When man feels pain he uses his hands to remove the pain or applies any relevant materials like plants or animal products in order to ease his ailment.*

Akka yaada kanaattis, itti fayyadamni qoricha aadaa yaalii yeroo dheeraa namoonni dhibee fayyaa isaan mudatuuf fala barbaaduuf taasisaa turan keessa kan argameefi bu'aa wal'aansoo dhalti namaa naannoo keessa jiraatu waliin walbaruuf godhu keessa kan argamedha. Dhalti namaa yoo dhukkubbiin itti dhaga'amu dhukkubbii isaarraa fayyuuf jecha qoricha biqilootaafi bu'aa beelladootaa irraa harka isaaniitiin hojjetee itti gargaarama. Kanaafuu, adeemsi qorichi aadaa ittiin argame ifaajee dhalli namaa naannoo jireenya isaa mijeeffachuuf taasisu waliin walqabata. Kana yoo jennu, dhalli namaa akkuma jalqaba yeroo qoricha aadaa argate yaalii keessa darbe sana boodas waantota yaaliidhaan fooyyessaa waan deemuuf seerri isaa akka seera qoricha ammayyaa murtaa'ee lafa kaa'ame hinjiru. Haaluma kana fakkaatuun ሰሎሞን ተሾመ:: (2007፡202) akka armaan gadiitti ibsa:

> *ሀገረሰባዊ ህክምናዎች ማህበረሰቡ በረጅም ዘመን የህይወት ተመክሮዉ ባካሄደዉ ምርምር በአካባቢዉ የሚያገኛቸዉን ተፈጥሯዊና ሰዉሰራሽ ግብዐቶችን በመጠቀም የራሱን ሕዝባዊ ዕዉቀት መነሻ በማድረግ የሚያዘጋጃቸዉ ናቸዉ። ህክምናዎቹም በአካባቢዉ ለሚከሰቱ የጤና ችግሮች ሁሉ መፍትሄ የሚሰጥባቸዉ የጤና ችግሮች ከመከሰታቸዉ በፊት የምደረጉ ቅድመ ጥንቃቄዎች ችግሮቹ ዳግመኛ እንዳይከሰቱ የምደረጉ ዘላቂ መፍትሄዎች ወዘተ የሚሰጡበት ሕዝባዊ ጥበቦች ናቸዉ፡ ፡*

Yaada armaan olii yoon ibsu qorichoonni aadaa hawaasni yaalii jireenyasaa keessatti qorannoo gaggeesseen waantota naannoorratti uumamaan argaman kan namaan hojjetaman fayyadamuudhaan beekumsa isaa ka'umsa taasifachuun kan qopheessanidha.yaaliin isaaniis, rakkoo fayyaa naannoo saaniitti uumamu hundaaf, furmaanni kan kennamu rakkoon fayyaa osoo hin uumamiin, ofeeggannoon dursaa kennamu, rakkoon sun lammata akka hin uumamneef furmaata itti fufiinsaa kennamu beekumsa hawaasaati.

### 2.1.2.1 Wantoota Qorichi Aadaa Irraa Hojjetamu

Bineensota, Biqiloonniifi albuudonni adda addaa qorichummaaf oolan:biqiloonni,qaama isaanii kan lafaa ol jiruufi hidda isaanii lafa keessa jiru keessatti waantota garagaraa, namaa ykn beellada dhukkubarraa fayyisan,ittisan waan of keessaa qabaniif, waan keessattiargamu kana waantota biroo itti makuun, qaama biqilaa sanaa qofaa isaa hojjetanii cuunfuun: dhuganii, nyaatanii, dibataniifi ittiin dhiqatanii dhibeerraa fayyu . WHO, (1976: 133). Yaada kana kana Sofowara, (1982:6) yoo ibsu, “A medicinal plant is any plant which, in one or more of its organs, contains substances that can be used for therapeutic purposes or which are precursors for the synthesis of useful drugs” jedha. Akka yaada kanaatti biqilaan qoricha aadaa irraa hojjechuuf oolu tokko qaama isaa keessaa bakki tokko ykn lama bu’a qabeessa yoo ta’u bakkawwan hafan kaan immoo qorichummaaf tajaajiluu dhiisuu danda’u.

Fekadu, (2001:199), Richard, (1995:321) akka jedhanitti: qorichi aadaa baala, daraaraa, ija, hiddaafi qola mukaa akkasumas damma, dhadhaafi coomarraa akka hojjetamu haalaan ibsaniiru.

Akkuma armaan olitti ilaalle qorichoonni aadaa bifa addaddaatiin qophaa’u. Walakkaan isaanii hidda isaaniitu muramee gogfamee daakamuun waan nyaatamu ykn dhugamutti dabalamee dhibamaaf kennama. Walakkaan isaanii ammoo, qaama biqilaa qorichummaaf oolu sana muranii danfa keessa buusuun ulatama. Inni kaan ammoo, nidhugama. Kanneen jiidhaadhuma isaanii sukkuumuun fuunfatamaniifi kan qaama madaa’etti dibatamanis nijiru Michael, (1964:66). Qorichoonni kun ammoo, waanuma tokkorraa ykn waantota qorichummaaf oolan addaddaa walitti makuun kan qophaa’an ta’anii bifa addaddatiin kennamu. Fakkeenyaaf, baala ykn qaama mukaa qorichummaaf oolu sana daakanii bulbuluun obaasuu, sukkuumanii dibuu, fuunfachiisuu, ittiin dhiqachuufi dhuguun jira. Qorichoonni aadaa warri ulataman qaama biqilaa qorichummaaf oolu sana danfa keessa buusuun ukkaamsanii ofitti qabanii akka ulatan taasifamu.

### 2.1.2.2 Guyyaa Ykn Sa’aatii Qorichi Aadaa Itti Qopheeffamu

Qorichi aadaa yeroo akkasii qophaa’uu qaba ragaan barreeffamaa jedhu jiraachuu baatus aadaa uummatichaa keessatti guyyoonni qorichi aadaa itti qophaa’an nijiru. Guyyoonni kunis guyyoota torban tokko keessa jiran torba keessaa Wiixata, Roobiifi Jimaata. Guyyoonni kun guyyoota

qorichaati jedhanii waan amananiif yeroo baay'ee guyyoota kanarra qoricha aadaa qopheessanii nama beellada dhibameef kennama. Mesfin, (1991: 34).

Haaluma kanaan Masfin yaada kana kenna, qoricha aadaa yeroo qopheessan guyyuma kanayyuu, ganama barii ka'anii qopheessu malee, irra caalatti guyyaa ykn galgala hinhojjetanu. Sababni isaas, qorichi aadaa afaan buleefi harka buleen yoo qophaa'ee kenname malee qoricha hinta'u ilaalcha jedhu waan qabaniifidha. Akka ilaalcha kanaatti namni tokko erga irribaa ka'een booda waanta cubbuu ta'e otoo hinbeekiinis ta'e beekee hojjetee ykn dubbatee yoo qopheesse qorichi kennamu sun dhukkuba fayyisuu hindanda'u jedhanii waan amananiif ganama barii ka'anii qopheessu.

Qorichi kun yeroo akkamii qophaa'uu akka qabus beektonni bakka lamatti qoodanii lafa kaa'u. Isaanis: otoo dhukkubaan hinqabamiin dura akka talaalliitti fudhachuufi erga dhukkubaan qabamanii booda fudhachuudha. Garuu, harkacaalu dhukkubaan erga qabamanii booda dhukkubicharraa fayyuuf akka fudhatan beekamaadha (WHO, 1983).

Akka biyya keenyaattis muuxannoorraa waanti beekamu erga dhukkubaan qabamanii booda qoricha aadaa fudhachuun yoo mul'ateyyu otoo dhukkubaan hin qabamiin fudhachuunis nijira. Akkaataa kamiin dhukkubsataan fudhachuu akka qabu akkasumas umurii faana akkamitti akka ilaalamu namoonni qorichicha hojjetanii kennan nihimu Fekadu,(2001:23).

### 2.1.2.3 Namoota Qoricha Aadaa Hojjechuu Danda'an

Qoricha aadaa kan hojjetu nama hunda miti. Nama qoricha sana beekuun hawaasa Keessatti muuxannoo fi beekamtii qabudha; Yookiin nama qoricha aadaa hojjetee kennuun dhukkubarraa namas ta'e beelLada fayyisuun beekamtii qabutu qoricha aadaa qopheessa.Akka WHO, (1983) fi Sofowara, (1982:42) ibsanitti, namni qoricha aadaa qopheessu nama hawaasa naannoo keessa jiraatuu keessatti qoricha sana biqiloota, bineensotaafi albuudota adda addaarraa tooftaa adda addaa fayyadamee haala jireenya hawaasummaa, aadaa, amantiifi fedhii hawaasaa giddu-galeessa godhateen qopheessee kennuun beekamtii qabu akka ta'e ibsa. Naannookeessa jiraannu keessatti namoonni qoricha aadaa hojjetan waantota jiruufi jireenya dhala namaa waliin walqabatan kan ilaalaniifi fayyummaa qaamaa, sammuufi hawaasummaa akkasumas madda

dhukkubichaafi dandeettii qaama dhukkubsataa giddu-galeeffachuun qoricha qopheessanii kennu. Hawaasa keessatti qoricha aadaa kan kennan qorichicha qopheessanii kennuun kan beekamtiifi dandeettii qaban irratti hundaa'uudhaani.

### 2.1.2.4 Akkaataa Qorichi Aadaa Itti Kennamu

Qoricha aadaa qopheessanii kan kennanu qoricha sana akkuma fedhanitti qopheessanii kennu osoo hintaane waa'ee dhukkuboota adda addaa akkasumas qaama biqilootaafi bineensotaa akkasumaas, albuudota qorichummaaf oolan sanaa muuxannoo yeroo dheeraa irraa kan argatan beekumsa qaban irratti hundaa'aniiti. Fakkeenyaaf, akka Assefa, (1992:61) ibsutti, "Herbalists seem to have some knowledge about the chemistry or the intrinisic characterstics of herbs becausea single medicinal herb could have a healing qualities in the roots, poisoning powers in the fruit or flower, relieving abilities in the stem or branches." jedha. Akka yaada kanaatti, namoonni qoricha aadaa beekan ykn kennan amala adda addaa qaamni biqilaa qorichummaaf oolu tokko qabu addaan baasanii beeku. Fakkeenyaaf, biqilaan qoricha aadaa irraa hojjechuuf tajaajilu tokko hiddi isaa waan dhukkubarraa nama fayyisu yoo qabaatu, firiin ykn abaaboon isaa ammoo suummaawaa ta'uu danda'a. Dameefi jirma isaa keessatti akkasuma waan dhukkubarraa hanga tokko nama fooyyessu qabatee jira.

Namichi looniifis ta'ee namaaf qoricha aadaa qopheessee kennu haala dhukkubsataan sun keessa jiru ilaaluu qaba. Yaada kana Michael, (1964:90) yoo ibsu, "The herbalist has to see his patients. He does not carryout a physical examination, but relies on the patients history of his illness, his description of the pain and the visible signs" jedha. Akka yaada kanaatti namni qoricha aadaa qopheessu dhukkubsataa nigaafata; ibsa dhukkubsataan waa'ee dhukkuba isaatii kennuufi waanta ijaan isaanirraa argamu irraa ka'uudhaan qorichi kennamaaf. Kun ammoo, barumsaan otoo hintaane muuxannoo irraa kan isaan baraa deemanidha.

### 2.1.2.5 Qoricha Aadaa Itti Fufsiisuuf Waantota Hojjetamuu Qaban

Qorichi aadaa faayidaa gama dhukkuba fayyisuuf, dinagdeetiin qabu akka salphaatti kan ilaalamu miti. Faayidaa irraa eegamu kana akka argamsiisuuf ammoo adeemsonni hordofamuu qaban nijiru. Akka Belachew, (1984:42) ibsutti: qorichi aadaa faayidaan gama dhukkuba fayyisuufi gama dinagdeen irraa eegamu akka argamsiisuuf haala itti fayyadamaa sirrii ta'e

hordofuu qaba. Haalawwan kunneenis kanneen armaan gadiiti:Gosti baalaa ykn waanti qorichummaaf oolu sana addaan baasuu; barreeffamni akkaataa qorichichi itti qophaa'uufi dhukkuba akkamiitiif akka kennamu ibsa qopheessuu; haala qabatamaa biyya tokko keessa jiru waliin akka deemutti qorichawwan aadaa kennaman keessaa kamtu dura kennamuu akka qabu saayinsiifi teknooloojii waliin walqabsiisanii ibsuu; qabeenya uumamaa qophii qorichaa aadaatiif madda ta'an kunuunsuufi biyyoota qoricha ammayyaa oomishanitti erguun buu'aan olaanaa akka argamu taasisuudha.

Mana wal'aansa ammayyaatti yaalamuufis maallaqa hedduu waan barbaaduufmaallaqicha dhabuun yaalii dhabuu danda'u. Qoricha aadaan yaalamuun garuu, fagoodeemanii barbaaduufi maallaqa guddaa baasuu isaan hingaafatu. Kanaafuu, baasiibittaa qorichaafi geejjibaaf oolu dhimma biraatiif oolfatu. Dabalataanis, mana ofiitii ba'anii baasii dabalataa addaddaatiif saaxilamuu irraallee nama oolchuu danda'a.Kanaafuu, qorichi aadaa otoo haalawwan armaan olitti ibsaman kanaan hojjetamee dhihaatee bu'aa gaarii argamsiisa.

### 2.1.3 Seenaa Qoricha Aadaa

Qorichi aadaa yoom akka jalqabame himuun rakkisaadha.Haata'u malee, durii jalqabee faayidaarra oolaa akka ture ni amanama.yaada kanaan wal qabatee: Hiikaan (2010:60) seenaa qoricha aadaa ilaalchisee yemmuu ibsu: "Yeroo Miniliki (1865-1913) manneen yaalaa lammiiwwan Raashiyaatiifi Xaaliyaaniitiin dhaabbatanii hojii jalqaban, qorichi aadaas tajaajila kennaa tureera," jedha. Akka yaada kanaatti qorichi aadaa seenaa dheeraa qaba yeroo mootummaa minilikiyyuu manneen yaalaa ammayyaan lammiilee biyyoota alaatiin yoo jalqabaniyyuu qorichi aadaa tajaajila bal'aa hawaasaaf kennaa tureera.Tajaajilli qorichi aadaa hawaasaa kennee fayyummaa isaanii eegaa ture sunimmoo har'as itti fufee waan jiruuf kan dagatamu miti.

Woldaa aadaa fi duudhaa Oromoo (2006:48) "Dhalli namaa duratti ijaafi midhaan mukarraa harca'an funaanee nyaataa ture; osoo nyaatuu muka qorichummaaf oolu adda baafate."jedha.

Akka yaada armaan oliitti yeroo durii dhalli namaa ija mukaa kan nyaatuuf qorichummaaf osoo hin taane, qoonqoodhaafidha; garuu, adeemsa keessa ija mukaa kana qorichummaasaa mirkaneeffate.

*The beginning of traditional medicine in Ethiopia is not accurately known, particularly in its recorded form, historians estimate that Ethiopian pharmacopeias may have existed as early as the fifteenth century. However, the easiest known text of Ethiopian traditional remedies is perhaps the Geez ‘Metsafe Fewus’ was written around the middle of seventeenth century. Another text ‘Metsafe Medhanit’, also written in Geez was published in eighteenth century. It contains thousands prescriptions for a wide range of diseases. According to him, the original versions might data back to the fourteenth or thirteenth centuries, if not older*. Fekadu, (2001:16)

Akka yaada kanarraa hubatamutti qorichi aadaa Itoophiyaa keessatti yoom akka jalqabe beekuun rakkisaadha; keessattuu, barreeffamaan.Garuu, haayyonni seenaa, tilmaamaan naannoo jaarraa 15ffaa akkaa jalqabe ibsaniiru.Haata’u malee, kitaabni qoricha aadaa irratti barreeffama Afaan Gi’iiziitiin ‘‘*መፅሐፈፈውስ*’’ jedhu tokko naannoo walakkeessa jaarraa 17ffaatti barreeffameera. Kitaabni qoricha aadaa biroon ‘‘*መፅሐፈመድሀኒት*’’ jedhus Afaan Gi’iiziitiin barreeffamee jaarraa 18ffaa keessa dhihaatee ture. Kitaabonni dhihaatan kunis ajajoota qorichoonni sun ittiin fudhataman ofkeessatti hammataniiru. Akka barreessaa kanaatti, waa’ee qoricha aadaa bifa barreeffamaan kaa’uun kan jalqabame garuu jaarraa 14ffaa ykn 13ffaa keessa akka ta’e tilmaamaama.

### 2.1.3.1 Qoricha Aadaa Ameerikaa

Akka toorri interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine irraa argame ibsutti:

*Traditional medicine (also known as indigenous or folk medicine) comprises medical aspects of traditional knowledge that developed over generations within various societies before the era of modern medicine. The World Health Organization (WHO) defines traditional medicine as "the sum total of the knowledge, skills, and practices based on the theories, beliefs, and experiences indigenous to different cultures, whether explicable or not, used in the maintenance of health as well as in the prevention, diagnosis, improvement or treatment of physical and* mental *illness” Traditional medicine is contrasted with scientific medicine.*

Akka yaada armaan oliitti qorichi aadaa qorichummaan isaa kan barame, ykn tajaajila kennuun isaa kan hubatame duratti adeemsa keessa hawaasa adda addaa biratti dhaloota kiristoosiifi argamuu qoricha ammayyaa duradha. Dhaabbanni fayyaa addunyaa (WHO) ‘n qoricha aadaa yemmuu ibsu beekumsaafi dandeettii waliigalaa, yaalii waliigalaa, yaada amantaafi muuxannoo aadaa adda addaa ture keessatti hawaasni kan beeku dhukkuba qaama ykn sammuu

ittisuuf,fooyyessuuf, fayyisuuf qorichi aadaa qoricha ammayyaa faana wal madaalaa ture jedha. Walmadaaluusaa kanammoo yeroo gabaatti bahee gurguramu suuraa armaan gadiirraa hubadhaa.




Traditional medicine in a market in Antananarivo, Madagascar (qoricha aadaa Madagaskaaritti gabaarratti dhiyaatee mula'atu)

Suuraa 8: toora interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine irraa gaafa 15/11/2011 qorataan fudhatame.

Toorri interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine itti fayyadama qoricha aadaa yoo ibsu akkas jedha:

> *Many countries have practices described as folk medicine which may coexist with formalized, science-based, and institutionalized systems of medical practice represented by conventional medicine.*[30] *Examples of folk medicine traditions are traditional Chinese medicine, traditional Korean medicine, Arabic indigenous medicine, Uyghur traditional medicine, Japanese Kampō medicine,traditional Aboriginal bush medicine, and Georgian folk medicine, among others*.

Yaada armaan olii yoo ibsinu biyyoonni adda addaa qoricha aadaa itti fayyadamuun yaalii taasisu. Dhaabbata woyii uumaniit bakka qoricha ammayyaa isumatti fayyadamu. Fakkeenyaaf, qoricha aadaa biyya: Chaayinaa, Kooriyaa, Jaappaanfi qoricha Buush, Joorjiifi kanneen biros nijiru.Haaluma kanaan yaalii namicha suuraa isaa argitanii ilaalaa.



Curandera performing a limpieza in Cuenca, Ecuador (yeroo yaaliin qoricha aadaa /itti fayyadamni isaa taasifamu)

Suuraa 9: toora interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine irraa gaafa 15/11/2011 qorataan fudhatame.

### 2.1.3.2 *Qorichaa* Aadaa Biyya Chaayinaa

Toora interneetii https://nccih.nih.gov/health/whatiscam/chinesemed.htm#hed2 akka jedhutti:

"Traditional Chinese medicine (TCM) has evolved over thousands of years. TCM practitioners use various mind and body practices (such as acupuncture and tai chi) as well as herbal products to address health problems." Jedha.Qorichi aadaa biyya Chaayinaa kan inni suuta suuta beekamaa dhufe waggoota kumaa ol ta'a. Qoricha aadaarratti yaaliin adda addaa taasifameet rakkoo fayyaa garagaraa ittiin hiikaa turaniiru.

Toora interneetii https://nccih.nih.gov/health/whatiscam/chinesemed.htm#hed2 irraa akka fudhatametti:

> *Traditional Chinese medicine (TCM) originated in ancient China and has evolved over thousands of years. TCM practitioners use herbal medicines and various mind and body practices, such as acupuncture and tai chi, to treat or prevent health problems. In the United States, people use TCM primarily as a complementary health approach. This fact sheet provides a general overview of TCM and suggests sources for additional information.*

Qorichi aadaa biyya Chaayinaa kan argame suuta suuta waggaa kuma tokkoon dura Chaayinaa durii keessadha. Qorichi kunis baalota adda addaarraa kan hojjetamandhukkuboota adda addaa ittiin namarraa ittisu. Haaluma kanaan qorichoota kana walitti qabaniit gabaatti baasanii gurguratu.



Suuraa10: Qoricha aadaa biyya Chaayina gabaatti baasanii gurgurataa jiranu toora interneetiihttps://nccih.nih.gov/health/whatiscam/chinesemed.htm#hed2kanarraa qorataan gaafa 15/11/2011 fudhatame.

### 2.1.3.3 Qoricha Aadaa Afrikaa

Akka toorri interneetiihttps://www.afro.who.int/sites/default/files/2017-06/ahm-special-issue-14.Jedhutti

> *Traditional medicine has been the main source of healthcare for the vast majority of people in the Economic Community of West African States (ECOWAS). It is currently estimated that between 70–80% of West Africans use traditional medicine for the management of both communicable and non-communicable diseases. In 2007, the West African Health Organization (WAHO) conducted a situational analysis to assess the level of development of traditional medicine in its member states.*

Akka ibsa armaan oliitti qorichi aadaa biyya Aafrikaa uummata Aafrikaa dhihaa irra caalaasaaniif dhukkuba ittisuudhaaf bu'uura ta'ee gargaareera.Uummanni dhiha Aafrikaa tilmaamaan %70-%80 ta'an qoricha aadaatti fayyadamee dhukkuba ofirraa ittisuun fayyaasaa

too'achaa tureera. Bara 2007 keessa dhaabbanni fayyaa Aafrikaa dhihaa miseensota isaatiif sadarkaa qorichi aadaa irra jiru haala yeroo sanaa xiinxalee babal'achaa jiraachuusaa sakatta'ee uummata isaa fayyadamaa gochaa, babal'isaa ture.



Suuraa 11: Toora intarneetii https://www.afro.who.int/sites/default/files/2017-06/ahm-special-issue-14.Irraa qorataadhaan fudhatame.

### 2.1.3.4 Qoricha Aadaa Biyya Aawurooppaa

Akka toorri interneetii https://www.ncbi.nlm.nih.gov/pmc/articles/PMC2206239/akka jedhutti:

> *Traditional medicine (TM) is a large comprehensive term generally used to refer to systems such as traditional Chinese medicine, Indian ayurveda and Unani medicine, and to various forms of indigenous medicine, but also in Europe there is a very long history of traditional medicine that has a respectable historical and scientific dignity, and many European citizens still rely and trust in it for resolution of many minor and sometimes severe diseases. For all these reasons we decided to organize a congress based on the concept of European Traditional Medicine (ETM).*

Akka yaada armaan oliitti biyya Awurooppaa keessatti yeroo dheeraaf bu'uura qoricha aadaa kan ta'e: qoricha aadaa Chaayinaa, Iindiyaa, qoricha Unaaniifi qorichoota tureeyyii adda addaati. Haata'umalee, Awurooppaa keessatti qorichi aadaa seenaa dheeraa qaba; seenaa boonsaafi deeggarsa saayinsawaa qaba.

Lammiileen Awurooppaa baay'een amma ammaatti qorichi aadaa akka furmaata dhukkubaa ykn dhukkuba fayyisuuf akka gargaaru itti amanu.Kanaafis sababni mana mare walitti qabuun /uummata ijaaruun hubannoon qoricha aadaa Awurooppaatti kennameera.




Suuraa12:Tooraintarneetiihttps://www.ncbi.nlm.nih.gov/pmc/articles/PMC2206239/irraa gaafa 15/11/2011 qorataadhaan kan fudhatame.

### 2.1.3.5 Qoricha Aadaa Biyya Itoophiyaa

Brief History of Traditional Medicine in Ethiopia

Toorri interneetii<u>https://ethnomed.org/clinical/pharmacy/ethiopian-herb-drug-interactions</u> akka jedhutti:

> *The first recorded epidemic that occurred in Ethiopia dates back to 849 following the expulsion of Abba Yohannes, the head of the Ethiopian church, from the land. The plague and famine that ensued was perceived as God's punishment for Yohannes' misdeeds. In a terrified letter to Abba Yohannes, the Ethiopian emperor wrote that "great tribulations have come upon our land, and all our men are dying of the plague and all of our beasts and cattle have perished" (Pankhurst, 1990)*



Suuraa 13: Toora interneetii https://ethnomed.org/clinical/pharmacy/ethiopian-herb-drug-interactions irraa gaafa 15/11/2011 qoricha aadaa biyya Itoophiyaa qorataadhaan fudhatame.

Akka yaada armaan oliitti qoricha aadaatiin wal qabatee daataa/odeeffannoon yeroo jalqabaatiif Itoophiyaa keessatti galmaa'ee jiru tokko yoo ibsu, qoricha kana fayyadamuuf namoota 849 tu namicha aabbaa Yohaannis jedhamu hordofaa ture. Namichi kunis dura bu'aa mana amantaa ture. Yeroo sana dhukkubsachuufi nyaanni dhabamuun akka adabbii waaqarraa dhufeetti ilaalamaa ture. Kunis kan ta'e yakka Yohaannisiini jedha. Hooggansi yeroo sanaa akka jedhetti rakkoo cimaan gara lafa kanaatti dhufeera namoonni keenya hundi dhukkubaan dhumaa jiru; loon keenyas barbadaa'aa jirti jechuun yaada kenne.Rakkoo kanarraa ka'uun yeroo sana uummanni dhukkubarraa fayyuuf fala waan barbaaduuf qoricha aadaa barbaaddatee itti fayyadamuun isaa dirqama ta'ee waan argameef barbaaddatee itti fayyadamuu eegale.

Toorri interneetiihttps://ethnomed.org/clinical/pharmacy/ethiopian-herb-drug-interactions akka jedhutti:

> *Ethiopian traditional medicine is vastly complex and diverse and varies greatly among different ethnic groups. Most traditional medical practices in Ethiopia rely on an explanation of disease that draws on both the "mystical" and "natural" causes of an illness and employ a holistic approach to treatment (Bishaw, 1991).*

Yaanni armaan olii akka jedhutti qorichi aadaa Itoophiyaa garee saba adda addaa keessatti baay'ee bal'aa fi walxaxaadha. Itoophiyaa keessatti yaaliin qoricha aadaa yoo ibsame kan inni

beekamu karaa amantaafi uumamaati kunis kan barame sababa dhukkubaafi yaalii waliigalaa barbaaduutiini.

## 2.1.4 Faayidaa Qoricha Aadaa

Faayidaan qoricha aadaa hawaasa tokkoof kennu salphaa miti. Dhalli namaas ta'e beelladni erga dhukkubaan qabamanii booda yoo qorichi kun kennameef dhukkubarraa nifayyu. Otoo dhukkubaan hinqabamiin dura yoo kennameefis akka dhukkubaan hinqabamne isaan gargaara.

Sofowara (1982:26) faayidaa qoricha aadaa akkas jedha: "Traditional medicine like western or Orthodox medicine aims at healing or preventing disease. In this aspect, both types of medicine have the same objectives, but they differ in their concept of the cause of disease, their approach to healing, as well as in the healing methods used."

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa akkuma qoricha biyyoota lixaa ykn akkuma qoricha Ortoodoksii dhukkuba fayyisuu ykn ammoo akka dhukkubaan hinqabamne ittisuu irratti xiyyeeffata.Kaayyoon lamaanuu tokkodha. Garuu, sababiiwwan dhukkuboota sanaa, akkaataa isaan dhukkuboota sana ittiin fayyisaniifi kkf addaddummaa qabaachuu danda'a. Kanarraa waanti hubatamu kaayyoon qorichoonni adda addaa kennamaniif tokko yoo ta'u haalli isaan itti dhukkuboota fayyisan, haalli isaan itti qophaa'aniifi haalli isaan ittiin nama dhukkubsateef kennaman garaagara ta'a.

Namas ta'e beelladoota erga dhukkubsatanii booda dhukkubarra fayyuuf ykn osoo hindhukkubsatiin dura dhukkuba ofirraa ittisuuf qoricha bifa adda addaan qophaa'e akka kennamuuf ragaaleen hedduun nimul'isu.Qorichoota haala adda addaa keessatti kennaman kana keessaa qorichi aadaa isa tokkoofi isa bu'uuraati. Yaada kana Fekadu (2001:3) yoo ibsu "The usefulness of plants in medicine can be appreciated by obseving the sources of modern drugs that are widely used today" jedha. Akka yaada kanaatti qorichi aadaa ykn biqiloonni qoricha aadaa irraa hojjechuuf tajaajilan qoricha ammayyaa irraa hojjechuufillee yeroo ammaa kanatti bal'inaan tajaajilu. Kanaafuu, qorichoonni ammaayyaa hedduun bu'aa biqilootaafi bineensotarraa argaman waan ta'aniif biqiloonniifi bineensonni qoricha aadaa tolchuuf fayyadan qoricha ammayyaa qopheessuu keessattis iddoo olaanaa akka qaban agarsiisa.

Akkuma armaan olitti ibsametti dhaabbileen adda addaa qoricha ammayyaa oomishanis waantotuma uumamaan dachee kanarra jiranirraa hojjetu.Yaada kana ilaalchisee Fekadu (2001:4) yoo ibsu, "…various laboratories in academic, private institutions and industry throughout the world are following up on leads from natural resources (plants, marine organisms, etc) to discover potential drugs for combating diseases" jechuudhaan ibsa. Akka yaada kanaatti laabooraatoroonni (kutaan yaalii) dhaabbilee barnootaa, dhaabbilee dhuunfaafi indastiroota adda addaa keessa jiran waantota uumamaan jiran kanneen akka biqilootaa, bineensota bishaan keessa jiraataniifi kkf irraa qoricha garaagaraa dhukkuba ittisuuf ykn fayyisuuf ga'umsa qaban hojjechuun dhukkuboota irraa namaafi beellada fayyisu.Qorichoonni har'a addunyaa irratti tajaajilan walakkaanis qorannoolee qoricha aadaa irratti taasifaman irraa akka argaman dabalee ibseera. Haaluma kanaan, qorannoo biqiloota madda qoricha aadaa ta'anii tajaajilan 120 irratti geggeeffame keessaas biqiloonni % 74 ta'an qoricha ammayyaa har'a addunyaan itti fayyadamtu irraa oomishuuf bu'uura akka ta'an John fi Sons (2002) dabalanii ibsaniiru. Kun ammoo, biqiloonni qoricha ammayyaa irraa oomishuuf bu'uura akka ta'an nuhubachiisa.

Qorichi aadaafi qoricha ammayyaa kaayyoo tokko qabu. Innis dhukkubsataa fayyisuudha.Yaada kana James (2000:607), "Superficially, from the biomedical point of view, [they] may appear to share the same goal, that is, the 'cure' of the patient..." jedha. Ija ogeessa qoricha ammayyaatiin irra keessa isaa yoo ilaalle qorichi aadaafi qorichi ammayyaa kaayyoo tokko waliin qooddatu.Innis dhukkubsataa fayyisuudha. Akka Watson (1984:11) ibsuttis, "… there is at least one likeliness between the aims of modern and folk medicine: experientially, the work of the doctor (medical) is first of all concretely directly to the solution of a practical problem, just like the work of the with doctor," jedha. Yaadni kunis ogeessa qoricha aadaafi ogeessa qoricha ammayyaa kan walfakkeessu lachan isaaniiyyu dhukkubaaf fala barbaadu yaada jedhu calaqqisiisa. Watson (1984) itti dabalee, akkuma ogeessonni qoricha ammayyaa gosa ogummaa garaagaraatiin leeji'an namoonni qoricha aadaa hojjetanis gosa qoricha aadaa hunda isaa walqixa hinbeekan.Kan inni tokko sirriitti beeku inni biroon sirriitti beekuu dhiisuu mala jechuudha jechuun ibsa.

Otoo qorichi ammayyaafi seerri qoricha kana ittiin fudhatan addunyaa kanarra hinjiraatiin dura hawaasni aadaa garaagaraa ofii keessa jiraatu akkasumas muuxannoofi beekumsa itti fayyadama

qoricha aadaa dhalootaa dhalootatti darbaa dhufe fayyadamuun qoricha aadaatti dhimma ba'aa ture (Fekadu, 2001).Kanarraa waanti hubatamu, otoo qorichi ammayyaa tajaajila kennuu hinjalqabiin dura hawaasni addunyaa qoricha aadaatti fayyadamaafi dhukkubarraa ittiin fayyaa akka turedha. Kun ammoo, qorichi aadaa qoricha ammayyaafuu bu'uura akka ta'eefi bakka olaanaa akka qabu kan mul'isu keessaa qabxii tokkodha.Itoophiyaa keessumattuu baadiyyaa keessatti uummanni % 80 ta'u qoricha aadaatti gargaarama (Fekadu, 2001). Akka yaada kanaatti irracaalaan uummata Itoophiyaa keessaayyuu uummanni baadiyyaa qoricha ammayyaarra qoricha aadaatti fayyadamee fayyummaasaa eegaa ture. Yaada kana karaa biraan Teshomeen, (2005:20) yoo ibsu:

> *…especially in the developing countries where traditional ideas and notions prevail, health care institutions are not sufficiently developed, and the economic standards of the people are low, health problems need to be treated not only through the application of modern scientific medicine but also by way of traditional healing practices which are closer to t he day to day activities and the general belief systems of the local people*, jedha.

Akka yaada kanaatti, keessumaa biyyoota guddataa jiraniifi aadaan bakka olaanaa qabu keessatti dhaabbileen fayyaa hinbabal'anne; galii uummanni qabus baay'ee gadaanaadha. Kanaafuu,namni fi beelladni dhukkubsatanii qoricha saayinsawaa qofaan yaalamu otoo hintaane akka aadaafi amantaa hawaasa naannootti qoricha aadaa sochii guyya guyyaan taasifamu keessatti naannoo jireenya isaaniitti argataniin yaalamanii fayyu. Kun ammoo, baasii hedduurraa isaan oolcha.Tokkoffaa, namni tokko yoo dhukkubsateyaalamuuf naannoo tokkorraa gara naannoo manni qoricha ammayyaa jiru deemuuf geejjiba isa barbaachisa; imaluufis, maallaqa isa barbaada.Maallaqa ittiin yaalamu waan isa barbaachisuuf maallaqa dhabee otoo yaalii hinargatiin illee du'aaf saaxilamuu danda'a. Sababa fageenyaa irraa kan ka'e mana qorichaa hankaakanii miidhamuunis rakkoo ta'uu danda'a. Fekadu, (2001) yoo ibsu, Itoophiyaan biyya aadaafi qoricha aadaa adda addaatiin badhaateefi Magaalota gurguddoo kanneen akka Finfinnee, Adaamaa, Naqamtee, Jimmaafikkf dabalatee kutaa biyyattii hunda keessatti biyya qorichoonni aadaa waantota garaagaraa irraa hojjetaman dhoksaa tokko malee itti gurguramanidha.

Fileen, (2016:39) yaada Fikadu, (2001) akka jiruun yemmuu kaa'u akkas jedha:

> *Traditional medicine has been used in Ethiopia for several "Centuries to be widely used to these days, in particular in rural areas, where modern health care revises*

> *are in adequate, or not readiy accessible.As in most other developing countries, the majority of Ethiopian population rely on medicinal plant and other traditional medicinal practices to alleviate their ailments and improve their health.*

Baanuun armaan olii akka ibsutti, bu'aa beekumsa muuxannoo hawaasaa kan ta'e qorichi aadaa biyya keenya keessatti, keessumattuu qorichi ammayyaa osoo hin beekamiin uummata baadiyyaa hedduu biratti dhibee adda addaa ittiin fayyisuudhaaf daran itti fayyadamaa ture. Hanguma har'aattuu qorichi aadaa fayyaa hawaasaa eeguu keessatti gahee olaanaa qaba. Fakkeenyaaf, budaan ykn amajaajiin nama yoo nyaatte ykn ayyaana namaa yoo qabde Oromoon biqiloota kanneen akka: qarabichoo, cilaattamaa budittii shakkamtutti aarsuudhaan akka isheen buustu, dhukkubsataa gadi dhiistu taasisu; yookiin gogaa waraabessaa itti aarsuudhaan fayyisuuf qoricha aadaa qorachuun daran murteessaadha.

Akka toorri interneetiihttps://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-44249361 jedhutti: Yaa'iin Dhaabbata Fayyaa Addunyaa miidhaa summii bofaa qolachuurratti xiyyeeffatee akka hojjetu beeksise. Addunyaarratti namoonni kumaatamaan lakkaawwaman bofaan hiddamanii du'u, rakkoon akkasii heddumminaan biyyoota Afriikaa Sahaaraan gadii keessatti mudata. Dhaabbatichi akka jedhutti rakkoon fayyaa namaarra summii bofaatiin ga'aa jiru biyyoota kanneen keessatti xiyyeeffannaa hin arganne ture. Kaayyoon labsii haaraa kun biyyoonni akkaataa ittisaa, yaalaa fi to'annaa summii bofaarratti akka hojjetaniifidha. Gareen fayyaa dhala namaaf quuqaman labsiin kun namoota bofaan hiddamaniif furmaata kaa'eera jechuun jajaniiru. Dhaabbati kun biyyoota Afriikaa Sahaaraadhaan gadi jiran kanneen biyyoota hiyyeeyyii keessa jiraataniif qorichi farra summii bofaa akka dhiyaatuuf gaafateera. Hiyyummaa fi hanqina tajaajila fayyaa lubbuun namoota naannoo kanaa summii bofaatiin akka badu taasiseera, kaanimmoo qoricha aadaa kan ofumaayyuu miidhaa lubbuusaaniirraan ga'u waan fayyadamniif jireenyi isaanii yaaddoo keessa jira. Tarsiimoo haaraan kun wayita bofti nama hiddu akkaataa dafanii to'achuun danda'amurratti leenjiin akka kennamuufi iddoowwan balaan summii bofaa itti heddummaatuuf tajaajila wal'aansa duraa kennuurratti kan xiyyeeffateedha.Addunyaarratti waggaa waggaan namoonni kuma 100 caalan bofaan hiddamanii du'u, kanneen keessaa harki 20ni Afriikaa irraati. Baay'inni namoota bofaan hiddamanii qaama hirdhatanii gara miiliyoona walakkaa ga'eera, kunimmoo fedhiin tajaajila fayyaa akka dabalu taasiseera. Haaluma kanaan QA osoo hin jiraannee, summii bofaa kanarraa fayyuun waan hin danda'amneef, qorichisaa

baadiyyaa adda addaa keessatti akka argamu sirriitti amansiisanii labsuudha. Akka yaada kanaatti dhabbanni fayyaa addunyaa rakkoowwan summii bofaa kanaan namoonni dhumaa jiran giddugaleessa taasifatee keessumaa, biyyoota Afriikaa keessatti rakkoo hamaan gahaa waan jiruuf, xiyyeeffannoon itti kennamee ,ittisaa fi yaalii summii bofaarratti akka hojjetamu labseera. Haaluma kanaan qorichi summii bofaa kanaaf ta'us QA waan ta'eef,qorichi kunis karaa nama miidhuu hin dandeenyeen, akka kennamu ciminaan irratti hojjetamuu akka qabu kaasa.Karaa biroo dhimma kanarratti leenjiileen garagaraa, leenjiin ittisa isaallee akka kennamu ni kaasu.



Suuraa 14: Bofa summii qabu.Toora interneetii,https://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-44249361 irraa gaafa 20/8/2011 qorataan kan fudhatame.

## 2.2 Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate

Yaaxxinni daandii yookiin kallattii qorannoowwan fookloorii ittiin qaacceffamanidha. Bu`aa kallattiin beekumsa tokko argamsiisuu qabuufi daandii inni beektota /hayyootatti agarsiisuu qaburratti bu`uuruun/hundaa'uun hayyuun Dorson, R, (1972) jedhamu yaaxxinaalee afoolaa jiran haala yeroo ammaa keessatti fudhatama qabaniin bakka garaa garaatti qooda: Isaan kanneen keessa muraasa kan mata duree qorannoo kootii waliin walitti dhufeenya qaban gaggabaabsee dhiyeessera

### 2.2.1 Yaaxxina Aadaa Hawaasaa

Yaaxxinnikan madde qu`attoota duudhaa kan ta`an kanneen akka Iorwerth Peate, Don Yoder fa`iini. Kaayyoon afoola kanaas, afooleewwan kaan keessatti hubannoon duudhaafi aadaa hawaasaa akka cimu taasisuudha; bu`aan hawaasaa (waantota hawaasaan uumaman) xiyyeeffannoo argachuu qabaan yaada isaaniiti.

Akka yaadayaaxxina kanaatti qu`annoon hammayyaa ta`e yaaxxina qofaa kan giddu- galeessa godhate miti. Odeeffannoo dirree kanneenwaan seenaa durii, waan durii irra deebi`anii fayyaduu, xiinsammuu hawaasaa akkasumas gama faayidaa isaatiin waa`ee afoola sanaa kan agarsiisudha.

Kanaafuu, qu`annoon afoolaa waan aadaa, duudhaa, faaya aadaa, akkasumas, qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba yaada jedhunuttiagarsiisa.Haaluma kanaan qabiyyeefi itti fayyadamni qoricha aadaa kun duudhaa hawaasaa keessaa isa tokko waan ta’eef irra caalaatti yaaxxina kanaan baay’ee walitti dhiyaata.Hawaasni qoricha aadaa duratti waan itti fayyadamaa tureef, ammas itti fayyadamaa waan jiruuf, qabeenya uummatichaas waan ta’eef xiyyeeffannoonitti kennamuu qaba.

### 2.2.2 Yaaxxina Faayidaa

Akka yaaxxina kanaattii fooklooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata.

Yaaxxinnikun kan bu`uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo ‘verbal art’ jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan giddu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila fooklooriin gara garaa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon dhugaa qara, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguunwaan baramoo ta`an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa.

Yaaxxinni kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan afoolaa biroon hojiirra ooluu nidanda`a. Akka namni Bogatyrev jedhutti “The functional method expands the

subject matter of ethnography.”  Warabbiin Kunis, malli faayidaa afoolli saba tokkoo akka gadi fageenyaan haala saayinsaawaa ta`een ibsamuuf kan tajaajiludha yaada jedhu ofkeessaa qaba.

Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha. Waan kana ta`eefis, Akka yaaxxina kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u; qu`annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin geggeessamuu qaba.Haaluma kanaan qorichi aadaas faayidaa haawaasaa waliin waan wal qabatuuf yaaxxinni kun mata duree qorannoo kootiitiin wal sima.

## 2.3 Sakatta’a Qorannoowwan Walfakkii

Assefa Balcha, (1992) Yuunivarsiitii Addis Ababaatti qorannoo digirii lammaffaa; qorannoo isaa qorichoonni aadaa Walloo murtaa’oo ta’an amalaafi seenaa akkamii akka qabanirratti kan geggeesse yoo ta’u, qorannoon isaa kunis qorichoonni kunniin amala mata mataa isaaniifi seenaa dheeraa qabaachuu isaanii ibsuudhaan amaloota tokko tokkoon qorichoota aadaa kunneen qaban bakkaa bakkatti garaagarummaa akka qabu qorannoo isaatiin mirkaneesseera. Kan kootiin kan tokko isa taasisu qorichummaa aadaa yoo ta’e; garaagarummaan isaa ammoo, kan isaa amalaafi seenaa qorichichaatu qoratame; kan koo ammoo, waan qorichichi irraa hojjetamu/akkaataa qophiisaafi faayidaa isaarratti xiyyeeffate.

Rabbirraa Tarrafaa, (2003) Yuunivarsiitii Wallaggaa digirii jalqabaa ittiin hojjete, hawaasni Naqamtee aadaafi barsiifata hawaasummaa hedduu qabu keessaa haalli itti fayyadama qoricha aadaa baay’ee beekamaafi barbaachisaa akka ta’e, qorannoo kanaan irra ga’eera. Tokkummaan isaa itti fayyadama isaa yoo ta’e; garaagarummaan isaa ammoo, kan qorataa kanaa biqilootaafi bineensotarratti yoo xiyyeeffate, kan isaa ammoo biqilootarratti xiyyeeffate. Kan biroon kan adda baasu,kan isaa haalli itti fayyadamaa nama qofaarratti xiyyeeffate;kan qorataa kana ammoo itti fayyadama  kan  namaafi  bineensotaarratti  xiyyeeffata.

Mokonnin Abbabaa, (2013) Yuunivarsiitii Harammayaa qorannoo digirii lammaffaa guuttachuuf hojjetamedha. Qorannoon isaa kan irratti xiyyeeffatu, walitti dhufeenya hawaasaafi biqiloota qorichi aadaa irraa hojjetamaniifi hawaasni akkamitti akka itti fayyadamanirratti xiyyeeffata. Raagaa ykn dookimentii walitti qabee qorichoota aadaa biqilootarraa hojjetamanii namaafi

beelladoota yaalan/fayyisan adda baasuurratti hojjete. Kan qorataa kanaatiin kan wal fakkeessu, qorichoota aadaa namaafi beelladootaaf ta’an adda baasuu yoo ta’e, kan adda taasisu ammoo, xiyyeeffannoon qorannoosaatii biqiloota qofaarratti; kan qorataa kanaammoo biqilootaafi bineensotarratti.

Teshome Dura, (2005) Yuunivarsiitii Addis Ababaa Qorannoo Digirii Lammaffaa, qorichoonni aadaafi qorichoonni ammayaa naannoo Waliisootti qophaa’an dhukkuba fayyisuu irratti akkamitti akka waldeeggeraniifi akkamitti akka walfaallessan ifa gochuurratti fuulleffatee qorannoo isaa geggeesse. Qorichoonnii aadaafi qorichoonni ammayyaa gama dhukkubarraa namoota fayyisuun walfakkeenya yoo qabaataniyyuu gama birootiin ammoo qorichoonni aadaa dhukkuboota qorichoonni ammayyaa fayyisuu hindandeenye akka fayyisan qorannoo isaatiin bira ga’eera.Kan kootiin tokko kan taasisu, xiyyeeffannoo qoricha aadaati; kan adda taasisu ammo,kan koo qoricha aadaa qofaarratti xiyyeeffata,kan isaa QA fi kan ammayyaarratti xiyyeeffata.

# BOQONNAA SADII

## 3. MALA QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti mala qorannoon kun itti gaggeeffame kan ilaalludha. Kunis, haala waliigala qorannichaa, filannoo iddoo qorannichaa, filannoo hirmaattotaa, maloota odeeffannoon itti funaanamefi xiinxalame fa'an kan itti dhiyaatedha. Kana malees, xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e dhimma xiinxala qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa ilaalchisee madda ragaa eessaa akka argame, mala ragaan ittiin funanameefi akaakuu meeshaalee funaansa ragaaleef oolantu kawwame.

Haayyoonni malleen qorannoo adda addaa akka jiran himu.Isaan keessaa tokko mala qorannoo akkamtaa/qulqullinaa (qualitative method). Addunyaan, (2011:60), Tim,(2002) fi Sigh,(2007) wabeeffachuun malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasichaa yookaan amala hawaasa sanaa akkaataafi bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas, maal jechuu akka ta`e kan ittiin xiinxalamu ta`uu ibsa.Haala kanaan, anis mala kana fayyadamuudhaan mala qorannoo addeessaa (descriptive research) hojiirra oolcheera. Malli qorannoo addeessaa hiika bu`uuraa ibsuufi tarreessuun maaltu akka ta`e, maaltu akka ta`aa jiru kan ittiin addaan baafatu akka ta`e ibsa, gaaffilee adda addaa kaasuudhaan gadifageenyaan addeessee kan ibse. Dastaa, (2013:39); Addunyaa, (2011:62). Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaa inni ijoon qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa Uummata aanaa jibaat xiinxaluu waan ta`eef, qorannoo kana keessattis odeeffannoon argame lakkoofsaan osoo hintaane jechootaan kan ibsamedha. Kan biroon gosoota qorannoo qulqullinaa ilaalchisee, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa aadaa hawaasaarratti. Sababiin isaas qorannoon kun kan gaggeeffamu hawaasa keessa galaniiti waan ta'eefi. Haaluma kanaan Dastaan, (2013:31) yoo ibsu, "Qorannoon aadaa hawaasaarratti xiyyeeffatu aadaa hawaasa murtaa'ee bakka jirutti ibsuudha. Anis haala hawaasa keessaa kallattiidhaan deemee dhimma irratti kaayyeffate sana gadifageenyaan qorata." jedha.

Akka yaada armaan oliitti qorichi aadaa hawaasa keessatti waan argamuuf, kallatumaan hawaasa bira deemuun qabatamaasaa arginu malee qorachuu hin dandeenyu.Haaluma kanaan qorannoo kanaafis yeroo odeeffannoon funaanamu hawaasa aanaa jibaat bira qabatamaan gahuun odeeffannoon dhugaa funaanameera.

## 3.1 Irraawwatamtoota

Qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo ta'anii kan odeeffannoon irraa funaaname, hawaasa aanaa jibaat keessa jiraatanu keessaa namoota qoricha aadaa qopheessuu beekanu akkasumas, qoricha aadaatti fayyadamanii dhukkubarraa fayyanii kan beekanudha.

### 3.2 Filannaa Iddoo Qorannichaa

Namoonni qoricha aadaa beekan kan argaman aanaa Jibaat keessaatti ganda: Maaruu Jibaat, Maaruu Gajjaa, Shanan 01, Muunyoo Abbayyii, Maaruu Kombolchoo, Gomboo fi Tuuttuu Jibaat jedhamanutti yoo ta'u; aanaalee olla keessaammoo aanaa noonnoo keessatti ganda Ttaltallee fi beerreeti; gandi kunis kan filatame, odeeffannoo darbaadabarsaatiini. Dabalataanis, sababan hawaasa sana keessatti dhaladhee guddadheef safuu, aadaa, duudhaa, sirnaafi namoota odeeffannoo naa kennuu danda`anii sirriitti kanan beekuufi adeemsa raawwii kanaa sirriitti gaafadhee odeeffannoo argachuu fi suuraa kaasuuf carraa guddaa waanan qabuufidha.

Haala naannoofi namoota odeeffannoo kennan sirriitti beekuun caalaatti qorannichi gaarii akka ta`uuf ni gargaara. Haala kana ilaalchisee Mac Donald, (1972:413-414) haala qorannichaa duraan dursanii haala iddoo sanaa beekuufi beekuu dhabuurratti hundaa`a jechuun ibsa. Kanaafuu, anis naannoo sanaafi haala itti fayyadama qoricha aadaa kanaaf haaraa waan hintaaneef odeeffannoo gahaa hawaasa naannoorraa salphaatti akkan argadhuuf na gargaare.

## 3.3 Mala Filannaa Iddattoofi Hirmaattota Qorannichaa

Anis, hirmaattota qorannichaa kanan filadhu mala iddattoo garagaraa lama fayyadamuudhaani. Malleen iddattoo kunis, iddaattoo itti yaadee (purposive sampling) fi mala iddattoo darba dabarsaa/eerummaa (snowball sampling) ti.

### 3.3.1 Mala Iddaattoo Itti Yaadee/Akkayyoo

Anis, namootan raawwii kenniinsa qoricha aadaa beeku jedhee itti amane filadheera. Haala kanas, Kumar, (1999:162) yoo ibsu, qorataan mala iddaattoo akkayyoon odeefkennitoota filatu, qorannicha fiixaan baasuuf odeeffannoo gaarii kennuu kan danda`an jedhee yoo itti amanu ta`uu ibseera.

Dastaan, (2013:136) Iddattoo itti yaadee yoo ibsu akkas jedha: “Qorannoo qulqullaa’inaa keessatti mala kana iddatteeffachuun kan barame. Yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaanneetuma filanna.” jedhe. Haaluma kanaan anis deeb-kennitoota qoricha aadaa kana beekanu odeeffannoo dhagahee ergan adda baafadhee booda odeeffannoo gahaa naaf kennu jedhee waanan itti amaneef namoota 25 keessaa mala kanaaf, namoota qoricha aadaa beekan, 18 (kudha saddeet); kan dhukkubsatanii QA tiin fayyan namoota 3 (sadii) filadhee itti fayyadameera.

### 3.3.2 Mala Eerummaa / Darbaa Dabarsaa/

Akaakuun iddaatteessuu kanaa darbaa dabarsaan odeeffattoota filachuun odeeffannoo kan funaanuudha. Mala iddaattoo kanas, Addunyaan, (2011:67) hayyuu Denscombe, (2007) wabeeffachuun yoo ibsu, “with snowball sampling, the sample emerges through a process of reference from one person to the next” jedha. Akka yaada kanaatti iddatteessuun eerummaa kun nama namarraan odeeffattoota filachuun kan odeeffannoo irraa argannudha.

Dastaan, (2013:136) “Iddattoon eerummaa, gosoota iddattoo mit-carraa keessaa isa tokko ta’ee, hirmaattota namni eeruudhaan filatama. Malli kun kan tajaajila kennu hirmaattota argachuun yoo rakkisaa ta’edha.” jedhe.

Kanaafuu, anis bu`uuruma kanaan deeb-kennitoota sirna kenniinsa qoricha aadaa beekan namoota naannoo qoricha aadaa kana beekan keessaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga`u jedhamanii kanneen yaadaman filadheera. Haala kanas hojiirra otoo hinoolchiin dura odeeffannoo kennitoota kanniin argachuuf dursa hojjettoota Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Jibaat waliin mariin taasifameera. Sana booda eeruun waajjirichaa erga naa kennamee namoota 4(afur) aanaa noonnoo ganda Taltalleefi beerreetti argadhee odeeffannoo irraa fudhadheera.

## 3.4 Maloota Odeeffannoon Ittiin Sassaabaman

Qorannoo kana gaggeessuuf madda odeeffannoo lamarraa guurame. Isaanis: madda ragaa tokkoffaa kan gara aloolaatti (field work) bahanii odeeffannoo guuruu yoo ta`u, inni lammaffaan mana kitaabaa keessatti mata duricha waliin walitti dhufeenya kan qaban sakatta`amee kan argamedha.

Gara aloolaatti bahanii hojii qorannoo otoo hingaggeessiin dura mana kitaabaa keessa taa`uun hojiilee aloolarratti hojjetamuu qaban haala adeemsaafi tartiiba isaatiin yaaduufi wixinuun barbaachisaadha. Haala kana ilaalchisee Mac Donald, (1972:408) yoo ibsu, namni baay`een jechuun nidanda`ama, gara naannoo aadaan badhaadhetti deemuun wantoota barbaachisoo ta`an hedduu argachuu nidanda`a. Haata`u malee, odeeffannoon aloolaa seeraan waraabame kan jalqabu mana kitaabaa keessa kan jiru minjaala irratti dubbisanirratti akka ta`e ibseera.

Gara aloolaatti bahuun malootni odeeffannoo fookloorii barbaachisoo ta`an karaa adda addaa sassaabameera. Maloota qorannoo aloolaa ilaalchisee, Fekade, (1991:90) yemmuu ibsu, qorannoon aloolaa karaa adda addaa sadiin adeemsifamuu nidanda`a. Isaanis: daawwannaa, afgaaffiifi marii garee jechuun tarreessa.

Gama biraan, Goldstein, (1974:77) qorataan aloolaarratti qorannoo gaggeessu odeeffannoo tooftaafi maloota adda addaan walitti qabachuu danda`us daawwannaafi afgaaffiin baay`ee barbaachisaa akka ta`e tuqeera. Qoratichis, odeeffannoowwan maloota kanneen sadeeniin: daawwannaa, afgaaffiifi marii gareen walitti qaba.

### 3.4.1 Af-gaaffii

Af-gaaffiin gosoota funaansa odeeffannoo keessaa tokko yoo ta’u, adeemsa qorataan iddootti argamee namoota odeeffannoo irraa argachuu danda’uuf gaaffii dhiyeessuudha. Afgaaffiin meeshaa funaansa ragaa odeeffannoo baay’ee murteessaa ta’e bifa gaaffii banaa ta’een gaafachuudha. Af-gaaffiin qorannoo qulqulleeffataa keessatti meeshaa funaansa ragaa murteessaadha. Haaluma kanaan, mataduree “Xiinxala Qabiyyee Fi Itti Fayyadama Qoricha Aadaa Aanaa Jibaat,” jedhu irratti odeefkennitoota hirmaachisuun ragaan funaanameera. Odeef kennitoonni ragaa qorannichaas hawaasa aanaa jibaatidha. Namoota kanneeniif afgaaffiin dhiyaateef gaaffilee 10 (kudhan) yoo ta’u, akaakuun gaaffilee kanniiniis afgaaffii banaadha. Gaaffileen kunniinis dabalee jala kaa’amaniiru. Namoonni af-gaaffiin dhiyaateef ammoo, namoota 25 keessaa, namoonni 22 (diigdamii lama) warra qoricha aadaa beekanidha; isaanis dhi-16, du-6; warri dhukkubsatanii qoricha aadaa fudhatanii fayyan ammo, 3(sadii) dhiira-3 dha. Namoonni kunniin odeeffannoo naaf kennan: gandaan, saalaan, umuriin, sadarkaa barnootaatiin adda bahanii dabalee jalatti eeramaniiru. Kan biroon, afgaaffiin gaaffiin 5 (shan)

namoota dhukkubsatanii qoricha aadaa fudhatanii fayyan namoota 3’ iif, dhiyaateera. Kanas dabalee jalaa argattu.

### 3.4.2 Marii Garee

Qorannoo fookloorii abbummaan hawaasa bal’aa ta’e bifa qaama hawaasaa bal’inaan hirmaachiseen ragaa funaanuun murteessaadha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti mariin garee daran barbaachisaadha. Qabanni, namoota kallattiidhaan qorannicha keessatti ga’ee olaanoo qaban hawaasa walitti fiduun yaada dhiyaaterratti walfalmaafi walqajeelchaa odeeffannoo barbaadameefi ga’aa ta’e kennuu waan dandeessisuuf Filee, (2016:63). Haaluma kanaan, Jaarsolii /jaartolii, gaheessotaafi dargaggoota gurmeessuun yeroo adda addaatti qabxiilee marii qophaa’an irratti namoota 25 (diigdamii shan) filataman keessaa, 11(kudha tokko) gareen mari’ataniiru. Isaanis,dhi-9, du-3 dha. Anis, odeeffannoo marii garee irraa argame barreeffachuufi waraabuun odeeffannoo argame walbira qabuun xiinxalee dhiyeesseera. Gaaffileen marii garee kunis dabalee jalatti eeramaniiru.

### 3.4.3 Daawwannaa

Daawwannaan mala odeeffannoon ittiin funaanamuu keessaa tokko ta‘ee bifa ittiin qorataan tokko qaaman argamee daawwachuun odeeffannoo funaanudha. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee waanta qorannicha irratti gaggeessu sana hordofa. Qoratichi waan hawaasni dalagan, akkaataa itti dalagan, hasawaa isaanii, sochii isaanii, sirriitti ilaaluufi dhaggeeffachuun galmeeffata. Dastaa, (2013:118)

Haaluma kanaan anis qoricha aadaa irratti hirmaannaa guutuu taasisuun eenyu akka qopheessu, yeroo akkamii akka qopheessu, qorichoonni qophaa’an adda baasuun hubannaa gahaa argachuuf yoomeessa dhugaa keessatti argamuun ragaan funaane xiinxala qorannoo koo keessatti fayyadameera. Anis daawwnnaa yeroon gaggeessu mirkaneessituu (checklist) fayyadameera. Mirkaneessituun kunis dabalee jalatti argama. Namoonni daawwannaan taasifameef namoota 25 (diigdamii shan) filataman keessaa,dhi-10 (kudhan), du-2 (lama); waliigala 12 (kudha lama) daawwannaan taasifameeraaf.

### 3.5 Meeshaalee Funaansa Raagaalee

Qorannoo kana keessatti ragaa funaanuuf meeshaaleen garagaraa hojiirra oolu. Irra caalaatti meeshaaleen waraabbii raagaa kanaaf oolan meeshaalee akka kaameeraa suuraa kaasuuf ni gargaara. Meeshaan kunis, namoota odeeffannoo kennuuf filataman eeyyamsiisuun qorichichi maalirraa akka hojjetamu suuraan kaafameera. Kana malees, biqiloonniifi bineensonni qorichummaaf oolan amma argame suuraan deeggaramaniiru. Odeeffannoon haala kanaan walitti qabame gara barreeffamaatti kan jijjiirame yoota`u, suuraaleen muraasni raawwii kana agarsiisan waraqaa qorannoo kana keessatti hammatamaniiru. Kaan saaniimmoo dabalee jalatti agarsiifamaniiru.

### 3.6 Muuxannoo Hojii Aloolaarraa Argame

Hojii qorannoo aloolaa keessatti muuaxannoon argamu qaama qorannichaa waan ta`eef xiyyeeffannoo barbaada. Haala kanas, hayyoonni yeroo cimsan “Qorataan aloolaa tokko qorannoo aloolaan dura, wayitii qorannoofi aloolaan booda hojiiwwan raawwate qaama qorannichaa waanta`aniif qorannoo fookloorii keessatti xiyyeeffannoo argachuu qabu,” jechuun ibsu. (Goldstein 1974:37-42; Fekade 1991: 124-139). Waan ta`eefuu, hojiiwwan qorannoo aloolaan dura, wayiitii aloolaafi aloolaan booda hojjetaman irraa argamanis askeessatti qorataan hammaachiseera. Haaluma kanaan anis xalayaa seera qabeessummaa qaama dhimmi ilaalurraa fudhadhee, meeshaalee ragaa funaanuuf barbaachisan, maallaqa barbaachisu, nama deeggarsa taasisu qabachuun bakkaafi yeroo namoota qorannicharratti hirmaataniin walarguuf beellamatanitti argamuun dhimman dhaqeef itti himuun booda waanan barbaaduufi sababan barbaadeef ibsee waraabbii eeyyamsiisee hojicha milkeesseera.

### 3.7 Naamusa Qorannoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf haalli dhiyeenya qorataa murteessaadha. Milkaa’ina qorannoo taasifamuuf ragaan ijoo waan ta’eef qaama dhimmi ilaalu hunda biratti seera-qabeessaafi namusa qabeessa ta’ee dhiyaachuun irraa eegama. anis, jalqaba xalayaa raagaa mata duree ibsame irratti qorannoo gaggeessuu ibsuufi yuunvarsiitiin naa barreesse koppii ergan taasifadhee booda kallattumaan gara Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Jibaat deemuun dhimman dhaqeef ibseef. Xalayaa deeggarsaa qaamni dhimmi ilaalu deeggarsa barbaachisu akka taasisan naa barreesse

qabachuun gandoota aanichaa filataman: Maaruu Jibaat, Maaruu Gajjaa, Maaruu Kombolchoo, Shanan 01,Tuuttuu Jibaat, Maaruu Gomboofi Muunyoo Abbayyiiti,akkasumas aanaa ollaatii eeruudhaan kan filatame gandi Taltalleefi Beerree nama nadeeggaru waliin ta’uun akkaataa dhiyaannaafi qaama dhimmi ilaallatu itti argaman akka mijatu ta’eera. Anis akkaataa duudhaa hawaasichaa faana deemuun haala dubbii, uffannaa, aadaa nyaataafi amantii isaanii kabajuudhaan odeefkennitoota wajjin walii galee gammachuufi jaalalaan odeeffannoo barbaadu argachuu danda’eera. Kana keessatti ani argannoo qorannoo kootii milkeessuuf odeefkennitootaan walitti dhufeenya gaarii uumeera. Yeroo odeeffannoon kun funaanamu namoota odeeffannoo naaf kennanu waliin waan isaan nyaatan nyaadheen; waan isaan dhugan dhugeen; hanga naaf danda’ametti fedhiisaanii guuteen, fkn nama araqee jaallatuu bitaafii, kanneen buna fedhanii bitee waliin dhugaa hojii koo milkeesseera.

### 3.8 Mala Xiinxala Ragaawwanii

Ragaalee dirree aloolaa irraa karaa meeshaalee funaansa ragaalee: afgaaffii, marii gareefi daawwannaa meeshaalee waraabbii suursagalee funaanamantu qoratichaan xiinxalameera. Akkuma xiinxalli jalqaba raawwateen ogeeyyiin Waajjira Aadaafi Tuurizimiifi namoonni gooroowwan fookloorii keessumaayyuu qoricha aadaarratti hubannoo qaban akka ilaalan taasifameera. Anis, duubdeebii naa kenname xiinxala taasisaa ture irratti hundaa’uun ragaaawwan kaayyoo qorannichaan wal hinqabanne keessaa haquun sirrummaafi qulqullinni isaa akka mirkanaa’u taasifameera. Dhumarratti, ragaawwan xiinxalaman akkaataa walfakkeenyaafi akaakuu isaaniitiin qoqqooddamanii xiinxalamuun qorichoonni aadaa biqiloota, albuudotaafi bineensotarraa dalagaman adda bahanii akaakuu isaaniitiin xiinxalamaniiru.

# BOQONNAA AFUR

## 4. Xiinxala Odeeffannoo

## Seensa

Uummaanni Oromoo akkuma jiruufi jireenya isaa mara geggeeffachuuf aadaafi duudha mataasaa qabu, gama fayyummaa mataasaafi fayyummaa beelladootaasaa eeggachuuf karaalee qoricha aadaa qopheessee itti fayyadamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru qaba. Kanumaarratti hundaa'uun qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa Aanaa Jibaat wajjin wal qabatee waan jiru adda baasuuf qorannoo adeemsifame keessatti qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa Aanaa Jibaat namoonni beekumsa qaban irraa adda baasuuf ragaaleen afgaaffiin, marii gareetiin, daawwannaan walitti qabamaniifi yaadolee hayyuuleen garaagaraatiin dhimma bu'a qabeessummaa qoricha aadaarratti barreeffaman walbira qabuudhaan boqonnaa kana keessatti dhiyeesseen jira.

Qorannoon kunis, qoricha aadaa aanaa jibaat akaakuuwwan fookiloorii keessaa duudhaa hawaasaa kan jedhu jalatti ramaduun kan qorate ta'a. Kanaaf, qorannichis caalmaatti dhimmoota qoricha aadaa Oromoo keessaayyuu qoricha aadaa Oromoo shawaa lixaa Aanaa Jibaatiin walqabatan kanqoratu ta'ee xiyyeeffannaan isaa qabiyyee fi itti fayyadama akkasumas, akkaataafi yeroo inni itti kennamu ibsuu irratti xiyyeeffachuun barruulee deeggarsaa sakatta'uun xiinxalee dhiyeesse.

## 4.1 Haala Waliigala Qoricha Aadaa

Qorichoonni aadaa waantota garagaraa irraa qophaa'uu (hojjetamuu) danda'u. Qorichoonni kun hidda, baala, ijaa, bishaan (aannan/dhangala'aa), qola mukaafi fincaan, rifeensa, moora, foon, lafee, gogaa bineensotaa, nyaata, biyyoo, bishaan, beekumsa namaa (dhidhiibbaa) fi nyaara bineensotaa irraaqophaa'anii kennamuu danda'u. Akkasumas, damma daamuu, damma kanniisaa, damma bookee, damma boombii fa'aatti hawaasni qorichummaaf fayyadamee dhukkubarraa offayyisaa turuusaa ni himama. Qorichoonni aadaa bineensota irraa qophaa'anis foon hantuutaa, foon booyyee,foon xaddee, foon bosonuu,hadhooftuu karkarroo, gogaa hoolaa,

gogaafi rifeensa illeettii, fincaan re'ee, fincaaniifi dhoqqee sa'aa, gogaa waraabessaa, nyaara waraabessaa, lafee warabessaa, hadhooftuu booyyee, tiruu saree, lafee saree, moora jawwee, lafee namaa, dammaa fi kkf. irraa qophaa'uun haala dhukkuba sanaa irratti hundaa'uun nama ykn bineensotaa kennama. Haaluma kanaan odeeffannoon namootarraa funaaname akkaataa armaan gadiitiin xiinxalameera. Qorichi aadaa maalirraa akka hojjetamu, yoom akka hojjetamu, sa'aatii kam akka hojjetamu, sa'aatii kam akka kennamu, ofeeggannoon taasifamu maal akka ta'e, yeroo qophaa'u ofeeggannoon taasifamu maal akka ta'e, erga fudhatanii ka'anii maal gochuu akka qaban, dhiibbaa inni qabuufi furmaata, qopheessuuf saalagaafataa? Qopheessuuf umurii daanga'e qabaa? Qorichuma kana yeroo ammaa uummanni amanee fudhachaa jiraachuufi kkf xiinxalameera.

### 4.1.1 Qorichoonni Aadaa Aanaa Jibaat Waan Irraa Qophaa'an

Akka odeeffannoon namoota garagaraarraa funaanametti qorichi aadaa aanaa jibaat biyyoo, bishaan, biqiloota, bineensotaafi damma gosa adda addaa irraa akka hojjetamu ni himu. Akkasumas, nyaanni gosa adda addaa qorichummaaf akka oolu qorataa kanatti himaniiru. Fakkeenyaaf, Obbo Geetaahun Mokonnon, (17/08/2011 A.L.I.) akka ibsetti, "Ija/firii amaashilloo fi baalasaa nuugii wajjin walitti tumanii guyyaa tokko garaa duwwaatti yoo nyaatan qoricha raammoo minnii/koosoo akka ta'e; hundeen misirichiifi andoodee walitti tumanii horii guyyaa torbaaf burcuqqoo tokko tokko yoo obaasan qoricha saree maraatteeta'a;hunde misirichii qofaasaa tumanii bishaansaa siinii tokko tokko guyyaa torbaaf nama yoo obaasan qoricha dhukkuba saree maraattee akka ta'e; ija/firii ceekaa gogsanii tumanii dhadhaa kichuu itti dabalanii guyyaa shaniif madaa hooqxoo/sibijjii galgala galgala yoo diban akka fayyisu natti himani; baala waddeessaa gogsanii tumanii bulleessanii dhadhaa kichuudhaan makanii osoo bishaaniin hin tuqiin aduu keessatti guyyaa torbaaf madaa raammoo almaaz baalaciraa yoo diban niballeessa; qola/quncee bakkanniisaa tumanii bishaansaa siinii tokko ganama afaan buleen yoo dhugan raammoo garaa keessaatiifi dhukkuba sekkeerootiif qoricha; muka danbii gogsanii gubanii daaraasaa gingilchanii dhadhaa ho'aa sirriitti irraa miiccanii daarichatti makanii guyyaa shaniif kormammuu harree/kintaarotii hudduu namaa gidduutti bahu madaasaatti yoo diban akka fayyisu natti himani; hundee abashurree/sirebizuu tumanii gogsanii hoobaa warqeetiin maranii guyyaa torbaaf galgala galgala xuuxanii yoo ciisan qakkee/aasmii qoonqoos ta'ee, kan

funyaaniirraa nifayyu. Kanamalees, biqiloonnii addaddaa maqaa hin beekamne kan bakkee keessatti biqilanis: baallisaanii, qunceensaanii, hiddisaanii, ijjisaanii, kichuunsaanii kan qorichummaaf oolan jiru. Kanneen bineensotarraa hojjetaman ammo, irracaalatti dhukkuba garaa keessaatiif kan ta'an foon xaddee, foon karkarroo, foon booyyee, foon bosonuufi hadhooftuu booyyee fa'aati. Akka yaada armaan oliitti biqiloota keessaa kan qorichoonni aadaa irraa hojjetamuu danda'an isaan kam akka ta'anii fi kanneen bineensotarraas ta'e, biqilootarraa hojjetaman dhukkuba akkamii fayyisuuf akka oolan kan ibsanidha.

Haata'u malee, qorichoonni aadaa marti yeroo qophaa'an akka tokkotti hin qophaa'an. Akka Obbo Biraanuu Maammoo, (18/08/2011) ibsanitti: Qorichi aadaa tokko tokko waanuma tokko qofarraa kan hojjetaman yoo ta'u kanneen biroo ammoo ija, hidda, baala, qola muka adda addaafi kkf walitti makuudhaan kan qophaa'anidha. Waantota addaddaa kana walitti makanii qoricha kana irraa qopheessuunis kan barbaachiseef sababa mataa isaa qaba. Qorichi aadaa qophaa'ee kannamu tokko humna fayyisuu qabaatee nama dhibame tokko dhibee inni ittiin qabamerraa fayyisuuf jedhamee walitti makama malee calliseetuma sababa tokko malee kan waliitti makamee qophaa'u miti. Fakkeenyaaf, qoricha dhibee saree maraattee kan hojjetamu: baala andoodee, ija/firii andoodeefi ija ceekaa sirriitti tumanii bulleessuun osoo bishaaniin hin tuqiin aannan amma elmameen walitti makuun carqii qulqulluudhaan cuunfamee qophaa'a horiifis ta'e, namaaf yeroon inni kennamu ganama barii otoo simbirri hin waciin afaan buleeni. Sababiin isaa yeroo qorichi kun kennamu namatti hin dubbatanu, yoo dubbatan qorichichi humna dhaba jedhamee amanama. Kan inni kennamuu jalqabu sareen ciniintee gaafa guyyaa shanii jalqaba, inni lammaffaan gaafa sagalii yoo kenname, inni dhumaa gaafa kudha shanii kennama. Walumaagalatti, si'a sadii kennama. Hangi kenniinsa isaa kan namaafi kan horii walcaala. Namaaf malakkaa tokko yoo kenname, horiifammoo, siinii tokko qofaatu kennama. Akka obbo Biraanuun jedhanitti qorichi saree maraattee kun cophxoollee ni fayyisa; ulfa hin barbaachisnellee ni baasa.

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa kan qophaa'u waantota gara garaarraa akkaataa garagaraatiinidha. Qophiin isaas akkaataa barbaachisummaa isaatiin yoo ta'u, yoo qoricha aadaa biqilaa tokko qofarraa qophaa'utu fayyisuu danda'a ta'e, qaama biqilaa qorichumaaf oolu sana kutanii irraa qopheessu; yoo qaama biqiloota garaagaraa keessaa qaamota qorichummaaf oolan

addaddaa walitti fidanii walitti makuun barbaachise ammoo, walitti makuun qopheessanii kennu. Kun ammoo kan taasifamuuf, qorichi aadaa qophaa'ee nama dhukkubsateef kennamu sun faayidaa barbaadameef akka oolu yaadameeti.

Akka obbo Biraanuun Maammoo, (18/08/2011) ibsanitti, qorichi michii kan qophaa'u:baala ancabbii, bokkolluu, daamaakasee, xuuxaa, kaasee, baala bakkanniisaa kichuusaa, baala qomonyoo, baala olumaayii, bosoqa, hoomii, qoree simbiraafi insilaalee walitti sukkuumanii cuunfanii osoo bishaan hin tuqiin amma argame sana dhugu; sukkuummatu; funyaaniin butus jedhani. Dhibee shootalaayii/nama ilmoon jala hin guddanne/ jedhamuuf ammoo, qoricha kan ta'u: hundee shunkurtii waraabessaa, fooniifi dhiiga hantuutaa walitti makanii aduutti afanii gogsanii tumanii bulleessu; kana booda yeroo dubartiin garaatti baattee ji'a torba geessu, buna danfisanii osoo ishiin hin argiin sidurseera jechuun rifachiisanii mormashiitti hidhu.Dubartittiin fayyaa deessi. Waanti kanarraa hubatamu, hawaasni yeroo durii manni yaalaa saayinsawaa ta'e iddoo hin jirretti biqilootaafi bineensotarraa qoricha walitti guuree akka ittiin fayyaa ture nuhubachiisa. Haaluma kanaan obbo Biraanuun yoo ibsan, qorichi hudhaa horii/dhiitoo morma jalaa kan hojjetamu:namoonnii horiirratti mallattoo gororsuu,mormi jalli dhiita'uufi nyaata dhoowwuu yoo irratti argan qoricha kana itti godhuuf,morma dhiita'e sana meeshaa qaramaadhaan uranii gogaafi foon gidduu qorichoota armaan gadii kaa'u:tamboo xixxifoosaa xiqqeessanii,ashaboo guroo sadii,buna ija sadii,biqila qamadii ija sadii, udaan hantuutaa ija sadii, hidda bosoqqee mummuranii sadii, qaqaa xiqqeessanii walitti dabalanii eegee horii sanaa rifeensa isaa irraa muranii ittiin maru. Sana booda isa maran sana morma horii uratee keessa achi fageessanii kaa'uun, madicha dhoqqeedhuma sa'a sanaa dibanii duuchu. Gaafa guyyaa sagalii rifeensicha qabanii harkisanii baasu. Qorichichis dhukkubicha walitti funaanee ilkeesaa wajjin baasa jedhani. Qoricha dhukkuba naqarsaa ammoo, moora jawwee amma ija ataraa jirbiin maranii kirrii itti hidhanii madaa mala'u sana keessa baal'ee lukkuutiin keessa balleessu. Ganama sadii yoo akkas taasisan dhukkubicha harkisee baasa jedhani.

Hawaasa aanaa jibaat keessatti waantota qorichoonni aadaa irraa hojjetaman keessaa irra caalaa humna fayyisuu qabu jedhamanii kanneen itti amanaman nijiru. Isaanis qaama biqilaa qorichummaaf oolu sana keessaa kan akka andoodee, bakkanniisaa, sariitii, abashurree/sirebizuu, daamaakasee, ancabbii, soolee, harmaguusaa, ajaa'aa/yeroo, dhummuugaafi bineensota

keessaammoo: foon booyyee, karkarroo; albuudota keessaammoo: bishaan, biyyoo, dammaafi wkfdha.



Suuraa 15:Ganda Maaruu Jibaatitti gaafa guyyaa (18/08/2011) Obbo Biraanuu Maammoo waliin af-gaaffiifi daawwannaan yoo taasifamu biqilootaqorichummaaf oolan kanneen akka: bakkanniisaa, andoodeefi qomonyoo yeroo na agarsiisan.

Akka obbo Hayiluu Tuujjessaa, (25/08/2011 A.L.I.) ibsanitti: "Qorichi hooqxoo/sibijjii kan inni irraa qophaa'u, miciraaniifi somba buqqee wullee gogsanii, udaan osolee gogaasaa itti dabalanii, dhadhaa sa'a haatiifi ilmoon gurraachaa ho'aasaatiin ganama afaan buleen, guyyaa sadiif madicharra akka diban himani. Haaluma kanaan obbo Hayiluun qoricha sarariitii yoo himan: "Sarariitiidhuma ajjeesanii dhadhaadhaan ganama sadii yoo diban niballeessa" jedhani.

> *Qorichi garaa kaasaa, kan bokoksaa, dhukkuba dhiiraa fa'aatii kan ta'u: quncee bakkanniisa waaqni itti beekee, baala olumaayii, hundee gursummaa, ija haanquu, daraaraa heexoo dheedhiisaa tumanii cuunfanii sunsuma sadiirra bulchanii barii osoo simbirri hin waciin guyyaa sadiif obaasu.Yeroo obaasan namni itti hin seenu. Sa'aatii tokko booda dhama qancaraa ykn qirraarii ture sirriitti obaasu, hooqiifi fincaaniin keessaa baha.*

Akka yaada kanaatti dhukkuboota garaa keessaatiif, qunceen akkasumas ijji biqilootaa qorichummaa garaa keessaatii ta'an ni jiru.Isaan kanas yeroo fudhatan akkaataa ogeessi gorsa kenneen ta'uu baannaan akka hin fayyine kaasu.



Suuraa 16:Ganda Shanan 01tti Gaafa guyyaa, (25/08/2011) Obbo Hayiluu Tuujjessaa waliin af-gaaffiin yoo taasifamu.

Aaddee Taliilee Sirnaa fi Obboo Shaagoo Sirnaa, (03/09/2011 A.L.I.) qorichoonni adda addaa qaama biqilootaa irraa haa hojjetamaniyyuu malee, kanneen bineensota keessaa kan akka boombii, damma adda addaarraa hojjetamu nijira jedhu. Fakkeenyaaf, qoricha saree maraattee waanti irraa hojjetamu: boombii gammoojjii kan daraaraa baaqilaafi ceekaarratti argamu,

qaammee keessa guuranii gogsanii bulleessanii tumanii nadhii dammaa gargar saaqanii hudduu qulfimarfeetiin xiqqeessanii itti naqanii liqimsiisu. Yookaan badaaqula affeelanii isa gidduu kaa’anii ittiin liqimsiisu.Sababiin isaa qorichi kun yoo arraba tuqe waan madeessuufidha. Horiidhaa ammoo, hanga qorichichaa itti dabalanii muka afaan kaa’anii dhadhaa addaannoon maranii osoo arraba hin tuqiin liqimsiisu. Kunis kan kennamuu jalqabu sareen maraatte ciniintee gaafa kudha shanii barii afaan buleen itti kennu. Yeroo qoricha sana obaasan namni itti hin seenu. Farsoofi dhama sirriiti irratti obaasu.Guyyaa lammataa gaafa afurtamaa dabaluuf kanumaan hooqqisiisee keessaa baasa.



Suuraa 17: Af-gaaffii fi daawwannaan gaafa guyyaa, (03/09/2011 A.L.I.) aaddee Taliilee Sirnaa fi Obbo Shoogoo Sirnaatiif anaan taasifameefi boombii gammoojjii fi qola bakkanniisaa qoricha saree maraattee yeroo natti agarsiisan.

Akka yaada kanaatti qorichoonni aadaa tokko tokko ilbiisota ykn boombii adda addaarraa nihojjetamu. Sababiin isaan qoricha ta’aniif ilbiisonni kun daraaraa biqiloota adda addaa waan soorrataniif waanti qoricha ta’u achi keessatti argama jedhamee yaadama. Ilbiisonni/boombiin gammaajjii kun qorichummaan isaa kun qaama isaa hunda osoo hin taane, qaama isaa isa laafu malee, baalleensaa qoricha hin ta’u.

### 4.1.2 Gosoota Qoricha Aadaa

Qorichoonni aadaa haala adda addaa irratti hundaa’uudhaan gosa addaddaatti qoodamanii ilaalamuu danda’u. Akka ragaan qorannoo kanaan argame mul’isutti waantonni qorichi aadaa irraa hojjetaman bakka shanitti qoodamanii ilaalamuu danda’u. Obbo Shallamaa Gobbuu Teessisaa, (17/09/2011 A.L.I.) yaada kana yoo ibsu, “Qorichoonni aadaa waantota gurguddoo shan irraa hojjetamuu akka danda’u hima. Isaanis: damma, bishaan, biyyoo, bineensotaaafi biqilootadha. Garuu, qorichoonni kun baay’inaan biqilootarraa qophaa’u” jedha.

Yaada armaan olii kanarraas kan hubannu qorichoonni aadaa bal’inaan biqilootarraa yoo qophaa’aniyyuu, akka waliigalaatti garuu waantota gurguddoo shanirraa hojjetamuu danda’u. Isaanis: biqiloota addaddaa, bineensota addaddaa, damma addaddaa, bishaan, biyyoodha.



Suuraa 18: Ganda Taltalleefi Beerreetti Af-gaaffiifi daawwnnaa, (17/09/2011 A.L.I.) Obbo Shallamaa Gobbuu Teessisaa waliin qorataadhaan taasifame qoricha bofaa, mar’ataafi buutii akkasumas kan hooqxoo/sibijjii yeroon daawwadhu.

### 4.1.2.1 Qoricha Aadaa Biqilootarraa Hojjetaman

Qorichoonni aadaa biqiloota garaagaraa irraa hojjetamanii dhukkubsataaf kennamuudhaan dhukkuboota adda addaa akka fayyisan ilaallee turre. Biqiloonni qorichummaaf oolan kunis biqiloota akkamii akka ta’an, qaama biqilootaa qorichummaaf oolan sanaafi akkamitti qophaa’ee

akka faayidaaf oolu ilaaluun barbaachisaadha. Kanaafuu, biqiloota qorichummaaf oolanis haala adda addaarratti hundaa'uun bakka adda addaatti qooduun ilaaluun nidanda'ama.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalametti biqiloota qorichoonni aadaa irraa qophaa'an haala adda addaairratti hundaa'uun qoqqooduunis nidanda'ama. Fakkeenyaaf, akka Obbo Xilaahun Tasfaa, (08/09/2011 A.L.I.) ibsanitti:

> *Qorichoonni aadaa hidda/hundee, baala, ijaafi quncee/qola, jirma, aannannoo/ dhangala'aa, haphee, daraaraa, kichuu mukaarraa dalagamuu danda'a Gosti biqilootaa isaan irraa hojjetamanis kanneen akka: bakkanniisaa, qobboo, caraanaa, andoodee, dhummuugaa, bosoqqee, kalaalaa, bosoqa, sariitii, abashurree, hiddii waraabessaa, loomii arree, kal'aa, ciraakkota, qullubbii, hiddiiadii, qullubbii waraabessaa, qomonyoo, ansoosillaa, hoomii, diddiksaa, waddeessa, soolee, dambiifi kkf fa'i* jedha.

Yaada kanarraa waanti hubatamu qorichoonni aadaa mukkeen addaddaa irraa qophaa'uu danda'uu isaaniiti.Namni tokko biqiloota isaan maqaa isaanii tarreessan kanarraa ka'uudhaan biqiloota qorichi aadaa irraa qophaa'u bakka garaagaraatti qoodee ilaaluu danda'a. Isaanis:

**a.** Mukkeen gurguddoo kanneen akka: soolee diimaa, bakkanniisaa, qomonyoo, waddeessaa, kal'aa, hoomii, diddiksaa, dhummuugaa, qobboofi kkfaadha.

**b.** Biqiloota xixiqqoo kanneen akka: abashurree, bosoqqee, bosoqa, hiddii adii, hiddii waraabessaa, ciraakkotaafi qullubbii, sariitii, andoodee, coqorsaafi kkfaatti qoodanii ilaaluun nidanda'ama.

Karaa biraatiinis qaamolee biqiloota addaddaa qorichoonni aadaa irraa dalagaman tarreessuun nidanda'ama. Qaamolee biqilootaa qorichoonni aadaa irraa hojjetaman akka ijootti ka'an kunis: baala, hidda /hundee/, qola /quncee/, ijaa /sanyii /, kichuu, jirma, aannannoo/dhangala'aa, haphee, daraaraa biqilootaarraa akka qophaa'an salphaatti hubachuun nidanda'ama.



Suuraa 19: Ganda Maaruu Jibaat Af-gaaffiifi daawwannaan gaafa guyyaa (08/09/2011 A.L.I. Obbo Xilaahun Tasfaa waliin taasifame. Biqiloota qorichummaaf oolan kan akka: sariitii, kalaalaa, hiddii waraabessaa, hundee abashurreefi qullubbii waraabessaa yeroon daawwadhu.

Qaamni biqiloota qorichummaaf oolan kun akkasumaan cite, buqqa'ee, qunca'ee, dhiiksamee dhukkubsataaf kennama osoo hintaane haala nama dhukkubsatee itti fayyadamu sanaaf ta'utti qophaa'uun kennama. Kanaafuu, qorichi aadaa kun yemmuu qophaa'ee kennamu haala kamiin qophaa'ee dhukkubsataaf akka kennamus beekuun barbaachisaadha. Yaada kana ilaalchisee Obbo Goshuu Iddoo fi Mokannin Iddoo, (10/09/2011 A.L.I.) akka armaan gadiitti ibsu:

*Yeroo qoricha aadaa qopheessinu akkaataa namicha dhukkubsate sanaaf ta'utti qopheessuuf, waa'ee dhukkubichaa gaafanna. Sana booda, qoricha qopheessine sana hanga isaa madaallee akka hin miinetti yoo kan dhugamu ta'e ni obaasna; yoo kan dibatamu ta'e nidibna; yoo kan ulatamu ta'es ni'ulla; yoo kan itti nam'u ta'e itti naqna. Fakkeenyaaf, yoo madaa ta'e itti dibama yookiin ittiin dhiqatama; yoo gurra mala'u ta'e itti naqama;yoo qufaa ta'e ni'ulatama. Yoo dhukkuba garaa keessaa ta'e ammoo nidhugama.*

Yaada kanarraa waanti hubatamu qorichoonni aadaa akkaataa itti fayyadama isaanii irratti hundaa'aniis bakka garaagaraatti qoodamuu akka danda'anidha. Isaanis haala armaan gadiitiin qoqqooduun nidanda'ama: Kan ittiin tuqaman, kan dhugaman, kan dibataman, kan ulataman, kan irratti hidhataman, kan ittiin dhiqataman, itti naqaman, liqimfamaniifi kkf jechuun qoqqooduun nidanda'ama.



Suuraa 20: Ganda Maaruu Gomboo Af-gaaffiifi daawwannaadhaan qorichoota gosa adda addaa biqilootarraa dalagaman Obbo Goshuu Iddoo fi Mokannin Iddoorraa gaafa guyyaa 10/09/2011 kanan fudhe. Qorichoota akka: harmaguusaa, eebbaamaaracaa, baaltumee, dil'uu lafaafi ludata yeroon daawwadhu.

#### 4.1.2.2 Qorichoota Aadaa Bineensotarraa Qophaa’an

Qorichoonni aadaa bineensota adda addaa irraa nidalagamu. Akka odeeffannoo namootarraa argameetti bineensonni qorichaaf oolan: kan akka booyyee, karkarroo, bosonuu, waraabessaa, illeettii, hoolaa, xaddee, jawwee, gadamsaa, arbaa, kuruphee, wakkalleefi hantuuta kkf irraa ni dalagama. Bineensonni kunneenis akka aadaa hawaasa kanaatti bineensonni kun kanneen nyaataaf oolan jiru. Isaanis: booyyee funyaan uraa, bosonuu, kuruphee, karkarroo fuyaan uraa, hoolaafi gadamsi ni nyaatamu. Booyyee fi karkarroon kan funyaan isaanii uraa hin taane waraabessatu dhalche jedhamee waan amanamuuf hin nyaatamanu. Bineensota kanneen irraa kan hafe isaan kaan hin nyaatamanu. Haata’u malee, akka odeef kennitoonni naaf kaasanitti, bineensonni nyaataaf hin oolle garuu, qorichummaaf oolan iddoo nyaachuun itti barbaachisutti dhoksanii akka laataniif, obaasan natti himani.

Fakkeenyaaf, obbo Taarikuu Baqqalaa (14/09/2011 A.L.I.) ibsanitti

> *Dhukkuba saree maraattee nama ykn horii ciniinteef qoricha kan ta’u, hantuuta tuqaa jedhamu ajjesanii gogsanii tumanii bulleessu.Gaafa ciniinte guyyaa shanirraa kaasanii ganama sadiif fal’aana xiqqoo tokko tokko daakuu bunaatiin makanii itti kennu. Dhuganii laga hin ce’anu, namaan walitti hin mul’atanu, karaa biroo laguu qaba jechuudha. Laga yoo ce’an dhukkubichi humna godhata jedhameet yaadama.*

Akka yaada kanaatti hantuunni kun lafa jalatti waan galuuf, biqiloota adda addaa qorichaaf oolan soorata kanarraa kan ka’e qorichummaaf ooluu danda’e jedhameet yaadama. Haaluma kanaan, qaama bineensotaa qorichummaaf oolan tarreessuun nidanda’ama. Qorichi aadaa akkuma qaama biqiloota adda addaa irraa hojjetamu kan bineensotarraa argamus qaamolee isaan irraa qophaa’aniin bakka addaddaatti qoodnee ilaaluun nidanda’ama. Akkuma qaama biqiloota adda addaa irraa qoricha aadaa qopheessuun danda’amu qaama bineensotaa irraas qoricha aadaa qopheessuun nidanda’ama. Qaama bineensotaa qorichi irraa qophaa’uu danda’u: goga hoolaa gurraattii, gogaa wakkallee, gogaa illeettii, gogaa waraabessaa; rifeensa illeettii,nyaara waraabessaa; foon/cooma booyyee, bosonuu, karkarroo, hantuutaa, illeettii; fincaan sa’aa,re’ee, namaa ; dhoqqee/bobbaa/udaan sa’aa, hantuutaa, osolee; lafee fardaa, saree, waraabessaa, seexanaa; gaanfa gadamsaa; ilkaan arbaa, kalaadaa karkarroo; hadhooftuu booyyee, karkarroo; moora jawwee, moora hindaanqoo

Kanaafuu, qorichoonni aadaa waantota garaagaraa irratti hundaa'uudhaan bakka garaagaraatti qoqqoodamanii ilaalamuu danda'u. Kunis kan qorichummaa akka qabaatan taasifamaniif biqiloota bosonaa garagaraa waan nyaataniif qorichummaa sana gonfatan jedhameet yaadama.

Obboo Shallamaa Gobbuu Teessoo, Aaddee Gaaddisee Raggaasaa, Aaddee Alamii Araarsoo Faaree, Obboo Katamaa Geetaahuun Asanaa,**(**17/09/2011) gareen ta'anii akka naaf ibsanitti, "Akka bofti, mar'ataan, buutiin nama hin hiddine dursanii gogaa wakkallee qabatanii deemu." Jedhani. Akka ibsa kanaatti bineensi kun kan jiraattu bosona keessa waan ta'eef, akkasumas, naannoo ho'aa ykn bofti jiraatu jiraatti. Kanaaf, sooranni ishii ilbiisota akka bofaa fa'i; waan bofa soorattuuf, qoricha isaa taati jechuudha. Jarreenumti kun qoricha bineensotarraa hojjetamu yoo natti himan: Qorichi dubartii mucaa hin guddifannee/shootalaayii, re'ee goromtii lakkuu dhalatte kan culaancullee morma jalaa qabdu qalanii yeroo dubartittiin garaatti baattee jirtu, iddoo ciistutti  dhiigichaan tuqanii naasisu. Kana booda jalaa hin duutu. Kana ammoo obbo Katamaan akkanatti haadha manaa koorraa balleesse yoo jedhan; obbo shallamaan ammoo ittiin nama fayyiseera jedhani.

"Gogaan hoolaa gurraattii ammoo yoo garaa horiitti sukkuuman ciniinnaa horii fayyisa" jedhani. Akka yaada kanaatti gogaa hoolaa kana yoo itti sukkuuman horiin rifatee fayya ilaalcha jedhu qabu. Haaluma kanaan jarreen kun, "Foon osolee affeelanii bishaan isaafi foonsaa qoricha gaggabdoo akka ta'e himu; nama gaggabdoo qabu ilmoo kuruphee ittiin marsanii yoo gadhiisan namichi ittiin qabame ni fayya.'' jedhan.

"Foon xaddee affeelanii bishaansaa obaasanii, foonsaa yoo laataniif, nyaataa ijoollee/ijoolleen huuqqattee yoo mataan itti guddate nifayyisa." jedhu. Akka yaada kanaatti foon xaddee cooma waan baay'atuuf, uummanni coomichi raammoo garaa keessaa fixa amantaa jedhu qaba.

> "*Moorri jawwee ammoo, dhiitoo miillaa balleessa; dhukkuba naqarsaa iddoo madichaa uranii moora kana amma ija ataraa jirbiin maranii, kirrii itti hidhanii baallee lukkuutiin yoo keessa kaa'an; guyyaa lamaan boodatti dhukkubicha harkisee akka bahu*;" dubbatu.




Suuraa 21: Ganda Taltalleefi Beerree Obboo Shallamaa Gobbuu Teessoo, Aaddee Gaaddisee Raggaasaa, Aaddee Alamii Araarsoo Faaree, Obboo Katamaa Geetaahuun Asanaa,**(**17/09/2011) gareen ta’anii waa’ee qoricha bofaa fi raammoo loonii yeroo qorataatti qabatamaan agarsiisan.

#### 4.1.2.3 Qorichoota Aadaa Dammarraa Qophaa'an

Qorichi aadaa damma adda addaa irraa nidalagamu. Akka odeeffannoo namootarraa argameetti dammi qorichaaf oolan: damma kanniisaa, damma daamuu, damma bookeefi damma boombiiti. Dammi kanniisaa kan argamu holqaalee garagaraafi gaagura keessatti yoo ta'u; dammi bookeefi boombii muka uramaa keessatti argamu.Akkasumas, dammi daamuu bool'a keessatti kan dammeessitu ta'a. Walumaagalatti dammi akkuma akkaataan hojiisaanii garagara ta'e tajaajilli isaaniis garagara. Fakkeenyaaf dammi kanniisaa ganama afaan buleen yoo nyaatan dhukkuba kamiifuu qoricha akka ta'e odeef kennitoonni ni kaasu**.**

Obbo Toleeraa Ayyeettaa Bultii, (24/08/2011) akka jedhanitti "Maalaa dubartii/dubartii yeroo deessee kaatu garaa ciniinuuf, Damma daamuufi dammi kanniisaa siinii tokko yoo kennaniif ciniinnaa sana akka irraa kutu;" natti himani. "Damma bookee malakkaa walakkaa guyyaa tokkittii, yoo damma daamuu ta'emmoo malakkaa tokko tokko guyyaa sadii nama qakkee/aasmiin qabe yoo obaasan ni fayyisa," jedhani. "Dammi boombii ammoo, yeroo birraa innaa hidhiin nama dhodhoote yoo itti diban ni fayya," jedhani.Akka yaada kanaatti dammi qorichummaaf oolu kun kan inni hojjetamu daraaraa mukkeen/biqiloota adda addaarraa akkasumas biyyoofi bishaan irraa waan ta'eef qorichummaa qaba jedhameet itti amanama.

#### 4.1.2.4 Qoricha Aadaa Biyyoorraa Qophaa'u

Qorichi aadaa akkuma biqilootaafi bineensotarraa hojjetamu biyyoorraas ni hojjetama. Fakkeenyaaf, Obbo Taaddasaa Booraa (05/09/2011) akka ibsanitti "Bofti namas ta'e horii argee qaamni namaas, horiis yoo dhidhiita'e, namni dura arge sun biyyoo tuqaa yoo itti diddibe niifayyisa," jedhani. Biyyoo gabaa keessaa ganama barii ammaaranii arraabdoo mataatti yoo dibatan ni fayyisa jedhama. Akka yaada kanaatti biyyoon tuqaa albuuda adda addaa waan ofkeessaa qabuuf humna fayyisuu ni qaba amantaa jedhutu jira.

#### 4.1.2.5 Qoricha Aadaa Bishaanirraa Qophaa'u

Qorichi aadaa bishaanirraa ni hojjetama.Bishaan qorichaaf ta'u, bishaan shimalaa, bishaan qaammee, bishaan lagaati. Fakkeenyaaf, Obbo Hayiluu Tuujjessaa Aangoo, (25/08/2011) akka ibsanitti,

> *Dhukkuba qorraa irraa fayyuuf, bishaan qorraa/garba amma mormaatti nama seensisu ganama barii osoo simbirri irra hinqaxxaamuriin amma mormaatti keessa dhaabatu.yoo takka keessa turan namarraa aara dhukkubichi achiin baha jedhan.Sana booda bakka hoo'aa deemanii sa'aatii muraasaaf maratanii ciisu; Dhibicha kanumaan fayyu.*

Obboo Bungulii Daandanaa Nagawoo, (13/09/2011) akka jedhanitti "Biichee fardaa fayyisuuf, bishaan qorraa keessa barii guyyaa shaniif fardicha dhaabu." jedhani.TaliileeSirnaa fi Shaagoo Sirnaa**,** (13/09/2011) akka ibsanitti, "Bishaan shimalaa qoricha baarillee ta'a; bishaan qaammee ammoo dhukkuboota adda addaatii akka ta'u," natti himani.

### 4.1.3 Namoota Dhukkubsatanii Qoricha Aadaa Fudhatanii Faayyan

Namoonni dhukkuboota adda addaatiin qabaman mana yaalaa dhaqanii yoo fayyuudhaa baatan qoricha aadaa fudhatanii akka fayyan nikaasu. Fakkeenyaaf, obbo Amaaree Marrid, Tirfeessaa Birraatuufi Galaanaa Beeksisaa gaafa guyyaa, (16/11/2011) marii garee yeroo waliin taasisnu qoricha aadaatti fayyadamanii ofiifis ta'e,maatii isaaniifi beellada isaanii akka QA tiin fayyifatan natty himaniiru. Haata'u malee, namoonni qoricha aadaa kennanii isaan fayyisan qoricha sana dhoksanii akka kennaniif dubbatu.Obbo Amaareen akka jedhanitti kanaan dura dhukkuba dhiiraa dhukkubsadhee mana yaalaa deemeen na fayyisuu dinnaanan, ogeessa QA kennu bira deemeen QA fudhadheen,ganama tokko bishaaniin make burcuqqoo tokko dhugeen buna akaawwame irratti qaame. Sana booda dhukkubni sun deebi'ee nahin qabne. Kan biro ammo mucaan koo dhukkuba naqarsaatiin qabamee qoricha aadaa waan akka daakuu jiru aannan sa'aafi jabbii wal fakkaatuun dibi jennaanan guyyaa sadiif dibeen irraa bade fayyeef.

Obboo Tirfeessaa Birraatuus, (16/11/2011) akka jedhanitti, dhukkuba sabbata waaqaatiin qabameen, QA ogeessa biraa fudhadheen guyyaa shaniif ganama afaan buleen guyyaa Wiixataa, Roobii, Jimaata siinii tokko tokko dhugeen battaluma sanatti fayye jechuun natty himaniiru.

Kanaafuu QA fudhannee ittiin fayyinee waan mirkaneeffanneef akkasumas, achii as dhufaa abbootiin keenyas isumaan fayyaa waan dhufaniif, namoonni QA beekan dhaloota barsiisanii qorichoonni kun hawaasaan kunuunfamaa osoo deemanii. Karaa biroommoo, ogeessonni yaalaa deeggarsa mootummaatiin qorannoo irratti gaggeessanii beekamtii osoo kennaniifii;

aadaafiTuurizimiin aanaa keenyaas namoota QA beekan walitti qabee leenjii jajjabinaa osoo kenneefii jechuun yaada kennaniiru.

### 4.1.4 Faayidaa Qorichi Aadaa Hawaasa Aanaa Jibaatiif Qabu

Bara durii osoo manni yaalaa ammayyaa hin babal'atiin hawaasni qoricha aadaa biqilootarraa, bineensotarraa, dammarraa, bishaaniifi biyyoorraa akkasumas dhagaalee garagaraarraa dalagee ittiin of fayyisaa ture. Fakkeenyaaf, akka odeefkennitoonni jedhanitti qarabaan quuroo/baalciin amajaajii/budaa looniitiif qoricha. Haaluma kanaan, qorichi aadaa qorannoo ammayyaatiin kan argame otoo hintaane dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti rakkoolee dhukkuba isaas ta'e loonsaa mudate galtee taasifachuudhaan dhukkubarraa fayyuuf  carraaqqii taasisu keessatti kan bira ga'eefi namaafi beellada dhukkubarraa fayyisaa kan tureefi fayyisaa kan jirudha (Pankhrst, 1965). Qorichi aadaa kunis akkuma hawaasa biyyattii hedduuf tajaajila kennaa tureefi tajaajila kennaa jiru hawaasa Aanaa jibaatiifis faayidaa guddaa kennaa jira. Faayidaa qorichi kun kennus kallattii tokko qofaan kan ilaalamu otoo hintaane kallattii garagaraatiin ilaaluun nidanda'ama. Namni tokko yoo dhukkubsate mana yaalaa deemee yaalamuuf maallaqa hedduu isa gaafachuu danda'a.  Namni dhukkubsate sun qoricha mana yaalaatii ajajamuuf, bitachuuf; bakka barbaade deemee yaalamuuf; baasii baasiin adda addaa bahu humna nama dhukkubsatee sanaa ol ta'uu danda'a. Kun immoo, dinagdee namoota dhukkubsatanii, kan maatii isaaniifi kan biyyaa miidhuurra darbee maallaqa guddaa manni yaalaa isaan gaafatu dhabuurraa kan ka'e lubbuu namoota baay'ee kan galaafatudha. Garuu, qoricha aadaatti fayyadamuun baasii kana hundarraa isaan oolchuurra darbee namoota hedduu du'arraa hambisa. Kan biroon namoota hedduun manni yaalaa irraa fagaachuurraan kan ka'e amma achi qaqqabanitti du'aaf saaxilamu.

Namoonni qoricha aadaa dalaganis irra caalaa waantota naannoo hawaasa sanaatti argaman irraa qorichoota aadaa dhukkuboota garagaraa irraa namootaafi beeladootaaf dawaa ta'anii fayyisan hojjetanii kennu. Qorichoonni aadaa naannoo sanatti hojjetamanii dhukkubarraa namootaafi beeladoota fayyisan kunis: qoricha qabbana horii,qoricha hudhaa/isamorma jalaa,qoricha abbaa sangaa/abbaa gorbaa, furroo,kaafira,caccabsaa fardaa,biichee fardaa,boogdoo fardaa,qoricha summii bofaa/mar'ataa/buutii, qoricha naqarsaa, dhiitoo miillaa, qoricha gaggabdoo, qoricha culluxxee, qabbana horii,ajii ijoollee, qoricha hadhaa,dhiitoo gateettiisangaa, sorrojjaa'uu mataa,qoricha raam'oo horii, madaa ibiddaa, baarillee, qakkee/aasmii,gurda horii, raammoo

koosoo/minnii, ija loonii, qoricha garaachaa, golfaa, arraabdoo mataa, huuba qoonqoo buute, cittoo, qoricha dhiqaa, buqqa'a, mo'oo eegee, qara laphee,bu'aa mar'imaanii, robbii, malaa gurraa, gubaa horii, dhoraa jabbii, bokoka horii, moora ija fardaa baasuu, qoricha xafaa, dhullaa, raammoo ilkaan ijoollee, cabaafi buqqa'a, sabbata waaqaa, raam'oo garaa keessaa, qoricha dubartii ijoolleen jala hin guddannee/shootalaayii, gifira, qoricha saree maraattee, qoricha simbiraa, qoricha horii dhiiga fincaa'ee, qoricha ilkaanii, qoricha funuunaa, qoricha hooqxoo/sibijjii, qoricha budaa/ amajaajii, qoricha sarariitii, qoricha dhukkuba dhiiraa/cobxoo, qoricha kormammuu harree/kintaarotii, qoricha busaa/shekkeeroo, qoricha qorraa, qoricha madaa addaddaa, qoricha mataa bowwoo, qoricha michii/dhayichaa fi kkf akka ta'e ragaaleen funaanaman ni'ibsu.

Qorichi aadaa hawaasa biratti parsantii olaanaa akka filatamu kan taasise keessaa tokko yeroo yeroodhaan/irra deddeebiin qorichicha fudhachuu kan hinqabne ta'uu isaaniiti. Deddeebi'anii fudhachuu isaanii irrayyu marfeen fudhatamu sun tarii kan nama dhukkubsu waan ta'uuf namoonni dhukkubsatanii mana yaalaa deemuurra qoricha aadaa fudhachuu filatu. Fakkeenyaaf, akka Obboo Biraanuu Maammoo, (18/08/2011 A.L.I.) ibsanitti,

> *Namni sareen maraatuun ciniinte tokko mana yaalaa deema yoo ta'e qoricha marfee kudha afur yookiin kudha shan ta'utu ajajamaaf. Marfeen kunis kan kennamu handhuurarraan waan ta'eef yeroo deddeebi'ee torban lamaaf waraannatu garmalee dhukkubuun isaa waan hinoolle. Handhuurichis waan dhiita'uuf dhukkubbii sanaan baay'ee rakkachuurra qoricha aadaa gaaf sadii qofa dhuganii fayyuu filatu. Dabalataanis, qoricha aadaa fagoo deemanii barbaaduufi baasii addaddaatiif kan nama saaxilu miti. Darbees, manni yaalaa deddeebii baay'ee waan qabuuf akka qoricha aadaa salphaatti kan nama fayyisu miti.Gatiin qoricha aadaa kana ittiin kenninu qarshii kudhanii hanga qarshii shantamaa qofa.Naqarsaas yoo fudhanne qorichi mana yaalaatii kennamu ji'a jahaafi sanaa ol itti fudhata.Ana biratti garuu, guyyaa sadii qofa itti fudhata jechuun ibsaniiru.*

Akka yaada kanaatti namni tokko yoo saree maraatteen ciniiname yeroo muraasa booda dhukkubsachuufi du'uu danda'a.Dhukkuba ittiin qabame sanarraa fayyuuf ammoo mana yaalaa deemuu ykn qoricha aadaa fudhatee yaalamuu qaba. Akkuma armaan dura ibsame marfeen nama sareen ciniinteef kennamu torban lamaaf ta'uu isaa irrayyu karaa handhuuraa waan kennamuuf nama marficha waraannatu baay'ee dhukkubsa. Marfeen kunis kan kennamu namoonni sareen maraatuutiin ciniinamuu isaanii beeknaan guyyaa saree sanaan ciniinamanii kaasanii gaafa 5,

inni lammataa gaafa 9, inni dhumaa gaafa 15 qofa yoo dhugan dhukkubicharraa ni fayyu waan ta’eef isa filatu. Inni biraan, namoonni dhukkubsatanii yoo qoricha aadaa fudhatan deddeebii waan hinqabneef baay’inaan qoricha kanatti gargaaramu.Kan naqarsaa kanas guyyuma tokko ija simbirbaalaa ykn moora jawwee itti kaa’anii guyyaa sadiin booda keessaa yeroo baasan, sanaan booda irraa bada. Dimshaashumatti, namoonni qoricha aadaa fayyadamanii dhukkuba ittiin qabaman irraa fayyuuf fageenya deemanii barbaaduu kan hindhamaaneefi deddeebi’anii fudhachuu kan hinbarbaachifne ta’uu isaanii nama hubachiisa.Karaa biraa maallaqni qorichi aadaa ittiin kennamullee gadi bu’aadha.

Akka obbo Katamaa Geetaahun, (17/09/2011) ibsutti, qorichoonni aadaa sanyiidhaan abbaa ykn haadharraa dhalootaa dhalatti darbaa dhufan tokko tokko namni sanyiin isaa sanyii namoota qoricha aadaasana qopheessan keessa ta’e yoo qopheesse malee namni sanyiin isaa sanyii biraa keessa ta’e yoo qorichicha baree qopheessee kenneyyu hin fayyisu/qoricha hinta’u. qabanni isaas, namni durumayyu qoricha kana qopheessee kennaa ture qorichichi maal maalirraa akka hojjetamee kennamuufii qabu addaan baasee waan beekuuf waan tokkollee otoo keessaa hinhir’isiin hojjetee kenna. Waantota nama dhukkubsate sanaaf kennaman hundas tartiiba isaanii hordofee kennaaf. Waantota yeroo qorichi aadaa nama dhukkubsateef qophaa’u lagatamaniis ni eeggata. Fakkeenyaaf, Qorichoota baay’eesaanii yeroo funaanan nyaata hin nyaatanu ykn afaan buleen funaanu. Namni qoricha aadaa qopheessee kennu tokko yeroo dhukkubsataa sanatti qoricha godhu gaaddidduullee ni lagata; quunnamtii saalaa hin raawwatu; ibidda bira hin gahu.Inni biraan, namoonni qoricha aadaa kennan tokko tokko ittiin akka dhalatan naaf ibsani.Fakkeenyaaf, qoricha dhukkuba sarariitiifi risaa/ashaabalaa namni kennu gaafa dhalatu suuraan sun sanyiisaa irratti ka’ee dhalata ibsa jedhu naaf kennani. Qorichi aadaa akkuma kutaalee addunyaa har’a keessa jiraataa jirruu hedduu keessatti tajaajilaa jiru naannoolee addaddaafi godinaalee Oromiyaan qabdu hedduu keessattis tajaajila kennaa jira.Fekadu, (2001) qorichi aadaa bifa addaddaatiin hojjetamee dhukkubsataaf kennamuurra darbee qoricha ammayyaa garaagaraa irraa hojjechuuf illee akka tajaajilu ibseera. WHO, (1983) fi Akerele, (1991) n akka ibsanittis qorichi aadaa biyyoota akka biyya keenyaa guddinarra jiran keessatti qofa otoo hintaane biyyoota guddatan keessattuu uummanni %70-80 ta’u akka itti fayyadamu addeessu. Sababni isaa, qorichi aadaa baasii guddaa kan hinbarbaanneefi fagoo deemaanii

barbaaduu kan nama hindhamaasne ta'uu isaa irrayyu dhuukuboota qorichi ammayyaa fayyisuu hindandeenye waan fayyisuufi.

Akka odeeffaannoon aaddee Birqee Gaaddisaarraa, (12/09/2011) argame mul'isutti qorichi aadaa faayidaa hedduu akka qabudha. Fakkeenyaaf, Dubartii garaatti baattu akka ishiin rifattee ulfi irraa hin baanee jecha dursanii waanti ofeeggannoo taasisaniif, lafee seexanaa udaan waraabessaa keessaa barbaadanii erga argameen booda, lafee gadamsaafi gogaa waraabessaa itti dabalanii erga walitti dabalnii booda, guyyaa guutuu ilaalanii itti hidhu.Gaafa itti hidhan buna qalanii si'a sadii lubbuun tuqanii itti hidhu.Kana booda dubartittiin iddoo feete yoo deemte hin rifattu ibsa jedhu naa kennani. Kanaafuu, faayidaa qorichi aadaa kennu akka salphaatti kan ilaalamu miti. Kan biroon, xuuxillaa saree yeroo guddisan antuuta tuqaa qabanii yoo laataniif, saree maraatuun yoo ciniinteyyuu akka itti hin darbine naaf kaasani.

Qaama bineensotaa keessaa kanneen argamanis faayidaa garaagaraatiif oolu. Fakkeenyaaf, nama budaan itti nyaattee rakkistu gogaa waraabessaa irraa kutanii fo'aa qalloon mormatti hidhanii akka namni deebi'ee ittiin hindhukkubsanne taasisu. Namoota dhukkuba garaa keessaa kanneen akka dhukkuba culluxxee, garaa kaasaa, raammoo garaafi kkf niin dhukkubsatan yoo jiraate foon xaddee, foon booyyee, foon karkarroo osoo dhukkubsataatti hin himiin akka nyaatu taasifama. Sanaan booda, dhukkubicharraa fayya. Loon yoo gosa margaa siddisa jedhamu dheedanii garaa bokokan battaluma sana yoo qara eebootiin si'a sadii bokokicharra rurrukutan innuuma sana garagalaaf.Yeroo midhaan calleessan akka barakatuuf jecha dhagaa keessa kaa'u. Kun ammo seexana ari'a jedhameet amanama. Kanaafuu, dhagaanilleeqorichummaaf nifayyada jechuudha.

Gama biraatiin, faayidaa qorichi aadaa hawaasa aanaa Jibaatiif kennu keessaa tokko qorichi aadaa dhukkuboota qorichi ammayyaa fayyisuu hindandeenye fayyisuu isaati. Odeef-kennaan Obboo Dheeressaa Mirkanaa Turee, **(**07/09/2011 A.L.I.) yada kana yoo ibsanu:

> *Qorichi aadaa dhukkuboota manni yaalaa fayyisuu hindandeenye fayyisa. Fakkeenyaaf, kanneen akka dhukkuba simbiraa, dhukkuba sarariitii, baarillee, gaggabdoo, dhukkuba hooqxoo/sibijjii, dhukkuba hadhaa, dhukkuba budaa, dhukkuba xafaa, summii bofaa, buqqa'a, mo'oo eegee, qara laphee dhiqaa, ajii ijoolleefi kkf salphaatti fayyisa*jedhu.

Namoonni qoricha aadaa hojjetanii kennanis ta'e namoonni qoricha aadaa kanatti fayyadaman akka ragaa bahanitti hawaasni naannoo sana keessa jiraatu dhukkuboota garaagaraa kanneen irraa fayyuuf carraaqqii taasisu keessatti mana yaalaa deddeebi'ee qoricha ammayyaatiin yaalamee fayyuuf yaalus fayyuu hindandeenye. Garuu, qorichi aadaa dhukkuboota kana salphaatti fayyisa. Kanaafuu, faayidaa qorichi aadaa akka waliigalaatti qabu kanneen gurguddoo ta'an armaan gaditti ilaaluu dandeenya. Isaanis: dhiyootti argama, baasii xiqqeessa, dhukkubarraa ittisa, dhukkubarraa fayyisa, galii argamsiisa, aadaa, duudhaafi beekumsa hawaasaa calaqqisiisa, qorichi ammayyaa irraa oomishamuu danda'a.

Dimshaashumatti, yaada armaan olii kanarraa waanti hubatamu qorichi aadaa aanaa Jibaat keessatti hawaasa bal'aadhaaf faayidaa guddaa kennaa akka jirudha. Hawaasni aanaa sana keessatti argamu keessaa irra caalaan isaa baadiyyaa bakka qoricha ammayyaa yeroofi iddoo barbaadetti argachuu hindandeenye keessa kan jiraatudha. Qoricha ittiin dhukkubicharraa fayyu sana bitachuufis maallaqa guddaa isa gaafachuu danda'a.Kun ammoo, qabeenya isaa qisaasessa waan ta'eef baasii xiqqeessuuf, akka filannoo tokkootti qoricha aadaa bal'inaan yoo fayyadamu mul'ata.

### 4.1.5 Guyyaa, Sa'aatiifi Waktii Qorichi Aadaa Itti Qophaa'u

Yeroo odeeffannoon kun funaanamu odeefkennitoonni garaagaraa qorichi aadaa yeroo qophaa'u guyyaa, sa'aatii, waktii adda addaatti akka qophaa'u natti himani. Yeroo qorichi aadaa kun itti qophaa'u haala garaagaraatiin bakka gurguddoo sadiitti qoonnee ilaaluu dandeenya. Inni tokkoffaan, guyyoota torbee tokko keessa jiran keessaa qorichi aadaa kun guyyaa maaliirra akka qophaa'u kan ilaallatu yoo ta'u, inni lammaffaan ammoo, guyyaa qorichi sun qophaa'u sana ganama, guyyaa moo galgala qophaa'a kan jedhuufi inni sadaffaan ammoo Birraa, Bona, Arfaasaa, Ganna kan jedhudha.

Akka naannoo sanaatti qorichi aadaa wayita itti qophaa'u qaba. Guyyoota torbee tokko keessa jiran keessaa qorichi aadaa Wiixata, Roobiifi Jimaata qophaa'a. Sababni isaas, guyyoonni kun guyyoota qorichaati jedhamanii beekamu. Obboo Dheeressaa Mirkanaa, (07/09/2011 A.L.I) akkasitti ibsu,

> *Guyyoonni akka facaasaa, Kamisaa, Sambataafi Dilbataa guyyoota dacha/guutuu waan ta'aniif guyyoota kanarra qorichi aadaa hinqophaa'u.Aadaa Oromoo keessatti guuyyaan Wiixataa, Roobiifi Jimaataa guyyoota baaqqee/hir'uu guyyoota qorichaati jedhamanii beekamu.Baaqqeen ammoo guyyoota humna hinqabneefi guyyoota gargaarsi uumaa yookiin waaqaa hinmul'annedha.*

Yaada kanarraa waanti hubatamu qorichi aadaa qophaa'ee kan kennamu guyyoota Wiixataa, Roobiifi Jimaataati. Guyyoonni kun guyyoota jiran keessaa guyyoota hir'uu waan ta'aniif guyyaa itti waaqni uumaa isaa gargaaru miti. Gargaarsi waaqaa isaan faana hinjiru taanaan ammoo humna hinqaban. Kanaafuu, guyyoota kana waaqni dhukkuba qaama namaa keessa jiru waan hingargaarreef dhukkubichi qaama nama dhukkubsatee sana keessaa haxaawwamee baha jechuudha. Yaanni kun ammoo yaada abbootiin waa hojjechuu yoo barbaadan 'guyyoonni kun guyyoota waanti gaariin itti nama qunnamu miti' jedhanii itti amananu waliin waan walqabatu fakkaata. Kanarraa waanti hubatamu, dhukkubni qaama namaa keessa jiru gargaarsa waaqaa waan hinarganneef humna godhatee qoricha jala dhaabbachuu hin danda'u. Akka aadaa hawaasa bakka qorannoon irratti geggeeffame sanaatti guyyootuma qorichaa sanayyu qorichi aadaa kan qophaa'u ganama barii afaan buleen akka ta'e dubbatu.




Suuraa 22:Ganda Muunyoo Abbayyiitti Obboo Dheeressaa Mirkanaa 07/09/2011 A.L.I yeroo af-gaaffiifi daawwannaa ani  taasisuuf. Qoricha hadhaa yeroo natti agarsiisan.

Obboo Indaalee Guuttataa, (12/09/2011 A.L.I.), Aaddee Birqee Gaaddisaa, (12/09/2011 A.L.I.), Obboo Taarikuu Baqqalaa, (14/09/2011 A.L.I.) akka ibsanitti: "Qorichi aadaa kan kennamu guyyaa guutuu ta'uu akka qabu himani.Qabannisaa guyyaa guutuun guyyaa garalaafessa jedhanii amanu.Guyyaa hir'uun ammoo gara jabeessa," jedhu.

Akka yaada namoota kanaatti guyyaa guutuun guyyaa gara laafessa waan ta'eef, qorichi guyyaa sana kenname akka hojjetu itti amanu.Guyyaa hir'uun ammoo waan garaa jabaatuuf guyyicha qoricha kennuun fayyisuun ni ulfaata.Kan biroon, hawaasni guyyaa hir'uu akka cagginoottis nifudhata. Haata'umalee, odefkennitoonni baay'een isaaniimmoo, guyyaan qorichi aadaa itti kennamu guyyaa hir'uu ta'uu akka qabu sababa waliin kaa'aniiru.

Obboo Lammeessaa Nagaasaa Kabaashee, (14/09/2011 A.L.I.) akka ibsanitti, "Qorichi aadaa kan qophaa'u ganama barii afaan buleen osoo midhaan hin qammasiin, abidda bira hin taa'iin, namaan wal hin argiini" jedhani.

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa ganama barii qophaa'ee dhukkubsataaf kennama. Ganamni bariin kan filatameef sababa mataa isaa qaba. Namni tokko erga lafti bari'ee irribaa ka'ee booda waan baay'ee hojjechuu danda'a. Namoota birootiin yoo walarges waan baay'ee dubbachuu danda'a; namoota laguu qabanitti dhufuu danda'a; Waan dubbatu ykn hojjetu keessatti ammoo otoo hinbeekiinis ta'e beekee waan cubbuu ta'e tokko dalageera yoo ta'e qorichi aadaa inni/ishiin qopheessee/itee nama dhukkubsatu sanaaf kennu/itu sun tajaajila barbaadameef hinoolu. Kun ammoo kan ta'uuf, waan lama keessaa waan tokkoofi. Inni jalqabaa, qorichi qophaa'ee kenname sun akka humna fayyisuu hindhabneef yoo ta'u inni lammaffaan ammoo otoo maqaa waaqaa waamaa qoricha kennanii akka waantota dabaa ta'an hinhojjennefidha. Kanaafuu, qoricha aadaa qopheessanii kennuun waantota hawaasa keessatti jibbaman kanneen akka hannaa, sobaa, cubbuufi kkf illee akka namoonni balaaleffataniif daandii kan saaqudha.



Suuraa 23:Ganda Shanan 01tti Obboo Lammeessaa Nagaasaa Kabaashee 14/09/2011 A.L.I. af-gaaffiifi daawwannaan yeroo taasifamuuf. Qoricha simbiraa yeroon daawwadhu.

Akka odeeffannoon hawaasa keessaa argametti qorichi aadaa yeroo tokko tokko waktiilee guuramu qaba. Taliiloo Sirnaa fi Shaagoo Sirnaa, (03/09/2011 A.L.I.), Obboo Taaddasaa Booraa, (05/09/2011A.L.I.), yaada walfakkaataa yoo ibsan, qorichoonni baay'een waggaa keessatti yeroo lama qophaa'anii akka taa'an himu.Tokko Arfaasaa, lammaffaan ammoo Qaammeedha.Kaan ammoo yeroodhuma argaman akka funaanaman natti himani.

### 4.1.6 Hanga Qorichi Aadaa Ittiin Kennamu

Qorichi aadaa yeroo kennamu hanga ittiin kennamu qaba.Waanti safara malee kennamu miidhaa qaba; amma barbaadamee ol ykn gadi ta'uu danda'a. Hanga barbaadamee gadi yoo ta'e dhukkuba fayyisuuf barbaadameef sana milkeessuun shakkisiisaa ta'a. Haga barbaadameen ol yoo ta'es dhukkuba fayyisuuf barbaadameef ooluun isaa hafee miidhaa geessisuu waan

danda'uuf hangamtu kennamuu qaba kan jedhu qaamni qorichicha kennu xiyyeeffannaan ilaalee kennuun murteessaadha. Xiyyeeffannaan hawaasaa kunis muuxannoofi beekumsa hawaasaatiini malee, saayinsawaa miti.Beekumsi hawaasaa kun ammo, akkuma isa saayinsawaatti tajaajila bal'aa kenneera.

Namoonni qoricha aadaa dhukkubsataaf yemmuu qopheessanii kennan akka qoricha ammayyaatti safarri isaa ammana yoo jedhamuu baateyyuu umuriifi fayyummaa qaamaa faana ilaalanii kennu. Yoo isa dhugamu ta'es ijoollee xixinnoof akka umurii isheetti xixinneessanii, namoota gurguddoofis akkuma umurii isaaniitti ilaalanii kennuuf malee callisaniituma akka arganitti safara malee kan kennan miti.Safarri/hangi qorichi aadaa namaafi beelladootaa itti kennan wal caala.Kan beelladootaa hangisaa kan namaatii oltu kennamaaf; kan namaa sanaa gaditu kennama. Yaada kana Taliilee Sirnaafi Shaagoo Sirnaa, (03/09/2011 A.L.I.) yoo ibsanu,

> *Qorichi aadaa safara ittiin ilaalamee kennamu qaba. Yoo shinii ta'e shiniitti, yoo burcuqqoo ta'e burcuqqootti, yoo malakkee ta'e malakkeetti, fal'aanaan, hudduu qulfimarfeetiin naqxee ofeeggannoodhaan laatta. Akka namichi fudhatu hinshakkine ammoo ofii dura dhandhamnee akka inni fudhatu (dhugu) taasifna. Malakkaanis ta'u burcuqqoon yoo kennamu dhukkuba namichaa irratti ilaalamee laatama. Kanaafuu, namni qoricha sana kennu duraan dursee hanga isaa beekuu /qaba.*

Akka yaada kanarraa hubatamutti qorichi aadaas yoo kennamu akkuma qoricha ammaayyaatti waanti ogeessonni qoricha aadaa qopheessan ittiin ilaalanii kennan jiraachuu isaati. Adeemsa kanaan, umuriifi haala fayyummaa qaama namicha dhukkubsate sanaa ilaalcha keessa galchuun yoo kennamuu baate nama kennamuuf sana akka miidhu nama hubachiisa. Kanaafuu, ijoolleen akka ijoollummaa isheetti, namni guddaanis akka nama guddummaa isaatti hanga isa/ishee ga'uu qabutu kennamaaf. Ogeessonni qoricha aadaa qopheessan namoota qoricha aadaa fudhataniif yemmuu qorichicha kennan haala garaagaraatiin kennu kaaniif hudduu marfequlfiitiin, kaaniif burcuqqoon, kaaniif ammoo fal'aanaan safaruudhaan; kan dammaan, affeellii dabaaqulaatiin, aannaniin, bunaan, bishaaniin namoota dhukkubsataniif kennamu jira. Keessumattuu, qorichoonni aadaa warri dhugaman ofeeggannoon yoo kennaman malee miidhaa geessisuu danda'u.

Akkuma qorichi ammayyaa safaraan ilaalamee kennamu qirichi aadaa mala aadaan/beekumsa hawaasaatiin qophaa'u kunis safara ittiin ilaalamee kennamu qaba. Safara qorichi aadaa ittiin kennamu ilaalchisee Obboo Biraanuu Maammoo, (18/08/2011 A.L.I.) akkas jedha,

> *Qorichi aadaa yeroo dhugamu safara qaba. Fakkeenyaaf, sareen maraatte yoo nama ykn beellada ciniinte qoricha aadaa dhukkuba sana fayyisu qopheessanii horiif yoo kennamu guyyaa kennamu sana hundaa shiinii tokko tokkotukennama ,jabbootaafis hangi isaa hir'atee malakkaan tokko kennamaaf.Namaafis haaluma kanaan safaramee malakkaan tokko qofti kennamaaf; yoo ijoollee taate ammoo, xiqqeessanii udduu malakkaa keessatti kennuuf;ykn quba abbuudduu tokko safaranii obaasu.*

Akka yaada kanaattis qorichi aadaa safara malee kennamuu akka hinqabnedha. Qoricha kun hanga namichi qoricha aadaa kennu sun duraan kennuun ol taanaan dhukkuba sareen maraatuun ciniinte fayyisuun alatti rakkoo fayyaa kan biroo qaqqabsiisuu mala. Rakkoo akkasii kana akka hingeessifneef ammoo safara namoonni qoricha aadaa qopheessanii ittiin kennan sana beekuun gaarii ta'a. Kanaafuu, kana ta'uu baannaan tarii miidhaa lubbuullee geessisuu danda'a. Kun ammoo, akka waliigalaatti qorichi aadaas akka mana yaalaatti safara ammayyaa haadhabuyyuu malee akkaataa aadaa hawaasa/beekumsaa fi muuxannoo hawaasa naannoo sanaatti kan ittiin safaramee kennamuufi falaasama hawaasichaa ta'uu isaa nama hubachiisa.Haaluma kana fakkaatuun Taliilee Sirnaa fi Shaagoo Sirnaa, (13/09/2011) akka ibsanitti,

> *Qorichi aadaa kamiyyuu safara mataasaa qaba.Fakkeenyaaf, sareen maraatuun yoo nama ciniinte hangi qorichaa kennamu nama guddaaf, udduu marfequlfii tokko damma ykn affeellii dabaaqulaa ittiin marnii liqimsiisu. Ijoolleedhaaf, walakkaa udduu marfequlfii dammaan liqimsiisu.Yoo horii ta'e ammoo, hanga isaa dabalanii hudduu marfequlfii sadii dhadhaadhaan maranii qoonqoo keessa buusu.*

Akka yaada namoota kanaatti qorichi saree maraattee yeroo kennamu safarrii qabaachuudhaa baannaan namas ta'ee, horii miidhaa cimaa irraan geessisa. Yeroo dammaan, dabaaqulaan, dhadhaan kennamuun isaa kun ammoo akka afaan hin tuqneefi yoo afaan tuqe niluqqisa. Walumaagalatti, qorichi aadaa safara ittiin kennamu akka qabudha. Qorichichi akkaataa dhukkuba fayyisuu danda'utti nama qoricha aadaa qopheessuun erga qophaa'ee booda finjaala, fal'aanaafi sarara qubaan safaramee dhukkubsataaf kennama (Assefa, 1992). Darbees, umurii, fayyummaa qaamaafi kkf irratti hundaa'uudhaan akkaataa namni ykn horiin qorichicha fudhatu

sun miidhamuu hindandeenyetti kennama. Keessattuu, qorichoonni aadaa warri dhugaman safaramanii waan kennamaniif yeroo kennaman ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha.

### 4.1.7 Ofeeggannoo Yeroo Qorichi Aadaa Kennamu Taasifamu

Yeroo ogeessi fayyaa tokko qoricha mana yaalaatii nama dhukkubsateef kennu adeemsi hordofamuu qabuufi akka dhukkubsataan irraa ofeegu waanti itti himamu jira. Haaluma walfakkaatuun, namni qoricha aadaa qopheessus waan ofii isaatii irraa ofeeggatuufi akka dhukkubsataan irraa ofeeggatu waan itti himu qaba. Waantonni dhukkubsataan irraa ofeeggatus akkaataadhuma dhukkuboota saanaatiin addaddummaa qabu. Fakkeenyaaf, namoonni ykn horiin qoricha dhugaman fudhatan waan nyaatamuufi dhugamu yoo lagatan warri qoricha madaaa ykn dhukkuba qaama alaarra jirurraa fayyuuf fudhatan tokko tokko ammoo aduurraa ykn ibiddarraa akka ofeegan itti himama. Garuu, kan namoonni qoricha aadaa qopheessan irraa ofeeggatan ammoo afaan buleen raawwachuudha. Ofeeggannoon kan barbaachiseefis qorichi nama dhukkubsatu sanaaf kennamu akka miidhaa irraan hingeenyeef jedhameeti. Yaada kana ilaalchisee akka Obbo Hayiluu Tuujjessaa Aangoo, (25/08/2011) akka ibsanitti:

> *Waantota namni qoricha aadaa qopheessu irraa ofeeggatu keessaa muraasni isaanii kanneen akka gaaddidduu namaa, ibidda, saalqunnamtii, laguu dubartootaa ji'aan dhufu, waan hamaa dubbachuu/cubbuu akkasumas ganama hanga qorichicha qopheessanii kennanitti nyaataafi bishaaniin dhiqachuu lagachuu fa'i. Namni qoricha aadaa kennu waantota irraa ofeeguu qabu kan biroollee niqaba. Dubbii dabsanii ragaa ba'uu, hatuu, haadha manaa nama biroo saalqunnamtiif barbaaduu/sagaaggalummaa, hinaaffaa, waanti gaariin akka namaaf hintaane jibbuufi waantota cubbuu fakkaatan irraa ofeeguun yoo qoricha kana qopheessee kenne malee qorichi inni/isheen qopheessu/itu tajaajila barbaadameef ooluun isaa shakkisiisaadha.*

Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti namni qoricha aadaa qopheessu waantota cubbuu fakkaataniifi waantota akka qunnamtii saalaa, waan hamaa dubbachuu ,hatuu, jibbuufi kkf irraa ofeeguu qaba. Waantota kanarraa ofeegee qopheessee hinkennu taanaan qorichi namni qoricha aadaa qopheessu sun namoota dhukkubsataniif kennu tajaajila barbaadameef ooluu dhiisuu danda'a.Kun ammoo, akkuma qorichi mana yaalaatii kennamu ofeeggannoon kennamu ykn akkuma waanti namni qorichicha fudhatu akka irraa ofeeggatuuf itti himamu namni qoricha aadaa qopheessus waan ofii irraa ofeeggatuufi adeemsa hordofee qorichicha qopheessee namoota

dhukkubsataniif kennu qaba. Akka dhukkubsataan irraa ofeegu kan itti himamus jira. Garuu, akka qorichoota mana yaalaatii kennamanii kan barreeffamaan kennamu otoo hintaane afaaniin kan himamudha. Haala kanaan, ogeessi qoricha aadaa qopheessee kennu sun waan ofii isaatiif irraa ofeeggachuu qaburraa ofumaan ofeegee kan namicha qoricha fudhatuu sana ammoo afaanumaan itti hima. Namichi dhukkubsatee qoricha fudhatus waantota akka irraa ofeeggatuuf itti himame sanarraa ofeegee qoricha isaaf kenname fudhata.

Akkuma armaan duratti ibsamuuf yaalame ofeeggannoo namni qoricha aadaa qopheessu gochuu qabu Obboo Indaalee Guuttataa Fiixaa, (12/09/2011) ibsanitti:

> *Namni qoricha aadaa kana qopheessu boorumtii yookiin guyyaa itti aanu qorichicha qopheessee kenna yoo ta'e gaaddidduu,saalqunnamtii irraa ofeegee bulee ganama suubiis harkaafi fuula isaa otoo hindhiqatiin afaaniinis waan hamaa yookiin waan cubbu ta'a jedhee yaadu otoo hindubbatiin deemee qaama biqilaa qorichummaaf oolu sana erga kutee ykn buqqisee booda akkaataa namni dhukkubsatu sun ittiin fudhachuuf mijatutti qopheessee kennaaf.*

Akka yaada kanaatti namni qoricha aadaa qopheessu tokko hanga qorichicha qopheessee nama dhukkubsatu sanaaf kennutti waantota akka saalqunnamtii, harkaafi miilla dhiqachuu, cubbuu hojjechuu, cubbuu dubbachuufi kkf irraa ofeeguu qaba. Yaanni kun qorichoota warra guyyaa Wiixataa, Roobiifi Jimaataa qophaa'aniif kan hojjetu yoo ta'u waantota jedhaman kanarraa ofeeganii qopheessuu baannaan qorichi dhukkubsataaf kennamu sun dhukkubicha fayyisuun hafee qaamni dhukkubsataa dhukkubichaan irra caalaa akka miidhamaa deemu taasisa. Haalli kun ammoo, deemee deemee hanga du'a lubbuuttuu deemuu waan danda'uuf waantota kanneen irraa ofeeganii qopheessuun filatamaadha. Yaada kanarraa waanti hubatamu, namoonni dhala namaa hundaaf akka ilaalcha gaarii qabaatan kan jajjabeessu ta'uu isaati. Kanaafuu, hawaasa sana keessatti namni qoricha aadaa qopheessu tokko nama miirri foon isaa/ishee itti geessinaan waan barbaade dalagus hinqabu.

Qorichoonni aadaa dhugaman otoo namichi dhukkubsatu (qoricha fudhatu) sun nyaata hinyaatiin kennamuuf. Fakkeenyaaf, namni sareen maraatuun ciniinte tokko nyaata nyaatee yoo qoricha sana fudhate qorichichi dhukkuba qaama namichaa keessatti uumame sana balleessuu (ajjeesuu) waan hindadeenyeef waan nyaatamuufi dhugamu akka hinfudhanne taasifama. Karaa biraatiin, qorichi kun afaan buleen akka fudhatamu kan barbaadameef ammoo dhukkubni qaama keessa

jiru sun humna qorichicha kennamu sanaa akka hinqoollifanne ykn akka hindandamanne gochuuf yaadameeti; yoo nyaata nyaatanii qorichicha dhugandhukkubichi humna godhata. Kanaafuu, afaan buleen dhuguun kallattumaan dhukkubichi nyaata barbaada yeroo bahu qorichaan wal arganii dhukkubni du'a. Dhukkubsataan qoricha aadaa dhugamu fudhatus sa'aatii shan ykn jaha nyaata hinyaatiin erga turee booda waanti akka inni nyaatuuf ajajamuuftu jira. Innis: namichi qoricha fudhatu afaan buletti qorichicha fudhachuun sa'aatii muraasa kanaaf waan turuuf mar'umaan isaa akka hinmiidhamne dhama, qirraarii farsoo, bassoo garbuu, marqaa xaafii diimaa irraa hojjetamu akka fudhatu taasifama.

Marqaa xaafii diimaa namoota dhukkubsatanii qoricha aadaa fudhatan hundaaf kennama otoo hintaane namoota qoricha aadaa bifa dhangala'aan qophaa'an dhuganiif kennama. Sababni isaas, marqaan xaafii diimaa waan mar'imaan qabatuuf mar'imaan nama qoricha aadaa dhugee nyaata malee sa'aatii muraasaaf ture sanaa nifayyisa jedhamee waan amanamuuf nama dhukkuba qaama keessaatiif qoricha aadaa dhugeef kennama. Garuu, qorichoonni warri qaama dhukkubsatu irratti dibataman afaan buletti fudhachuunis ta'e marqaa xaafii diimaa nyachisuun hinbarbaachisu. Namoonni qorichoota aadaa dibataman tokko tokko fudhatan aduurraa akka ofeegan yeroon itti taasifaman nijira. Haaluma kanaan, qorichoonni aadaa dibataman tokko tokko aduun akka irratti gogsu yoo barbaadan warri kaan ammoo yoo aduun itti ba'e qaama qorichi itti dibame sana waan madeessaniif akka aduurraa of eegan itti himama. Fakkeenyaaf, qorichi baarillees ta'e qorichi simbiraa nidibatamu.Qorichi simbiraa erga dibatamee booda aduun akka itti hinbaaneef carqii qulqulluu akka irratti hidhatan taasifama. Gama biraatiin, ofeeggannoon kan taasifamu yemmuu qoricha aadaa biqiloota irraa qopheessinu malee qorichoota warra bineensotaa fi damma, biyyoofi bishaanirraa qophaa'aniif ofeeggannoon taasifamu muraasa. Namni qoricha aadaa biqilootarraa qopheessu guyyaa qorichi sun qophaa'u itti yaadee deemee waan qopheessuuf waantota akka quunnamtii saalaa, akkasumas bishaan, midhaaniifi kkf lagatee qopheessa.Garuu, warri bineensotarraa qophaa'an itti yaadamanii otoo hintaane akka tasaa waan argamaniif waantota lagatamuu qaban hunda lagatanii qopheessuun rakkisaadha.Waantota akka saalqunnamtii, bishaaniifi nyaata yoo lagachuu dadhabaniyyu waantota cubbuu fakkaatan kanneen biroorraa ofeeguun garuu faayidaa qorichichi kennuuf gumaacha olaanaa qaba jedhanii waan yaadaniif irraa ofeeggatanii qopheessu.

### 4.1.8 Namoota Qoricha Aadaa Qopheessan

Beekumsi qoricha aadaa dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe afoolaani maleen bifa barreeffamaatiin hinturre. Haaluma kanaan namni qoricha aadaa beekus qoricha beeku sana dhala isaatti dabarsee afaaniin itti hima. Karaa biraatiin, abbaan ykn haati yeroo qoricha sana qopheessan akka ijoolleen isaanii ilaalanii qalbeeffatan gochuudhaan barsiisu. Umuriinis yoo ilaalle nama umuriin isaa dargaggummaa oliituu qopheessuu qaba. Qabanni isaas, qoricha aadaa baranii qopheessuun hubannoo barbaada. Fakkeenyaaf, ijoolleen raabni qoricha aadaa bartee haakennitu yoo jenne irraanfachuu dandeessi. Kanaafuu, qoricha aadaa nama umurii dargaggummaa qabuu oliitiin yoo kenname irra caalaatti milkaa'ina qabaata. Haaluma kanaan, qoricha aadaa qopheessuuf barnoota qabaachuun, koorniyaadhaan dhiira ykn dhalaa ta'uun waanti daangessu hinjiru.Garuu, akka qorichoonni aadaa miidhaa hingeessifneef waantonni ilaalamuu qaban muraasni nijiru. Dhimma kana ilaalchisee AaddeeShittoo Dhaabaa, (10/09/2011) yoo ibsan:

> *Namni qoricha aadaa qopheessu tokko nama bilchina yaadaa qabu otoo ta'ee baay'ee filatamaadha. Sababni isaas namni qoricha aadaa qopheessu yemmuu qorichicha nama dhibameef qopheessu waantonni irraa ofeeguu qabu waan jiraniif isaan kanarraa ofeegee qopheessuun bilchina yaadaa gaafata malee barnoota qabaachuu hingaafatu.*

Akka yaada armaan olii kanaatti namni qoricha aadaa qopheessee kennu tokko qoricha sana qopheessuuf ykn qoricha aadaa baree ittiin uummata tajaajiluuf barnoota akka qabaatuuf hindirqamsiifamu. Sababni isaas namni kamuu beekumsa ykn akkaataa qoricha sana itti qopheessan abbaa ykn haadha isaarraa argate irratti hundaa'ee qoricha sana qopheessee kennuu danda'a. Dabalees, yeroo abbaan ykn haati qoricha aadaa sana qopheessan bakka sanatti argamee ijaan ilaalee qalbeeffachuun qopheessee kennuu nidanda'a. Kana gochuufis, qorichi sun maal maalirraa akka hojjetamu, akkaataa inni itti hojjetamu, akkamitti akka kennamu, ofeeggannoon isaan taasisan maal maal ta'uu akka qabuufi kkf qalbeeffachuuf bilchina yaadaa barbaada malee barnoota qabaachuu hin barbaachisu. Kanaafuu, qoricha aadaa qopheessuun beekumsa muuxannoodhaan abbaafi haadharraa argameen kan qophaa'u malee barnoota qabaachuu kan nama gaafatu miti.

Akkuma armaan olitti ibsame qoricha aadaa qopheessanii nama dhukkubsate tokkoof kennuun kan umuriidhaan daanga'u dha.Namni qoricha aadaa qopheessu umuriin isaa ykn ishee dargaggummaa ol ta'uuqaba. Qoricha aadaa qopheessuun amantaa, aadaa, dinagdeefi koorniyaan Kan nama hinqoodneefi namni qorichicha beeku kamuu qopheessuu danda'a (Teshome, 2005). Qajeelfamni umurii daangessee akka ulaagaatti kaa'es hinjiru; garuu namoonni yeroo odeeffannoo kennan umurii ijoollummaatiin qoricha aadaa kennuun hin danda'amu jedhu.Sababiin isaan kaa'anis hubatanii akka barbaachisu sanatti hin kennanu; aadaa ittii namoonni qoricha aadaa kennanis hin hubatanu.Warri qopheessaa turanis ta'e warri yeroo ammaa qoricha kana qopheessaa jiran namoota umurii garaagaraa keessa jiranidha. Tarii daa'imman yaadaan hinbilchaatiin waantota qorichi sana irraa qopheessan, akkamitti akka qopheessaniifi maalirraa ofeeganii akka qopheessan hinbeekne hin qopheessanu.

Karaa biraatiin, qoricha aadaa qopheessuun koorniyaadhaan yoo daangessuu baateyyu irra caalaa warra dhiiratu qopheessa. Yaada kana ilaalchisee akka Shittoo Dhaabaa, (10/09/2011 A.L.I.) ibsanitti,

> *Dubartiin fedhii abbaa manaa ishee guutuuf tarii qunnamtii saalaa raawwachuu dandeessi; hojiin waan itti baay'atuuf bosona deemtee qorichoota biqilootarraa dalagaman barbaaduun itti ulfaata; yeroo baay'ee hawaasni ilaalcha hin taane qabatee dhiirota qofatti amana. Quunnamtii saalaa raawwattee ammoo qoricha qopheessuun rakkisaa waan ta'eef yeroo baay'ee hinqopheessitu. Baay'inaan dhiirotatu qopheessa* jedhu.

Hawaasa naannoo sanaa keessatti dhiiras ta'u dhalaa namni qoricha aadaa beeku tokko qorichicha qopheessee kennuu danda'a. Garuu, akka ragaan qorannoo kanaa mul'isutti irracaalaa qoricha aadaa kan qopheessan dhiirota ta'uu isaati. Kun ammoo, tokkoffaa yeroo baay'ee dubartoonni hojiin waan itti baay'atuuf laga deemanii biqiloota qorichi aadaa irraa qophaa'u sana barbaaduuf yeroo hinargatani. Lammaffaa ammoo, gaaffiin fedhii qunnamtii saalaa abbaa manaa isaaniirraa waan isaaniif dhihaatuuf abbaa manaa isaanii didanii ittiin waldhabuu hinbarbaadan.Qunnamtii saalaarraa ammoo otoo of hineegiin qopheessanii kennuun rakkisaa ta'uu isaa waan beekaniif qoricha aadaa qopheessuurraa of qusatu.Sadaffaa ilaalchi hawaasaas shaamarran qoricha aadaa kennanirrattiamantaa guddaa hin qabani. Dimshaashumatti, namni qoricha aadaa qopheessu nama hawaasa naannoo keessa jiraatu keessatti qoricha aadaa biqiloota,

bineeldota, damma adda addaafi kkf irraa qopheessuun beekamtii qabudha (WHO, 1983; Sofowara, 1982). Firiin qorannoo kanaas yaaduma kana kan mirkaneessudha.

### 4.1.9 Babal'achuu Manneen Yaalaafi Itti Fayyadama Qoricha Aadaa

Yeroo ammaa kana biyya keenyaa keessatti manneen yaalaa ammayyaa babal'achaa jiru. Mootummaanis namoonni dhukkubsatan bakkaafi yeroo barbaadanitti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuyyu dhalti namaa dhukkuba ittiin qabamu irraa guutumaa guutuutti fayyuun yeroo rakkisaa ta'uu danda'a. Namni dhukkubsate tokko maallaqa gahaa ta'e qabaatee mana yaalaa deemee yaalamus akkaataa barbaadameen fayyuu ykn fayyuu dhiisuu danda'a.Garuu, baasii guddaarraa isa oolchuu hin danda'u.

Namni tokko yoo dhukkubaan qabame dhukkubicharraa fayyuuf fala barbaaddachuun isaa hinoolu. Fala namni dhukkubaan qabame barbaadu keessaa inni tokko mana yaalaa deemee yaalamuu yoo ta'u inni biroon qorichoota aadaa kan namoonni naannoodhuma jireenya isaaniitii waantota garaagaraa irraa qopheessanitti gargaaramuudha. Qoricha aadaa kana ammoo waanti adda isa taasisu dhukkuboota manni yaalaa fayyisuu hindandeenye fayyisuu isaati. Yaada kana ilaachisee akka Obboo Shallamaa Gobbuu Teessoo,Aaddee Gaaddisee Raggaasaa,Aaddee Alamii Araarsoo Faaree, Obboo Katamaa Geetaahuun Asaanaa, (17/09/2011 A.L.I.) gareen ta'anii akka naaf ibsanitti A.L.I.) Ibsutti,

> *Qorichoonni aadaa baay'een isaanii dhukkuboota qorichi ammayyaa fayyisuu hindandeenye kanneen akka saalqunnamtii dadhabuu warra dhiirotaa irratti mul'atuu, dhukkuba simbiraa, hooqxoo/sibijjii, baarillee, arraabdoo, dhiqaa, ajii, kormammuu harree/kintaarotii, summii bofaafi kkf mana yaalaatti hin fayyamu. Garuu kanneen biroo yoo fayyisu argina. Kanaafuu, babal'achuun mana yaalaa itti fayyadama qorichi aadaa qabu hir'isuu hindandeenye.*

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa tajaajila qorichi ammayyaa kennuu hindandeenye kenna.Innis dhukkuboota namoonni qoricha aammayyaatiin yaalamanii irraa fayyuu hindandeenye fayyisuu danda'a.Kanaafuu, manni yaalaa bal'inaan jiraachuun isaa itti fayyadama qoricha kanaa irratti dhiibbaa taasisu hinqabu. Faayidaa akkanaa qabaachuun qoricha kanaa ammoo akka qorichi kun lafa kanarra jiraatee gara fuula duraatti hawaasicha bal'inaan tajaajilu gochuusaa irrayyu akka mallattoo eenyummaa namoota qoricha aadaa sana qopheessaniitti ilaalama. Sababni isaa,

namoonni qoricha kana qopheessan akka qabeenya mataa isaaniitti waan ilaalaniif waantota qorichoonni sun irraa qophaa'anillee ni kunuunsu.

Manni yaalaa babal'atee jiraachuun isaa itti fayyadama qoricha aadaa kan hinhir'ifne ta'uusaa kan agarsiisan keessaa inni biroon dhimma baasii waliin walqabatedha. Namni tokko dhukkubsatee mana yaalaa yoo deeme baasii garaagaraatiif saaxilama.Garuu, qoricha aadaan yoo yaalame baasii guddaa hinqabu. Yaada kana ilaalchisee Aaddee Shittoo Dhaabaa, (10/09/2011) yoo ibsan: A.L.I.) Akkas jechuun ibsa:

> *…qorichi aadaa baasii humnaan olii waan hinqabneef yeroo ammaa kanallee namoonni hedduun itti gargaaramaa jiru.Fayyisuuf humna cimaa qabaachuun isaaa, baasii guddaa dhabuufi naannoodhuma jiraannu kanatti waan argannuuf fagoo hindeemnu. Kanaafuu, qoricha aadaatti fayyadamuun baasii garmalee qaala'urraa nama hambisa.Fakkeenyaaf, yeroo ammaa kana manni yaalaa mootummaa qorichoota hedduu hin qabu; kan dhuunfaatti nama erga. Manni yaalaa dhuunfaa ammoo hawaasa giddugaleessa godhatu osoo hin taane, faayidaa dhuunfaa isaanii giddugaleeffatu.kanaaf gatiin isaanii baay'ee olka'a. Kanammoo iyyeessi tokko waan maallaqa gahaa hin qabneef, yaalamuu hin danda'u. Qorichi aadaa garuu,yoo akkam itti cime qarshii kudhanii hanga qarshii shantamaati;yookiinmargallee kutee kennee bilisa fudhachuu danda'a.*

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa baasii namni dhukkubsate tokko qoricha argatee yaalamuuf baasu hambisa. Baasiin kunis waan salphaa otoo hintaane yaalamuuf jecha baasii namni tokko gaafa guyyaa mana isaatii ba'ee deemurraa eegalee hanga fayyutti baasu sana waan hambisuuf waan akka salphaatti tilmaamamu miti. Darbees, naannoo jireenya hawaasa sanaatti waan argamuuf fagoo deemanii barbaaduu kan nama dhamaasu miti.Kan biro ammo, namni tokko waan ittiin yaalamu waan dhabeef yaalii hin dhabu; margallee kennee tola qoricha aadaa fudhachuu danda'a. Kanaafuu, qoricha aadaa fayyadamuun kufaatii humna namaa gama dinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi kkf dhufu hanga tokko hambisuu danda'a. Kun ammoo, akka waliigalaatti waantota gama baasiitiinis ta'e gama humnaatiin nama dadhabsiisan irraa kan dhala namaa oolchuufi kan salphaatti argamudha.

### 4.1.10 Qoricha Aadaa Kunuunsuuf Waan Ta'uu Qabu

Qorichi aadaa hawaasa addunyaatiif faayidaa guddaa akka qabu ilaallee jirra.Hawaasa aanaa Jibaat keessattis faayidaa walfakkaatu akka qabu firii qorannoo kanaan argamerraa hubachuun

nidanda'ama. Waanti hawaasa bal'aaf faayidaa qabu ammoo haala itti fufiinsa qabuun hawaasa kana keessa turee dhukkuboota gama addaddaan qabeenya, lubbuufi yeroo dhukkubsataa qisaassessan kanarraa akka nama oolchu gochuun gaarii ta'a. Kanaafuu, namoonni qoricha aadaa qopheessanii dhukkubsataaf kennan, kanneen itti fayyadamaniifi qaamni mootummaa dhimmi kun ilaallatu akka qorichi aadaa irra caalaa tajaajila guddaa kennuuf kunuunsuun, galmeessanii kaa'uuniifi qorannoo irratti adeemsisuun bu'aa guddaa argamsiisuu danda'a.

Akkuma armaan olitti ibsamuuf yaalame qorichi aadaa hawaasa naannoo sanaatiif faayidaa guddaa qaba. Faayidaa inni kennu dhala namaa dhukkuba garaagaraa irraa fayyisuurra darbee beeladoota kanneen akka: fardaa, gaangee, hoolaa, re'ee, saree, looniifi kanneen biroos dhukkubarraa fayyisuu isaa akka fakkeenyaatti kaasuu dandeenya. Faayidaa isaa kanas gama tokko qofaan otoo hintaane gama addaddaan ilaaluun gaariidha. Fakkeenyaaf, baasii geejjibaaf ba'u, qisaasa'ina yeroo, naannoo jireenya ofiitti qoricha argachuu dhabuurraa kan ka'e lubbuu ofii dhabuufi kkf akka fakkeenyaatti maqaa dha'uun gahaadha. Waanti faayidaa guddaa akkasii qabu kun ammoo kunuunfamuu qaba.

Walumaagalatti, qorichi aammayyallee gara fuula duraatti akka qoricha aadaarraa omishamuuf motummaanis gama isaatiin irratti xiyyeeffatee hojjechuun gaarii ta'a. Yeroo ammaa biqiloonni qorichi aadaa irraa hojjetaman qorichoota ammayyaa irraa hojjechuufillee bal'inaan tajaajilaa jiru,(Fekadu, 2001). Darbees, biqiloonni qorichi aadaa irraa hojjetaman akka hinbadneef mootummaanis ta'e hawaasni gama isaaniitiin deeggersa barbaachisaa ta'e gochuufii qabu. Sababni isaas, namoonni qoricha aadaa qopheessanii ittiin hawaasa keessa jiraatan tajaajilan namoota dhukkubsataniif kennanii maallaqa guddaa waan itti hinarganneef biqilootasana kunuunsuuf baay'ee dhiphachuufii dhiisuu danda'u. Kun ammoo, biqiloonni qorichichi irraa hojjetamu adeemsa keessa akka lafarraa badaniif waan daandii saaquuf biqiloota faayidaa akkasii qaban kana dhabuu ta'a. Haaluma kanaan Aaddee Taliilee Sirnaafi Shaagoo Sirnaa, (03/09/2011 A.L.I.) akka ibsanitti

> *Gara fuulduraatti qorichi aadaa kun itti fufee tajaajila akka kennuuf, mootummaan xiyyeeffannoo itti kennee leenjii adda addaa namoota qoricha aadaa qopheessaniif kennee jajjabeessuu qaba.Akkuma kana qoratamee, beekamtii argatee akka hawaasni itti amanee fudhatu taasisuu qaba.*

Akka yaada kanaatti qorichi aadaa beekamtii argatee kennamuudhaaf, mootummaan xiyyeeffannoo itti kennee hawaasas ta'e qaama qoricha aadaa kana kennu leenjii hubannoo qoricha kanaa akka kennuuf yaada jedhu of keessatti qabata.

Walumaagalatti gara fuulduraatti hawaasas ta'e mootummaan hubannoo argatanii qorichi aadaa kun tajaajila akka kennu xiyyeeffannoo akka itti kennan barbaachisaadha.Haaluma kanaan yaaxxinni/theory) xiinxala kana deeggaran,yaaxxina aadaa hawaasaafi yaaxxina yaadaati.Yaaxxinni aadaa hawaasaa bu'aan hawaasaa (waantonni hawaasaan uumaman) akka xiyyeeffannoo argachuu qaban kaasa. Qo'annoon fookloorii ,duudhaa hawaasaa,faayidaa qabeenya uummataafi naannoo xiyyeeffannoo keessa waan galcha.Kanaafuu odeeffannoon kun kan xiinxalame, faayidaa qorichi aadaa hawaasaa qabuufi waantnni hawaasni ofiisaatii uummate xiyyeeffannoo keessa galcheet xiinxalame.

### 4.1.11 Amantiifi Qoricha Aadaa

Hawaasni kamuu aadaafi amantaa mataa isaa qaba. Waantota akka qoricha aadaatti qopheessanii itti fayyadamaniifis ta'e waantota hojjetaman kanneen biroo akkuma aadaa isaaniitti duukaa bu'anii raawwatu malee akka aadaa hawaasa birootti hindalagani. Adeemsa kana keessatti aadaafi amantaan bakka itti walfaana deemuufi bakka itti walfaallessu qabaachuu danda'a. Amantaan qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa irratti dhiibbaa geessisuufi dhiibbaa geessisuu dhiisuu isaa beekuuf faayidaafi miidhaa qorichi aadaa qabu erga hubatamee booda murteerra ga'uun hinoolu. Akka namoota amantaa adda addaa hordofan keessaa namoonni 'Waaqni nuti itti amanne nugargaara' jechuudhaan qoricha aadaatti hin fayyadamnu jechaa turan jiraatanis yeroo amma garuu itti fayyadamaa akka jiranidha. Yaada kana Hayiluu Tujjeessaa, (25/08/2011 A.L.I.) yoo ibsan:

> *Kanaan dura namoonni tokko tokko amantaatti hirkifachuudhaan waaqni nuti itti amannee jirru nugargaara jechuudhaan qoricha aadaatti hinfayyadamnu jechaa turan. Bal'inaan qoricha aadaatti fayyadamaas hinturre. Booda garuu,waantota sababeessan kanneeniin waan fayyuu dadhabanii rakkataa turaniif, qoricha aadaa fudhatanii ittiin yaalamuu eegalan.*

Akka yaada kanaatti namoonni amantaan walqabsiisanii qoricha aadaatti hinfayyadamne turaniiru. Isaanis itti fayyadamuu dhiisuu isaaniitiifis waantota addaddaa sababeessaa turan. Innis ‘waaqni nuti itti amannee jirru nufayyisa’ waan jedhaniif waaqa isaanii abdataniiti malee fayyisuu qoricha aadaa shakkanii miti. Haalli kun sababoota garagaraa irraa kan ka’e jijjiiramee yeroo ammaa tajaajila qorichi aadaa namootaaf kennu hubachuudhaan itti fayyadamaa jiru. Waantota akka isaan faayidaa qoricha aadaa hubatan isaan taasisan keessaa inni tokko  qorichi aadaa dhukkuboota qorichi ammayyaa mana yaalaatii kennamu fayyisuu hindandeenye fayyisuu danda’uu isaati. Inni lammaffaan ammoo, namoonni qoricha aadaa qopheessanii kennanis gargaarsa waaqaa malee fayyisuu akka hindandeenye waan beekaniif yeroo qorichicha nama dhukkubsate sanaaf itti diban, itti ulan, obaasan, ittiin miican ‘Yaa Waaqayyo, gargaarsa kee malee ani humnan ittiin fayyisu hinqabuu ati dhukkubsataa kee kana gargaari; wajjin ta’i qoricha furu taasisiif, namicha sifa, dhukkubaa dhiba taasisi; fayyisi,’ jechuun qoricha sana kennuu isaaniiti. Kun ammoo, naannoo sanatti namoonni qoricha aadaa qopheessan sun waaqa uumaa isaaniitiif bakka olaanaa qabaachuu isaanii kan agarsiisudha.

Amantaa kamuu keessatti namni dhukkubsate tokko qoricha aadaa fudhatee dhukkuba ittiin qabamerraa hinfayyiin kan jedhu hinjiru. Namni amantaa kamiinuu hordofu yoo dhukkubsate gara ogeessota qoricha aadaa qopheessanii deemuudhaan dhukkuba isaa/ishee itti himachuu danda’a. Namni qoricha aadaa qopheessus waan namni dhukkubsatee deeme sun itti himaterraa mallattoo dhukkubichi nama sana irratti agarsiisu (madaa namichi qoricha fudhatu qaamasaa irraa qabu) sana ilaalee erga hubateen booda akkaataadhuma dhukkubicha fayyisuu danda’utti qoricha aadaa qopheessa. Qoricha sanas haala kamiin akka fayyadaman (yoo nidibatama ta’e akka dibatan, yoo nidhugama ta’e ammoo akka dhugan) itti hima. Yoo ofii isaa kennaafis ta’e achumatti ofii isaa haala kennamuu qabuun kennaaf. Namoonni qoricha sana fudhatanis akkaatuma ogeessi qoricha aadaa qopheessu sun isaan ajajeen qorichicha fudhatanii itti fayyadamu.

Walumaagalatti, namoonni qoricha aadaa fudhatanii ittiin fayyuu amantaatti hirkisuun itti hinfayyadne turaniiru. Namoonni kun adeemsa keessa qoricha aadaa fayyadamuu amantaa isaan hordofan waliin waanti walitti fidu ykn walitti buusu akka hinjirre

hubachuudhaan itti fayyadamuu eegalan. Akkuma duraan ibsamuuf yaalame qorichi aadaa dhukkuboota manni yaalaa fayyisuu hindandeenye irraallee waan fayyisuuf namoonni dhukkuba akkasiin qabaman sun yoo fala biraa barbaadanii dhaban itti gargaaramuu jalqaban. Kun ammoo, faayidaa qorichi aadaa qabu daran olaanaa ta'uu isaa mul'isuurra darbee falaasama hawaasa sanii akka ajaa'ibsiifannu nutaasisa.

### 4.1.12 Meeshaalee Qorichi Aadaa Itti Qophaa'u

Qorichi aadaa yeroo qophaa'u meeshaalee ittiin qophaa'ee kennamu qaba.Shallamaa Gobbuu, (17/09/2011 A.L.I) yaada kana yoo ibsu:

> *Meeshaaleen qorichi aadaa itti qophaa'anii fi ittin kennaman hawaasa keessatti adda bahanii beekamu:killa/ gabatee mukaa ishee xiqqoo,caabii qoricha beelladootaa affeelaman itti affeeluuf,barcuma /teessoo luka sadii dhiqaa daa'immaniitiif, gabatee mukaa guddaa beelladootaa qoricha dhugaman ittii obaasuuf, mooyyee qorichi aadaa itti tumamu, dhagaa daakuu qorichi aadaa itti daakamu,wullee haanquun itti dhugamu, bidiruu horiin QA itti dhugdu, suphee cabaa/qiraacii QA sareef itti kennan, gaanfa horii bowwoo mataa ittiin kooban; burcuqqoo, qaruuraa, malakkaa QA ittiin safaramee kennamudha.*jedhu

Akka yaada armaan oliitti QA meeshaalee itti qophaa'ee kaa'amu, kan itti affeelamu kan ittiin safaramu, kan ittiin obaafamu, kan irratti dhiqatamu, kan ittii tumamuufi kan itti daakamu mataasaa danda'e akka qabu ogeessonni qoricha aadaa ni kaasu.

# BOQONNAA SHAN

## 5. CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

### 5.1 Cuunfaa

Hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee beekumsaafi muuxannoo gonfata. Waantota jiruufi jireenya isaa keessatti carraaqqii yeroo dheeraa booda gonfatu keessaa tokkommoo qoricha aadaati. Haaluma kanaan, kaayyoon qorannoo kanaa inni guddaan qoricha aadaa haala qabatamaa aanaa Jibaat xiinxaluun beeksisuudha. Qabiyyeefi itti fayyadama qoricha aadaa kana keessatti waantota qorichi kun irraa hojjetamanu: maal maalirraa akka qophaa'u, gosa biqilootaa, damma, bishaan, biyyoofi bineensota irraa qophaa'u; qaama biqilootaafi bineensotaa akkasumas dammaa, bishaaniifi biyyoo inni irraa qophaa'u; bifa kamiin qophaa'ee akka faayidaaf oolu; eenyutu akka qopheessu, ofeeggannoo taasifamuu qabuufi waktii, guyyaafi sa'aatii qorichi aadaa itti qophaa'uufi kkf kan xiinxaluudha. Dabalataanis, dhiibbaa babal'achuun manneen yaalaa itti fayyadama qoricha aadaa irratti qaban, qoricha aadaa kunuunsuuf waantota taasifamuu qabaniifi safara qorichi kun ittiin kennamu kan xiinxaludha.

### 5.2 Argannoo

**A.** Qabiyyee qoricha aadaa ilaalchisee ykn waantota qorichi aadaa irraa hojjetamu bakka shanirraa hojjetama.Isaanis: biyyoo, bishaan, damma, biqilootaafi bineensota addaddaati. Biyyoon qorichi irraa hojjetamu: biyyoo tuqaati,biyyoo lafa gabaa; bishaan ammo: bishaan lagaa, bishaaan qaammee, bishaan shimalaati; dammi: damma kanniisaa, damma daamuu, damma bookee, damma boombiiti; biqiloonni isaan irraa hojjetaman bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis: mukkeen gurguddoofi biqiloota xixiqqoodha. Qaama biqilootaa isaan irraa qophaa'uu danda'an ammo: baala, hidda, aannansaa, hapheesaa, mukasaa, quncee, firii/ijaafi kichuu biqilotaa garaagaraati. Keessumaa qorichoonni biqilootarraa qophaa'an akkaataa dhukkubsataan itti fayyadamuu danda'uun haala addaddaatiin qopaa'anii dhihaatu. Bifti isaan ittiin dhihaatan kunis kan dhugaman, butaman, itti naqaman, kan ulataman, kan dibatamaniifi kan ittiin dhiqataman fa'i. Bineensotarraa kan qophaa'anis jiru. Qaamni bineensotaa inni irraa qophaa'u gogaa, lafee, foon, rifeensa, fincaan, dhiiga, bobbaafi kkf fa'i.

**B.** Faayidaa qorichi aadaa kennu bakka gurguddoo torbatti qooduun ilaaluu dandeenya. Faayidaan kunnneen torbanis: dhukkubarraa fayyisuu; galii argamsiisuu; aadaa, duudhaa fi beekumsa hawaasaa calaqqisiisuu; qoricha ammayyaa irraa oomishuuf; dhiyootti argamuu; baasii xiqqeessuufi dhukkubarraa ittisuuf oola. Kanneen keessaas bu'aan dhukkubarraa namaafi beeladoota fayyisuufi qorichi ammayyaa irraa oomishamuu danda'uun isaan bu'uuraati.

**C.** Qorichi aadaa guyyoota itti qophaa'ee dhukkubsataaf kennamu qaba. Guyyoonni kunis: Wiixata, Roobiifi Jimaata. Guyyootuma kanas qorichi qophaa'ee kan kennamu irracaalatti ganama bariidha; darbee darbee guyyaas yeroon kennamu ni jira. Kun kan ta'u, horii fa'aarratti dhukkubni tasaa yoo dhufe guyyaas ni kennama.Waantonni dhidhiibbaan walqabatan ammoo, ganamaafi galgala ta'u. Sababiin galgalli filatamuuf, ciisanii waan boqotaniif akka ta'e raagaan argame ni ibsa. Ganamni kan filatameef, ammoo, namni ganama barii harkaafi afaan buleen ka'ee yoo qopheessee kenne malee tarii otoo hinbeekiin waan cubbu ta'e garagaraa hojjetee yoo qopheesse fayyisuu dhiisuu danda'a. Kun ammoo, nammoonni karaa kallattiinis ta'e karaa alkallattii ta'een hawaasa keessatti waan cubbuu akka hinhojjenne kan barsiisudha.

**D.** Qoricha aadaa qopheessuun barnoota, koorniyaafi umuriidhaan kan nama addaan hinqoonneefi eenyumtillee qopheessuu kan danda'u yoo ta'us, namoonni bilchina yaadaa qaban/dargaggummaarraa jalqabee otoo qopheessanii gaarii akka ta'e firiin qorannoo kanaan argame mul'iseera. Darbees, dubartoonni waantota irraa ofeeggatanii qopheessan tokko tokko irraa ofeeggatanii qopheessuun waan isaan rakkisuuf irra caalaa warra dhiiraatu qopheessa.

**E.** Namni qoricha aadaa qopheessu tokko waantota irraa ofeegee qoricha kana qopheessuu qaba. Isaanis: cubbuu hojjechuufi dubbachuu, akkasumas qunnamtii saalaa raawwatanii bulanii qoricha qopheessuu, fuulaafi harka dhiqachuu, abidda qaqqaammatanii qoricha qopheessuu, nyaatanii qoricha qopheessuu fa'aarraa of eeguu qabu. Kana ta'uu baannaan qorichi kennamu sun taajaajila barbaadame sanaaf hin oolu. Kun ammoo, gama biraatiin waantota cubbuu ta'an kanneen akka: sobuu, hamaa namaa kaasuu, hatuu, mooruufi kkf. hawaasa biratti jibbaman yoo hojjetan hojiin hojjetan tokko akka namaaf hinmilkoofne kan nama hubachiisuufi barsiisudha. Haata'u malee,ofeeggannoon qoricha aadaa funaanuuf

taasifamu biroon kan akka: quunnamtii saalaa,fuulaafi harka dhiqachuun,osoo nyaata hin nyaatiin barii qoricha funaanuun hawaasa biratti jibbamaa osoo hin taane; tuttuqaa adda addaarraa bilisa ta'anii funaanuun achii as dhufaa baramee waan dhufeefidha.

**F.** Qorichi aadaa kan kennamu otoo dhukkubaan hin qabamiin dura ittiin ofirraa ittisuuf ykn ammoo erga dhukkubaan qabamaniin booda dhukkubarraa ittiin fayyuufi. Kaayyoo kana galmaan ga'uufis qorichoonni aadaa keessumattuu warri biqilootarraa qophaa'an guyyaa Wiixataa, Roobiifi Jimaataa qophaa'anii kennamu. Sababni isaas, guyyoonni kun guyyoota qeenxee ta'uu isaanii irraa kan ka'e gargaarsi waaqaa uumama isaa faana waan hinjirreef qorichichi dhukkuba qaama namaa ykn beelladaa miidhaa jiru sana baasa. Garuu, kanneen bineensota irraa qophaa'an akka tasaa waan argamaniif waantota cubbuu ta'an lagatanii yoo qopheessuu danda'aniyyuu qunnamtii saalaa, bishaaniifi nyaata lagatanii qopheessuun rakkisaadha. Akkasumas, guyyaa guutuu kibxata, kamisa, sanbata duraa qophaa'anii kan kennamanis akka jiran raagaan funaaname ni kaa'a. Sababiin isaas guyyaa guutuun guyyaa gara laafessa waan ta'eefi jedhama.

**G.** Babal'achuun manneen yaalaa itti fayyadama qoricha aadaa irratti dhiibbaa geessisan hinqabani. Qorichi aadaa dhukkuboota qorichi ammayyaa fayyisuu hindandeenye tokko tokko fayyisuu nidanda'a jedhamee waan itti amanamuuf, faayidaa inni hawaasa bal'aa keessatti qabu guddaa ta'uusaa qorannoon kun mirkaneesseera.

**H.** Qorichoonni aadaa akka qoricha ammayyaa safara ammayyaawwaa ta'een safaramanii kennamuu yoo baatanis akka aadaatti safara ittiin ilaalamanii kennaman qabu. Safarri isaanii kunis kanneen akka fal'aanaa, qaruuraa, malakkaa, shiiniifi hudduu qulfimarfee/baay'ee xiqqeessaniiti. Safarri kunis umurii, fayyummaa qaamaa waliin ilaalamee kennama. Keessattuu, qorichoonni aadaa dhugamaniifi ijatti naqaman waantota armaan olitti ibsaman kana ilaalcha keessa galchuun kennuu baannaan rakkoo qabaachuu danda'a. Kun ammoo, hubannoon hawaasni qabu akka cimu gochuu keessaa gahee akka qabu mirkanaa'ee jira.

**I.** Qorichi aadaa addunyaa kanarra jiraatee gara fuula duraatti akka hawaasa tajaajiluufi qorichi ammayyaa akka irraa oomishamuuf namoonni qoricha aadaa qopheessan dabarsanii ijoollee isaanii barsiisaa jiru. Kun ammoo, aadaa hawaasaa calaqqisiisuun gamatti qorichoota baasii guddaan alaa galan irraa akka hafuuf daandii saaqa.

Walumaagalatti, faayidaa qorichi aadaa hawaasa kanaaf kennu akka salphaatti kan ilaalamu miti. Qorichi kun karaa kallattiinis ta'e karaa alkallattii ta'ee hawaasa aanaa qorannoon keessatti geggeeffames ta'e hawaasa addunyaa fayyadaa akka jiru hubachuu dandeenya.

## 5.3 Yaboo

Qorichi aadaa hawaasa bal'aadhaaf faayidaa guddaa akka qabu ilaallee jirra.Qoricha faayidaa akkasii qabu kana kunuunsuun ammoo, barbaachisaadha. Kanaafuu, qoricha kana kunuunsanii tursiisuuf:

1. Namoonni qoricha kana hojjetanii dhukkubsataaf kennan akka qorichi kun hin banneefi akka gara fuula duraatti kana caalaa tajaajilu gochuuf biqilootaa, albuudaafi bineensota qorichi kun irraa argamu waraqaan kun aadaafi Tuurizimiidhaa kennamee kana dubbisanii otoo kunuunsanii gaarii ta'a.
2. Namonni qoricha aadaa kana qopheessan bishaan, biyyoo, damma, bineensotaafi biqiloota qorichi kun irraa qophaa'u, akkamitti akka qophaa'u, dhukkuba kam akka fayyisu, yoom akka qophaa'uufi maalirraa ofeeganii qopheessuu akka qaban osoo dabarsanii ijoollee isaaniitti himanii ykn barsiisanii bu'aa gaarii argamsiisuu danda'a.
3. Qorichi aadaa kun akka hinbanneef mootummaanis ta'e waajirri aadaafi tuurizimii,erga waraqaa kana dubbisanii aanichaa dhaabbilee buufata fayyaa waliin walta'anii namoota qoricha kana qopheessan otoo jajjabeessuun deeggersa, leenjii barbaachisaa ta'e taasiseefii bu'aan kana caalu irraa argamuu danda'a.
4. Waantonni qorichi ammayyaa irraa dalagaman waantota qorichi aadaa irraa hojjetamu kana keessa waan jiraachuu danda'aniif mootummaan haala mijeessee waarshaa galchuudhaan otoo hawaasa waliin irratti hojjetee faayidaa olaanaa argamsiisuu danda'a.
5. Qorichi aadaa yemmuu qophaa'ee namoota dhukkubsataniif kennamu ammi barbaachisu (dosage) sirriitti waan hin beekamneef, hawaasni waraqaa kana dubbisee ykn irratti leenjii fudhatee haala ittiin beekamee osoo miidhaa hin finne fudhatamu falli osoo barbaadamee gaariidha.

Walumaagalatti, qorichi aadaa faayidaa guddaa akka qabu ilaallee jirra.Kanaafuu, qoricha kana tursiisuuf kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuufiin gaarii ta'a. Namoonni qoricha kana hojjetanii Kennan gara fuula duraattis akka qorichi kun kana caalaa tajaajilu gochuuf mukkeeniifibiqiloota qorichoonni kunniin irraa qophaa'an dhaabuu, kunuunsuufi akkaataa itti qophaa'aniifi akkataa dhukkubsataan itti fayyadamu ijoollee isaaniitti dabarsanii himuun barbaachisaadha. Akkasumas, waantota qorichi aadaa irraa hojjetaman biroo kunuunsuun walitti qabanii olkaa'uun yeroo

barbaachisutti itti fayyadamuudha. Namoonni qoricha aadaatti fayyadamanis gama isaaniitiin faayidaa qoricha kanaa hubatanii namoonni duraan itti hin fayyadamnellee yoo jiraatan barsiisuufi beeksisuun hubannoo uumuu qabu.Waajjirri Aadaafi Tuurizimii ykn waajirri fayyaa beektota qoricha aadaa kana waldaan gurmeessee tajaajila hawaasaaf kennan kana akka cimsan taasisuu qabu.Qorannoon kunis isaan bira gahee hubannoon irraa argame hawaasa akka qaqqabu taasisuu qabu.

## Wabiilee


Abraraw Tesfaye.(1998). *Traditional Medicine in Urban Center: Beliefs and Practices*. Addis Ababa University: Unpblished MA Thesis.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa*. Finfinnee: Far East Trading Plc.

Ahmed Bakir.(1983). "*Practices of Traditional Medicine among the Oromos in Alemeya"*. Addis Ababa University: MA Thesis.

Assefa Balcha.(1992). "*Traditional Medicine in Wallo: Its Nature and History"*. Addis Ababa University: Unpublished MA Thesis.

Belachew Desta.(1984). *Ethiopian Traditional Herbal Drugs*: Potentiality and Appropriate Utilization: International Conference of Ethiopian Studies Proceedings of the Eighth International conference of Ethiopian Studies. Vol.1 (213_341).

Dastaa Dassaalany.(2011).*Bu'ura Fookiloorii***.**Moojula koorsii (Introduction Folklore) jedhu.Kan hin maxxanfamiin.

Dastaa Dassaalanyi .(2013). *Bu'uura Qorannoo* (maxxansa lammataa): Dhaabbata Maxxansaa Boolee: Finfinnee.

Denscombe, M. (2007). *The good research guide for small scale social research project* 3rd *ed*.open university press.

Dorson, R. (1972). *Folklore and folklife; an introduction*. Chicago: The University of Chicago.

Dundes A. (1965). *The Study of folklore*. Berkley: Prentice Hall Inc.

Encarta dictionary .(2009).

Fekadu Fullas. (2001). *Ethiopian Traditional Medicine*: Common Medical Plants in Perispective. Soix City: Padron Press.

Filee Jaallataa. (2016). *Beekumtaa Oromoo I(Oromo Folklore).*Naqamte, Oromiyaa: Mana Maxxansa Raajii: Finfinnee.Finfinnee , Oromiyaa.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). *Folkloristic*: An introduction. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

Goldstein, S. Kenneth .(1974). *A Guide for Field worker, Pinnsylvania*: Gale Research Copany.

Hiikaa Faqqadaa.(2010). *Moojuula Seensa Fookloorii*: Sagantaa Barnoota Fagoo Yuunivarsiitii Jimmaatti Damee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Jimma.(Kan hinmaxxanfamin).

Hinseenee Mokiriyaa. (2010*). Gaachana Kormaa***.**Addis Ababaa: printed by far Eest plc.

James, B. W. (2000). *Efficacy of Traditional Medicine*: Current Theoretical and Methodological Issues. Mennesota: Blackwell Publishing.

John, W. and Sons, I. (2oo2).*Culture and Traditional Medicine*. Minnesota: Oxford university Press.

Kumar, Ranjit. (1999). *Research Methodology, London*: Thousand Oaks Calf.

Macdonald, Donald .(1972).*A Fieldwork*: Collecting Oral Literature. In Richard Dorson(ed).

Mekonnen Abebe .(2013). "*Ethnobotanical Study Of Traditional Medicinal Plants of Gololcha district"*, Bale zone of Oromia region, Ethiopia . Haramaya University. M.Sc. Thesis.

Melakneh Mengistu .(2006).*Fundamentals of literature*.3rd Ed.Addis Ababa.Addis Ababa University press.

Merriam, C. .(1976). *Webster's Third International Dictionary of the English Language*. London, G & C: Merriam Company Publishers.

Mesfin Bogale, Noamesi, B. and Ermias Dagne. (1991). *Chemical and Pharmacological Studies of Marketed Traditional Drugs*. Addis Ababa: Mega Printing Press.

Michael, G. (1964). *With Doctor*. Harvill: Geat Britain.

Misgaanuu Gulummaa Irranaa. (2011). Dilbii: *Bu'uura Afoolaa, Ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo*.

Oring, E. (1986). *Folk group and folklore genres.* An introduction logan utaha: utaha University Press.

Pankhurst,R.(1965). "*An Historical Examination of Traditional Ethiopian MedicineangSurgery*." Ethiopian Medical Journal, Vol.3, No.4

Rabbirra Tarrafa.(2003) . *Haala Itti Fayyadama Qoricha Aadaa Biqilootarraa Dalagamanii Godina Horro Guduruu Wallaggaa Aanaa Abbayyii Coommanitti.*Yuunivarsiitii Wallaggaa.Qorannoo digirii jalqabaa.

Richard, B. (1995). *The Anthropology of Medicine in a Culture*. New York: Shanti Fall.

Sofowara, A. (1982). *Medicinal Plants and Traditional Plants in Africa*.Nigeria, University Of Life.

Teshome Dura. (2005). "*Comparative Study of Traditional Medicine and Modern Medical Practices among Waliso Oromo of Eastern Mecha*". Addis Ababa University: Unpublished MA Thesis.

Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Jibaat .(2005). *Gumbii Aadaafi Seenaa Oromoo Aanaa Jibaat*: Jibaat, Shanan. (kan hinmaxxanfamin)

Waajjira Bulchiinsa Aanaa Jibaat .(2001). *Karooraafi Sagantaa Waajjira Bulchiinsa Aanaa Jibaat:* Jibaat, Shanan. (kan hin maxxanfamiin).

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo. (2006). *Daaniyaa*. Finfinnee Oromiyaa: Wiirtuu WBNO, KH

Watson, H. (1984). *Black Folk Medicine.* New Brunswick: New Jersey.

World Health Organization. (1983). *Traditional Medicine and Health Care Corerage. England:* Macmillan.

____________. (1976). *African Folk Medicine*: Afro Technical Report Series. Brazzaville: WHO Regional Office for Africa.

**ፈቃደ አዘዘ፡፡**(1991)፡፡የስነቃልመምሪያ፤አዲስአበባ፡፡

ሰሎሞን ተሾመ::(2007*:: ፎክሎሪምንነቱናየጥናቱየትኩረትአቅጣጫ.* Printed By Far East Trading PLC.

http:// en.Wikipedia.org/Wiki/Folk-medicine.(2012). Indiana polis: Indiana University Press.too

https://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-44249361

https://en.wikipedia.org/wiki/Traditional_medicine

https://nccih.nih.gov/health/whatiscam/chinesemed.htm#hed2

https://www.afro.who.int/sites/default/files/2017-06/ahm-special-issue-14

https://www.bbc.com/afaanoromoo/oduu-44249361

https://www.ncbi.nlm.nih.gov/pmc/articles/PMC2206239/

# DABALEE

**YUUNIVARSIITII FIአNFINNEE**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

## DABALEE A

## A.Af-gaaffii

1. Uummanni yeroo ammaa Qoricha aadaa ni fayyadamaa?
2. Qorichi aadaa kun maal maalirraa hojjetamaa? Akkamitti qophaa’a? Maaliin safaramee kennamaa?
3. Qorichi aadaa yoom yoom qophaa’aa? Sa’aatii: ganama, guyyaa, galgala; guyyoota: guyyaa guutuu, guyyaa hir’uu; waktiilee: Ganna, Birraa, Bona Arfaasaa sababa isaa waliin kaa’aa.
4. Qorichi aadaa Yeroo qophaa’u ofeeggannoon taasifamu maalii? Guyyaa meeqaaf kennamaa?
5. Erga qoricha aadaa fudhatanii waantonni taasifamuu qaban maalii?
6. Qoricha aadaa dhiibbaa qabaa? Yoo dhiibbaa qaba ta’e akkamitti hambisuun danda’amaa?
7. Qoricha aadaa qopheessuun saala gaafataa?
8. Qoricha aadaa qopheessuun umurii gaafataa?
9. Yeroo ammaa namoonni qoricha aadaa amananii fudhatuu?
10. Gara fuulduraatti qorichi aadaa maal akka ta’u barbaadduu?

**B. Marii garee**

1. Hawaasa aanaa kanaatiif qorichi aadaa faayidaa akkamii kennaa jiraa?
2. Namoonni qoricha aadaa qopheessanis ta'e kanneen itti fayyadaman faayidaa qoricha kanaa akkamitti ilaalu?
3. Namoonni qoricha aadaa qopheessanii dhukkubsataaf kennan namoota akkamiiti? (ijoollee, dargaggeessa, ga'eessa, jaarsa, jaartii, nama barate,kan hin baranne)
4. Qorichi aadaa maalirraa hojjetama? gosa adda addaatu walitti dhufamoo,biqiltuudhuma tokkorraa hojjetamaa?
5. Qorichoonni kunneen akkamitti qophaa'anii kennamu?
6. Qorichi aadaa yeroo kennamu miidhaa akkamii geessisuu danda'a?
7. Manneen yaalaa ammayyaa babal'achaa dhufuun isaanii itti fayyadama qoricha aadaa irratti dhiibbaa geessise qabaa?
8. Qorichi aadaa kennamuuf yeroo akkamii qophaa'a?
9. Hawaasni qoricha kana Itti fufiinsaan akka fayyadamu taasisuuf maaltu taasifamuu qaba jettanii yaaddu?

## C. Daawwannaa

1. QA maalirraa akka hojjetamu adda baasuu.
2. QA akkamitti akka hojjetamu adda baasuu.
3. QA sa'aatii akkamii akka hojjetamu /qophaa'u mirkaneeffachuu.
4. QA biqilootaafi bineensotarraa hojjetaman adda baafachuu.
5. QA biqilootaafi bineensotarraa hojjetaman kamirraa akka hojjetaman beekuudha.
    a. Biqilootarraa: hiddaqola, baala, aannansaa, mukasaa adda adda baafachuu.
    b. Bineensotarraa: fincaan, lafee, gogaa, foon, nyaarafi kkf.adda baafachuu.
6. QA yeroo qopheessan akkaataa isaan itti walitti qaban.

**D. Afgaaffii fi marii garee namoota dhukkubsatanii qoricha aadaatiin fayyanii.**

1. QA fayyadamtanii beektuu?  Maaliif fayyadamtan?
2. QA yeroo akkamii fayyadamtanii?
3. Akkaataan QA itti fudhattan isinitti himamee qajeelfamumasaatiin fudhattanii?
4. Erga QA fudhattanii jijjiirama fayyummaa argitaniittuu?
5. QA gara fuulduraatti maal akka ta'u barbaadduu?

## DABALE B

# Suuraalee



Suuraa 1 : Yeroo Irreechi Arfaasaa Aanaa Jibaat Tulluu Jibaat irratti gaggeeffamu kanneen haadha siiqqeetiin durfaman Ebla 27/2011 kaafame agarsiisu.Coqorsi haati siiqqee baattee jirtullee QAti.



Suura 2 : Yeroo Irreechi Arfaasaa Aanaa Jibaat Tulluu Jibaat irratti gaggeeffamu Ebla 27/2011 kaafame agarsiisu.Coqorsi,alangaafi siiqqeen QA Oromooti.





Suura 3 : Yeroo Irreechi Arfaasaa Aanaa Jibaat Tulluu Jibaat irratti gaggeeffamu qorataan Ebla 27/2011 kaafame agarsiisu. Eebbi Oromoo QAti.



Suuraa 4: Ganda Shanan 01tti Obbo Taaddasaa Booraa, (05/09/2011) akkamitti qorichi aadaa akka walitti guuramee hojjetamuufi fudhatamu yeroo natti himanu.



Suuraalee 5: Ganda Maaruu Jibaatiifi Maaruu Kombolchoo 18/08/2011fi 03/09/2011 Biqilootaafi bineensota qorichummaaf oolan:baargamoo, boombii gammoojjii, bakkanniisa, gororsaa, yaatuu sinbiraa, bal'oo, bosoqqee fa'aadha.



Suuraalee 6: Ganda Maaruu Gombootti 10/09/2011 Biqiloota qorichummaaf oolan, qorichahadhaa, asaangira, xibbiree, gubduu, abashurree, dhummuugaa, saammee fa’aadha.



Suuraalee 7: M/gomboo, M/Jibaat, Shanan 01, taltalleefi Beerree 10/09/2011, 12/09/2011, 17/09/2011 Biqiloota qorichummaaf oolan: yeroo, qomonyoo, hiddii adii, qobboo, qoricha bofaa kan maqaansaa hin beekamne.



Suuraalee 8: Namoota dhukkubsatanii qoricha aadaa fudhatanii fayyan obbo Amaaree Marrid, obbo Tirfeessaa Birraatuu, Galaanaa Beeksisaa fa'aa, 16/11/2011 afgaaffiifi mariin garee taasifameef.



Suuraalee 9: Ganda Maaruu Jibaat 16/11/2011 Biqiloota qorichummaaf oolan:aannannoo, bosoqa, caraanaa, ceekaa, dhummuugaa ani kaase.

# **Dabalee** C

## Odeef -Kennitoota Afgaaffii

| T/L | Maqaa odeef kennitoota | saala | ganda | umurii | Sadarkaa barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Biraanuu Maammoo | dhi | m/jibaat | 50 | 9ffaa | Q/bulaa |
| 2 | Toleeraa Iyyeettaa | dhi | m/kombolchoo | 89 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 3 | Hayiluu Tuujjessaa | dhi | Shanan 01 | 67 | 5ffaa | Q/bulaa |
| 4 | Shoogoo Sirnaa | dhi | m/jibaat | 77 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 5 | Taliilee Sirnaa | dha | m/jibaat | 80 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 6 | Tsahaayi Nugusee | dha | Shanan 01 | 79 | Hin baranne | jiraattuu |
| 7 | Taaddasaa Booraa | dhi | Shanan 01 | 78 | 9ffaa | Q/bulaa |
| 8 | Dheeressaa Mirkanaa | dhi | m/abbayyi | 65 | 4ffaa | Q/bulaa |
| 9 | Xilaahun Tasfaa | dhi | m/jibaat | 75 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 10 | Goshuu Iddoo | dhi | m/gomboo | 70 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 11 | Mokonniin Iddoo | dhi | m/gomboo | 78 | Bu'uura bar | Q/bulaa |
| 12 | Shittoo Dhaabaa | dha | m/gomboo | 58 | 5ffaa | Q/bulaa |
| 13 | Indaalaa Guuttataa | dhi | Shanan 01 | 55 | Digirii jal. | H/mootummaa |
| 14 | Bungulii Daandanaa | dhi | T/jibaat | 47 | 8ffaa | H/mootummaa |
| 15 | Lammeessaa Nagaasaa | dhi | Shanan 01 | 59 | Digirii jal. | H/mootummaa |
| 16 | Taarikuu Baqqalaa | dhi | m/gajjaa | 40 | 2ffaa | Q/bulaa |
| 17 | Birqee Gaaddisaa | dha | Shanan 01 | 60 | Hin baranne | Jiraattuu |
| 18 | Shallamaa Gobbuu | dhi | Taltalleefi beerree | 66 | Bu'uura barnootaa | Q/bulaa |
| 19 | Gaaddisee Raggaasaa | dha | Taltalleefi beerree | 60 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 20 | Alamii Araarsoo Faaree | dha | Taltalleefi beerree | 106 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 21 | Katamaa Geetaahun | dhi | Taltalleefi berr. | 47 | 6ffaa | Q/bulaa |
| 22 | Geetaahun Mokonnin | dh | Sha man 01 | 62 | 11ffaa | h/mootummaa |

## Dabalee D
## Odeef -Kennitoota Marii Garee

| T/L | Maqaa odeef | saala | ganda | umurii | Sadarkaa barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **1** | Shallamaa Gobbuu | dhi | Taltalleefi beerree | 66 | Bu'uura barnootaa | Q/bulaa |
| 2 | Gaaddisee Raggaasaa | dha | Taltalleefi beerree | 60 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **3** | Alamii Araarsoo | dha | Taltalleefi beerree | 106 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **4** | Katamaa Geetaahun | dhi | Taltalleefi berr. | 47 | 6ffaa | Q/bulaa |
| **5** | Biraanuu Maammoo | dhi | m/jibaat | 50 | 9ffaa | Q/bulaa |
| **6** | Toleeraa Iyyeettaa | dhi | m/kombolchoo | 89 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **7** | Hayiluu Tuujjessaa | dhi | Shanan 01 | 67 | 5ffaa | Q/bulaa |
| **8** | Shoogoo Sirnaa | dhi | m/jibaat | 77 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **9** | Taliilee Sirnaa | dha | m/jibaat | 80 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **10** | Goshuu Iddoo | dhi | m/gomboo | 70 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **11** | Mokonniin Iddoo | dhi | m/gomboo | 78 | Bu'uura bar | Q/bulaa |

**Dabalee E**
**Odeef- Kennitoota Daawwannaa**

| T/L | Maqaa odeefkennitootaa | saala | ganda | umurii | Sadarkaa barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| **1** | Taliilee Sirnaa | dha | m/jibaat | 80 | Hin baranne | Q/bulaa |
| 2 | Tsahaayi Nugusee | dha | Shanan 01 | 79 | Hin baranne | jiraattuu |
| **3** | Biraanuu Maammoo | dhi | m/jibaat | 50 | 9ffaa | Q/bulaa |
| **4** | Toleeraa Iyyeettaa | dhi | m/kombolchoo | 89 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **5** | Hayiluu Tuujjessaa | dhi | Shanan 01 | 67 | 5ffaa | Q/bulaa |
| **6** | Shoogoo Sirnaa | dhi | m/jibaat | 77 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **7** | Taaddasaa Booraa | dhi | Shanan 01 | 78 | 9ffaa | Q/bulaa |
| **8** | Dheeressaa Mirkanaa | dhi | m/abbayyi | 65 | 4ffaa | Q/bulaa |
| **9** | Xilaahun Tasfaa | dhi | m/jibaat | 75 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **10** | Goshuu Iddoo | dhi | m/gomboo | 70 | Hin baranne | Q/bulaa |
| **11** | Mokonniin Iddoo | dhi | m/gomboo | 78 | Bu’uura bar | Q/bulaa |
| **12** | Taarikuu Baqqalaa | dhi | m/gajjaa | 40 | 2ffaa | Q/bulaa |

# Dabalee F

## Odeef kennitoota qoricha aadaa fayyadamanii beekan Af-gaaffiifi marii garee

| T/L | Maqaa odeefkennitootaa | saala | ganda | umurii | Sadarkaa barnootaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Amaaree Marrid | dhi | m/jibaat | 44 | 8ffaa | q/bulaa |
| 2 | Tirfeessaa Birraatuu | dhi | m/jibaat | 52 | Hin qabu | q/bulaa |
| 3 | Galaanaa Beeksisaa | dhi | m/jibaat | 40 | Hin qabu | q/bulaa |

Gabateen armaa olii hundi odeef-kennitoota ibsa.Innis,odeef-kennitoota:af-gaaffii, marii garee, daawwannaa, kanneen qoricha beekaniifi af-gaaffiifi marii marii garee kanneen dhukkubsatanii qoricha fudhatanii fayyanii.

**Namoota QA beekan**
**Af-gaaffii**

| dhiira | dhalaa | Walii gala |
|---|---|---|
| 16 | 6 | 22 |

**Namoota QA beekan**
**Marii garee**

| dhiira | dhalaa | Walii gala |
|---|---|---|
| 8 | 3 | 11 |

**Namoota QA beekan**
**Daawwannaa**

| dhiira | dhalaa | Walii gala |
|---|---|---|
| 10 | 2 | 12 |

**Namoota QA Fayyadamanii Fayyan**
**Af-Gaaffii Fi Marii Garee**

| dhiira | dhalaa | Walii gala |
|---|---|---|
| 3 | - | 3 |
| | | |

# DABALEE G

## Qorichoota aadaa fi dhukkuboota isaan

| T/L | Maqaa biqiloota,bineensotaafi albuuda qorichummaaf oolanii | Qaama qorichummaaf tajaajilu | dhukkuba inni fayyisu nama/horii | Akkaataa hojiisaa | Akkaataa itti fayyadamasaa |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Andoodee | Baalaafi ijasaa | Dhukkuba saree maraattee | Ceekaa wajjin tumanii aannan ho'aadhaan maku | Barii yeroo qabbanaa dhugu |
| 2 | Ancabbii,xuuxaa,kaasee,bakkanniisa ,qomonyoo,olumaayii,bosoqa,hoomi i,qoree sinbiraa ,insilaalee | Baalasaanii | michii | sukkuumanii | Afaan buleen dhugu,ni dibatu |
| 3 | Shunkurtii waraabessaa,fooniifi dhiiga hantuutaa | Hundeesaa | shootalaayii | Tumanii itti hidhu | Yeroo fedhe |
| 4 | Hidda fiitii | Baalasaa | Qoonqoo bu'e | sukkuumamanii | Ganama kennama |
| 5 | Jawwee, lafee namaa,dhadhaa horii haadhaaf ilmoon wal fakkaattu, smbirbaala, gaanfa gadamsaa | Moorasaa ,lafee gubuun,ijasaa | naqarsa | Jirbiin maranii keessa kaa'u,ittiin tuqu | ganama |
| 6 | Xaddee | Foon | Qufaa horii | Tumanii affeelu | Ganama obaasu |
| 7 | Bosonuu | Foon | gifiraaf | Affeelanii obaasu | Galgala obaasu |
| 8 | Fincaan horii | Fincaan | foroforii | Ittiin dhiqatu | ganama |
| 9 | Caraanaa,ciraakkota,soogidda,gijimb ila,feecoo,qullubbii | Hundeesaanii fi ijasaa | Ciniinnaa horii | Tumanii obaasu | Yeroo dhukkubu |
| 10 | Biyyoo tuqaa,coqorsa,laaftoo | Biyyoo,baalasaa | Bofa nama argeef | Itti dibu | Yeroo irratti argan |
| 11 | Bishaan uka shimalaa | Bishaan | Malaa gurraa | Itti naqu | ganama |
| 12 | Saammaa | Baalasaa | funuunaaf | Itti cuunfu | ganama |
| 13 | Damma daamuu,damma bookee, | Nadhiisaa | Aasmii | Nidhugu | ganama |
| 14 | Warqee biduu, ludata, qorfa (dil'uu sabbata waaqaa), qola adaamii, xaafii daabii | Ammichoosaa ,baalasaa,baalasaa,h undeesaa | Sabbata waaqaa/biduu | Nyaatanii irra rafu,ni obaasu | Galgala,ganama |
| 15 | Illeettii | gogaa | Madaa abiddaa | Ittiin tuqu | Yeroo fedhe |
| 16 | Dhadhaa samaa ,qullubbii adii,duuba hoolaa | Dhadhaafi hundee qullubbii | Busaa/sekkeeroo | dhuguu | gaanama |
| 17 | Haanquu | ijasaa | Raammoo minnii/koosoo | dhuguu | ganama |
| 18 | Qola hoomii | foonsaa | Madaa cimaa | Itti hidhu | Sa'a fedhe |
| 19 | Soolee diimaa,baargamoo | baalasaa | Dhukkuba ilkaanii | Irra kaa'u | galgala |
| 20 | Baaqilaa | baalasaa | Dhukkuba ijaa | Cuunfanii itti naqu | ganama |
| 21 | Qomonyoo | ijasaa | Hooqxoo/sibijii | Tumanii itti hidhu | ganama |
| 22 | Kottee harree | baalasaa | sarariitii | Tumanii itti naqu | ganama |
| 23 | Damma daamuu | nadhiisaa | Maalaa dubartii | dhuguu | ganama |
| 24 | F incaan re'ee | fincaan | Cittoo | Ittiin dhiqachuu | ganama |
| 25 | Gubduu,yaatuu simbiraa, | baalasaa | arraabdoo | Itti huidhu | ganama |
| 26 | Baala gowwaa/habbuuqaa/<br>Dil'uu lafaa | baalasaa | hadhaa | Sukkuumanii itti hidhu | ganama |
| 27 | Jajjuu,funyoo namni ittiin of hudhe | Qeensashii,haada | gaggabdoo | Itti hidhu | galgala |
| 28 | Dhiiga gogorrii,dhiiga weennii | dhiiga | kintaarotii | Itti hidhu | ganama |
| 29 | Ilkaan arbaa,ilkaan gadamsaa,moora jawwee | Ilkaan,hucuba | hucuba | Ittin tuqu | Ganama galgala |
| 30 | Diddiksaa | qunceesaa | qabbana | Mataatti hidhu | Sa'a fedhe |
| 31 | anfaara | | Dhukkuba ija horiitiif | Itti naqu | ganama |
| 32 | Feecoo,caraanaa | Ijasaa,hundeesaa | Bokoka horii | Tumanii obaasu | ganama |
| 33 | Argiisa, | Keessoo qolasaa | Gateettii sangaa qunca'e | Itti dibu | ganama |
| 34 | xoqonuu | hiddasaa | Garagsa ijoollee go | Tumanii obaasu | ganama |
| 35 | | | | Sukkuumanii itti hidhu | ganama |
| 36 | Eebbaa maaracaa | baalasaa | Madaa qaama namaatti yaa'uuf | Sukkuumanii itti naqu | Sa'aatii hin qabu |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 37 | Lafee fardaa | lafeesaa | Madaa gammoojjii | Tumanii itti dibu | Ganamaa galgala |
| 38 | Gubduu,xibbiree | baalasaanii | simbira | Sukkuumanii itti hidhu | ganama |
| 39 | Qola hoomii ,kichuu geeshoo, daraaraa baalagabbisii/gutichee, gijimbila, gororsaa | Baalaafi hundeesaa | Huuba Qoonqoo | Sukkuumanii itti qicu | ganama |
| 40 | Bosoqqee, tamboo, soogidda, buna, qaqaa manaa, udaan hantuutaa, firiigarbuu | Baala,guroo,ijasaa | Hudhaa horii | Walitti makanii keessa kaa'u | Sa'aatii hin qabu |
| 41 | Abashurree,qobboo | hiddasaa | Gubaa horii | Tumanii obaasu | ganama |
| 42 | Doobbii,liitii,laanqisaa,abashurree,bakkanniisa,andoodee | Hidda,baala,kichuu | Gogsaa garaa horii | Tumanii obaasu | ganama |
| 43 | Hidda adii,kosorruu | hiddasaanii | Ija horii | Tumanii itti naqu | ganama |
| 44 | Loomii harree,mooriingaa,digaluu dhummuugaa | Hiddasaa,baalasaa | Kormammuu harree | Ibiddatti ho'isanii | ganama |
| 45 | Muka baallammii | mukasaa | Qaama dhiiraa ka'uu dide/ciise | Rigaasaa rigatu | Yeroo rakkoo kun quunname |
| 46 | Argiisa,kalaalaa | Foonsaa,baalasaa | shootalaayii | Itti hidhu | ganama |
| 47 | Handoodee kormaa,qobboo,yeroo,bakkanniisa,muka uruu, hadhooftuu karkarroo, qullubbii adii | Hiddasaa,qolasaa | Dhukkba dhiiraa/cophxoo | Tumanii bishaansaa dhugu | ganama |
| 48 | Asaangira | baalasaa | Gurra cufameef | Sukkuumanii bishaansaa itti naqu | ganama |
| 49 | kusaayee | baalasaa | robbii | Ittiin sukkuumu | ganama |
| 50 | Qomonyoo,qullubbii adii,sariitii,cilaakkota,marga urgaa'aa,hidda booloo,loomii harree,nyaara waraabessaa | Hiddasaaniifi baalasaanii | Budaa | Tumanii aarsu | Yeroo hin qabu |
| 51 | Boombii gammoojjii,ceekaa,handoodee,sariitii,hiddii waraabessaa,abashurree,bosoqa,laanqisaa,qobboo,caraanaa,bakkanniisa,dhummuugaa,bosoqqee,loomii harree,kal'aa,ciraakkota,qullubbiihiddii adii,abashurree, faca'aa,qullubbii waraabessaa,qomonyoo,ansoosillaa, | Hidda,baala fiqolasaanii | Saree maraatteen horii ciniinamte | Tumanii obaasu | ganama |
| 52 | Geeshoo ,bakkanniisa, asaangira, digaluu, masarata,raafuu qoqossee, qomonyoo, qullubbii, tuultii | Baalaafi hundee | Dhiqaa ijoollee | Tumanii ittiin dhiqu | Yeroo aduun bahu |
| 53 | Hadhooftuu booyyee | Dhangal'aasaa | culluxxee | Ni obaasu | ganama |
| 54 | Hadhooftuu waraabessaa | Dhangal'aasaa | gaggabdoo | Ni obaasu | ganama |
| 55 | Gursummaa ,qorxobbii,harmaguusaa,bakkanniisa | baalasaa | madaa | Sukkuumanii itti hidhu | Yeroo hunda |
| 56 | Missira duudaa | ijasaa | sarariitii | Alkfatanii itti tufu | ganama |
| 57 | Xoqonuu | baalasaa | baarillee | Sukkuumanii itti hidhu | ganama |
| 58 | Manjii/ija asaangiraa | ijasaa | ilkaan | Daakanii irra kaa'u | galgala |
| 59 | Cadaa ,adaamii,allooyyee | aannannoosaa | kintaarotii | Itti dibu | Galgalaa ganama |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 60 | Saammaa | baalaasaa | funuuna | Itti cuunfu | ganama |
| 61 | Biqilaa garbuu,baala asaangiraa | baala | Sorrojjaa'uu mataa | Tumanii itti hidhu | Sa'aatii hin qabu |
| 62 | kalaalaa | hiddasaa | Simbira horii | Tumanii obaasu | ganama |
| 63 | Botoroo, ancabbii, daamaakasee, qana'ee, yaatuu | Baalasaa, hiddasaa | Arraabdoo,sibijjii | Fal'aanaan obaasu | ganama |
| 64 | Eebicha, kosorruu, | hiddasaa | ilkaan | Ni ciniinu | galgala |
| 65 | Koobaa mataa | Gaanfa horii | bowwoo | koobuu | galgala |
| 66 | koobaa | burcuqqoo | Dugda kutaa,waraansa hoffaa, ceekuu, mo'oo eegee, qara laphee,caba cinaachaa | koobuu | galgala |
| 67 | Sukkuummaa | harkaan | Caba,buqqa'a:qixxeetti,sayyaafa,kan gadi bahe,caba dannoo | Nisukkuumanii hidhu | galgala |